# QAACCESSA QABIYYEE AFWALALOO NAMOOTA BEBBEEKAMOO AANAA JIMMAA ARJOO

**QORATAAN: MANGISTUU ASHABBIR HORDOFAA**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUU ITTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE YUUNIVERSIITII JIMMAATTI KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUUMAANIITII MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIF DHIYAATE**

**FULBAANA, 2014/2021/**

**JIMMAA, OROMIYAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUU ITTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA’EE YUUNIVERSIITII JIMMAATTI KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUUMAANIITII MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIF DHIYAATE**

# QAACCESSA AFWALALOO NAMOOTA BEBBEEKAMOO AANAA JIMMAA ARJOO

**QORATAAN: MANGISTUU ASHABBIR HORDOFAA**

**GORSAA DURSAA: TAAYYEE GUDDATAA (PHD)**

**GORSITUU AANTEE: IRISTEE AKKAWAAQ (MA)**

**FULBAANA, 2014/2021/**

**JIMMAA, OROMIYAA**

**Yunvarsiitii Jimmaatti Dhaabbata Qorannoo Digirii Eebbaan Boodaa**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii eebbaan boodaa Afaan Oromoofi Ogbarruu ittiin barsiisuu guuttachuuf Mangistuu Ashabbir Hordofaatiin Mata duree, 'Qaaccessa Qabiyyee Afwalaloo Namoota Bebbeekamoo Oromoo Godina Wallagga Bahaa Aanaa Jimmaa Arjoo' jedhurratti qophaa'e adeemsa qorannoof barbaachisu keessa darbuun sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitichi kaa'e guuteera.

**Qaama Mirkaneesse**

Gorsaa/tuu dursaa ___________________________Mallattoo _________ Guyyaa _______

Gorsaa/tuu Aantee ___________________________ Mallattoo _________ Guyyaa _______

**Koree Qormaataa**

Qoraa/tuu keessaa,

Maqaa: ___________________________ Mallattoo ________ Guyyaa _______

Qoraa/tuu alaa,

Maqaa: ______________________________Mallattoo ________ Guyyaa ________

______________________________________________________________________

Itti gaafatamaa muummee yookaan walitti qabaa sagantaa digirii eebbaan boodaa (MA)

**Waraqaa Mirkaneeffaannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon kiyyaa armaan gaditti caqasame, qorannoon kun qorannoo koo ta'uu isaafi kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hin dhiyaanne ta'uusaa akkasumas, qorannoo kanaaf wabiileen dubbise akkaataa seera qabeessa ta'een fudhachuudhaan wabii keessatti itti fayyadamuu koo nan mirkaneessa.

Maqaa ____________________________

Mallattoo ____________

Guyyaa ______________

# GALATA

Hundumaa dursee isa nagargaaree fayyaaf nagaa naaf laatee; barnoota kana baradhee hojii qorannoo kanas akkan hojjedhee xumuruuf nawajjin ta'e Waaqayyo guddaaf galanni haa ta'u. Itti aansuudhaan, beekumsa isaanii osoo hin qusatin yeroo kamittiyyuu nuffii tokko malee yaadaaf gaaffiin isaan gaafadhuuf tumsa ogummaa naaf laachuudhaan deggersi isaanii hamma dhumaatti kan narraa addaan hin baane gorsitoota koo kan ta'an: Taayyee Guddataa (PhD) fi B/stuu Eristee Akkawaaqiif galatni koo guddaadha. Ammayyuu umurii dheeradhaa. Akkasumas, yeroon baradhutti deeggersa keetiin nafaana dhaabbachaa kan turte haadha Warraakoo Barsiistuu Bashaatuu Gammachuu oolmaa guddaa nabiraa qabda kanaaf sin jaalladha. Daa'ima koo 'Keeyeroon' qorannoo kanaaf jecha dhandhama jaalala abbummaa sirraa hir'isee yeroo kee si jalaa qooddadheef naaf guddadhu.

Dhuma irratti, Abbootii Gadaa, Jaarsolii biyyaa odeeffannoo naaf kennitan mara; Waajjira Aadaaf Tuuriziimii Aanaa Jimmaa Arjoofi hojjetoota waajjirichaa hundaa; Waajjira Bulchiinsaa Aanaa Jimmaa Arjoo; Mana Barumsaa Arjoo Sadarkaa tokkoffaa; Mana Barumsaa Arjoo Sad. $2^{ffaa}$; Barsiisotaafi hiriyoota koo mara hojii qorannoo kana keessatti deeggersa yaadaafi meeshaalee addaa addaa naaf taasistaniif galanni koo guddaadha. Keessumaa Barsiisaa: Addisuu Caalii, Dessaaleny Eebbaa, Faantahuun Alamuu, Fiqiruu Haayiluufi kanneen biroonis yaadni keessaniif deeggersi keessan olaanaadha ulfaadhaa.

Yaadannoon isaa harmee koo anaan guddistee oolmaan kee danuun anarratti hafe Boggaalech Haayilee Nagawoof naaf haa ta'u.

# AXEREERAA

*Qorannichi kan geggeeffame, 'Qaaccessa Qabiyyee Afwalaloo Namoota Bebbeekamoo Aanaa Jimmaa Arjoo' irrattiidha. Ka'umsi isaas, afwalaloowwan namoota bebbeekamoo aanicha keessatti beekamoo ta'an carraa qorannoo dhabuun beekumsa afaaniitiin daddarbaa ture irraanfatamaa waanjiruuf gara barreeffamaatti jijjiiruun beeksisuufi jajjabeessuun dhaloota dhufuuf ittifufiinsa akka qabaatu taasisuudha. Kaayyooleen qorannichaas; Afwalaloowwan namoota beekamoo turan maal maaliin akka beekaman walitti qabuun addeessuu. Yaadxinni qorannoo kun irratti hundaa'ee hojjetame, yaadxina seenaa deebisanii ijaaruufi yaadxina faayidaalessummaati. Malli qorannichaa, iddatteessuu miti-carraati. Malli iddatteessuu kaayyeffataafi eerumsaa mala odeefkennitootni ittiin filatamaniidha. Isaanis, jaarsolii biyyaafi hojjettoota waajjira Aadaaf Tuuriziimii Aanaa Jimmaa Arjoo keessaa mala iddatteessuu kaayyeffataafi darbaa dabarsaan kan filatamaniidha. Ragaas madda odeeffannoo jalqabaafi lammaffaa irraa funaannateera. Isaanis, mala afgaaffii; marii gareefi galmeelee sakatta'uun walitti qabateera. Odeeffannoos mala qulqulleeffataatti gargaaramee ibsuun akkaataa kaayyoo gooreetiin qaaccesseera. Wantootni qaacceffamanis; Afwalaloowwan namoota bebbeekamoo fi kanneen isaan wajjin walitti dhufeenya qabaniiti. Argannoon qorannoo kanaas; Afwalaloowwan namoota bebbeekamoo Aanaa Jimmaa Arjoo keessa jiranii hubatameera. Walumaa galatti, argannoo qorannichaa irratti hundaa'uudhaan, Waajjirri Aadaaf Tuuriziimii aanichaa baajeta qabachuudhaan afwalaloo namoota bebbeekamoo ta'anii irratti qorannoo bal'aa taasisee osoo maxxansiisee filatamaadha .*

## JIBSOO

Jechootni armaan gaditti ibsaman qorannoo kana keessatti haala galumsaafi akkaataa Aanaa Jimmaa Arjoo keessatti hawaasni kallattii addaa addaan hiika itti kennuun qorannicha keessaa funaanamuun hiika jechootaa kennamaniidha.

Hudumamaa- wanta iddoo tokkotti kuufame (cunqaa'aa akka jechuuti) beekumsa durii kaasee tureedha.

Caffee (babal'ii) - biqilaa laga yookiin naannoo bishaaniitti biqilu kan mana yookiin godoo ittiin ijaaruuf oolu. 'Babal'iin of jala bishaan yaastee kan ormaa ijaaruu dhaqxi.'

Gaadii – meeshaa wayiita sa'a elman sa'a elmamuu didde ittiin gaadi'an yookiin hidhaniidha.

Okolee – meeshaa migirarraa hojjetamu ta'ee, kan sa'i itti elmamtuudha.

Heexoo – muka heexoo irraa firiin/sanyiin/ isaa ciramee kan moototaaf daakamuun bulbulamee dhugamuudha. Dhibee garaa keessaaf kan gargaaruu yookiin daawaadha.

Walaannaa –Qaamota yookiin garee bulchiinsa sirna Gadaa keessatti baallii itti aanu fudhachuuf qophaa'aniidha. Wal harkaa fuuchuu yookiin walitti kennuu.

Koyinoo – Jala adeemtota warra biyya bituuf deemanii (basaastota)

Nafxanyaa – Qaama yookiin garee meeshaa waraanaa (qawwee) qabatee qabeenya namaa humnaan kansaa taassifachuuf socho'uudha

Irroo – Faayaa harkatti godhatan

Kaayaa – Kuusaa yookiin bakka waa kaa'atan

Kuukkii – Dhibee yookiin dhukkuba yookiin haaloo yeroo dheeraaf nama keessa ture.

**BAAFATA**

**Qabiyyee** **Fuula**

galata....................................................................................................................i

Axereeraa................................................................................................................ii

Jibsoo.....................................................................................................................iii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA................................................................................... 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa..........................................................................1
1.2. Ka’umsa Qorannichaa..............................................................................4
1.3. Kaayyoo Qorannichaa..............................................................................5
1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa.......................................................... 6
1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa...........................................................6
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa...................................................................6
1.5. Daangaa Qorannichaa.................................................................................... 7
1.6. Hanqina Qorannichaa...................................................................................7
1.7. Sakatta’iinsa Haala Walii Galaa Naannoo Qorannichaa................................... 8
1.7.1. Haala Hundeeffama Aanichaa........................................................... 8
1.7.2.Hidda Latiinsa Oromoo Aanaa Jimmaa Arjoo KeessattiArgamaniifi Arjoo Hundeessanii...............................................................................10
1.7.2.1. Sanyiiwwan Oromoo Jimmaa Raaree Arfan...................................10
1.7.2.2. Dhuftee Sanyii Warra Beeraa....................................................... 12
1.7.3. Aadaa Hawaasa.....................................................................................15
1.7.4. Amantaalee Aanicha keessatti Argaman.................................................. 16
1.7.5. Iddoowwan Hawwata Tuurizimii Aanaa Jimmaa Arjoo Keessaa...................... 16
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’IINSA BARRUU WALFAKKII..........................................18

2.1. Dhufteefi Maalummaa Fookloorii...................................................................... 18
2.2. Faayidaa Fookloorii.......................................................................................... 19
2.3. Gosoota Fookloorii........................................................................................... 20
2.4. Afoola (Ogafaan)............................................................................................. 21
2.5. Faayidaa Afoolaa.............................................................................................. 24
2.6. Amaloota Afoolaa.............................................................................................25
2.7. Gooroowwan Afoolaa.........................................................................................27
2.8. Afwalaloo............................................................................................................28
2.8.1. Maalummaa Afwalaloo.....................................................................................28
2.8.2. Gosoota Afwalaloo.......................................................................................... 29

2.8.2.1. Afwalaloo Gootummaa Agarsiisu....31
2.8.2.2. Afwalaloo Jalalaa Yookiin Jibbaa.... 31
2.8.2.3. Afwalaloo Faaruu Yookiin Sirba Agarsiisu....31
2.8.2.4. Afwalaloo Geerarsaa....32
2.8.2.5. Afwalaloo Gaabii Agarsiisu....32
2.8.3. Faayidaa Afwalaloo.... 32
2.8. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii....33
2.9. Yaaxxina Qorannichaa....34
2.9.1. Yaaxxina Seenaa Irra Deebi`anii Ijaaruun Haaromsuu.... 35
2.9.2. Yaaxxina Faayidalessummaa (Functional Theory).... 36
BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA.... 39
3.1. Saxaxa Qorannichaa....39
3.2. Irraawwatama Qorannichaa.... 40
3.3. Madda Odeeffannoo....40
3.4. Mala Iddattoofi Iddatteessuu....40
3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee....42
3.5.1. Afgaaffii....42
3.5.2. Marii Garee Xiyyeeffannoo.... 43
3.6. Mala Qaaccessa Odeeffannoo....43
3.7. Naamusa....43
BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE....44
4.1 . Qaaccessa Qabiyyee Afwalaloo Namoota Bebbeekamoo Aanaa Jimmaa Arjoo....44
4.1.1. Qaaccessa Qabiyyee Afwalaloo Gootummaa Agarsiisanii....44
4.1.2. Qabiyyee Afwalaloo Namoota Bebbeekamoo Jalalaa yookiin Jibba Agarsiisu.. 56
4.1.2.1. Afwalaloo Jalala Agarsiisu.... 56
4.1.2.2. Afwalaloo Jibba Agarsiisu....60
4.1.3. Qabiyyee Afwalaloo Faaruu Yookiin Sirba Agarsiisu.... 64
4.1.5. Qabiyyee Afwalaloo Gaabii Agarsiisu.... 65
4.1.6. Qabiyyee Afwalaloo Geerarsaa.... 67
4.2. Ergaa Afwalaloon Namoota Bebbeekamoo Aanaa Jimmaa Arjoo Mul'isan.... 69
4.2. 1. Afwalaloo Ergaawwan Diinagdee of Keessaa Qaban.... 69
4.2. 2. Afwalaloo Ergaawwan Hawaasummaa Qaban....71
4.2.3. Afwalaloo Ergaa Siyaasa Qaban....72
4.2.4. Ergaawwan Afwalaloo Sirna Bulchiinsaa Ibsan....73
4.3. Faayidaa Afwalaloon Namoota Bebbeekamoo Qaban.... 75
4.3.1. Afwalaloo Gorsuuf Yookiin Barsiisuuf Gargaaru.... 75

4.3.2. Awalaloo Bashannansiisuuf oolan........................................................................77
4.3.3. Afwalaloo Miliquuf tajaajilu..................................................................................78
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO...................................................79
5.1. Cuunfaa.........................................................................................................................79
5.2. Argannoo.......................................................................................................................81
5.3. Yaboo............................................................................................................................81
WABIILEE............................................................................................................................83
DABALEEWWAN.................................................................................................................I

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Addunyaa kana keessatti biyyas ta'ee hawaasni dhuftee, aadaa, seenaa, duudhaa, amantaa, ittiin bulmaataafi sirna mataa isaa hin qabne hin jiru.Wantootni kunis, sadarkaa garee hawaasaa muraasa hojii xixiqqootti bobba'an irraa kaasee hanga garee hawaasa bal'aafi biyyaatti fooklooriidhaan baatamee dhaloota irraa gara dhalootaatti daddarbaa tureera; ammas lufaa jira. Kanas, Boswellfi Reaver (1962, f. 11) yoo ibsan, "Folklore is the generic term to designate the customs, beliefs, traditions, tales, magical practices, proverbs, songs, and in short the accumulated knowledge of a homogeneous unsophisticated people" jedhan.

Yaada kana irraa akkuma hubatamu, fooklooriin mullistuu yookaan ibsituu wanta gooroo (kan hawaasaa ta'ee) kanneen akka: duudhaa, aadaa, amantaa, bartee, afseenaa, hojiilee ogummaa, gochaalee ajaa'ibsiisoo, jechamoota, himamsaalee, faaruuleefi kkfti. Akkasumas, beekumsa hudumamaa garee hawaasaa sadarkaa gadii irra jiraniiti jedhu. Kun kan mul'isu fooklooriin biyya tokkoo kan dhufe beekumsa hudumamaafi wantoota hedduu of keessaa qabu kan garee hawaasa muraasa ta'an irraa maddu ta'uu isaati.

Haaluma kanaan, fooklooriin ibsituu eenyummaa hawaasa tokkoo ta'ee kan gooroowwan addaa addaatti qoodamuu danda'uudha. Kanas, Dorsan (1972, f. 2) gooroowwan fookloorii bakka afuritti qoodee kaa'eera. Kunis, "Folklore can be divided into four categories. These are termed the oral literature, the material culture, the social folk custom and the performing folk arts." Afoolli, meeshaa (wanta) aadaa, duudhaa hawaasaafi aartii sochii hawaasaati. Kanumarraa ka'uudhaan, afoolli ammoo dameewwan addaa addaa kan of jalatti hammatuudha. Bal'inaafi gosoota afoolaa kanas toorri interneetii http:/www. Orallitrature.org jedhu yoo ibsu. " Oral literature is a broad term which may include ritual texts, curative chants, epic poems, musical genres, folk tales, creation tales, songs, myths, spells, legends, Proverbs, riddles, tongue twisters,

word games, recreations, life histories or historical narratives" jedha. Yaada olii kana irraatti akkuma ibsame afoolli waan hiika bal'aafi dameewwan akka barreeffamoota durii, sirboota, walaloowwan gaggabaaboo, uumteewwan, hibboo, mammaaksa, sirboota, afseenaalee, afwaloowwan, taphootaafi kanneen biroo kan of jalatti hammatu ta'uu isaati.

Kanumarraa ka'uudhaan, duudhaafi aadaa saba Oromoo keessatti afoolaawwan hedduun ni argamu. Afoolli kunis, waan sabni tokko durii kaasee itti fayyadamaa tureefi har'as itti fayyadamaa jiru kan ibsu ta'uu isaati. Kanaaf, afoolli baattuu eenyummaa saba tokkoo ta'uudhaan wantoota hawaasni sun durirraa kaasee itti gargaaramaa ture sana qabatee dhalootaa dhalootatti daddabarsa jechuudha.

Haa ta'u malee, yaadni kun kan hawaasa Oromoo wajjin yoo ilaalamu; Abbaa Baahiree, (1593) Prof. Geetachoo Haayilee, Baahiruu Tefla, (1984)fi kanneen isaan fakkaatan wantootni isaan barreessaniifi kaa'anii darban faallaa ta'uudhaan seenaa uummata Oromoo, duudhaaleefi aadaan, akkasumas, eenyummaa sabichaa kan hin ibsineedha. Yaada kana ilaalchisee, Alamaayyoo Haayilee, (2011) wayiita ibsu,

> Hojii guddaan seenaafi madda Oromoon walqabatee hojjetame qorannaa Eike Hamberlaandiidhaan bara 1963 keessa maxxanfame ximmadda (Theory) seenaa Oromoofi afaan isaa irratti armaan dura ture kan jijjiiruu danda'eedha. Hanga bara 1974 tti hayyoonni biyya alaa afaaniifi seenaa Oromoo irratti waan hedduu hojjetanillee hayyoonni biyya keessaa tokko tokko faallaa kanaa deemuun Oromoon akka saba godaantummaan dhufeefi biyya kana huumnaafi weeraraan qabatee barreessaa turani. Kanaaf, seenaas ta'e afaan isaa qorachuu akka hin feene mullata akka fakkeenyaatti yoo fudhanne hojii Alaqaa Atsmee Alaqaa Taayyee (1914) Tekletsadiq Makuriyaafi jarreen isaan fakkaatan fudhachuun ni danda'ama jedhe (f: 49).

Yaada hayyuu kanaa irraa akkuma hubatamutti seenaa biyya kanaa keessatti keessumaa kan uummata Oromoo ilaalchisee utuu sabichi abbaa biyyaa biyya kanaafi Itiyoophiyaa kan bu'uuresse ta'ee jiruu; akkasumas, dachettiin bakka Oromoo biqilchite taatee osoo jirtuu dhugaa

seenaa dabsuudhaan uummatichi akka waan bakka biraarraa godaanee yookiin baqatee dhufeetti qaamonni dubbataniifi barreessan ni jiru.

Dabalataanis, Tsega Etefa (2012) ilaalcha namoonni biroon saba kanaaf qaban yoo ibsu akkas jedha.

> In several accounts, the Oromo are depicted as people who arrived in the Ethiopian highlands only in the sixteenth century. Others suggest that the Oromo were warlike people who were ready to kill anyone they found along the route of their expansion. The narratives that were created based on these accounts represent a distorted view of the Oromo story. (f: 2)

Yaada kanarraa akkuma hubatamu, uummanni Oromoo abbaa biyyaa biyya kanaa osoo hin taane saba naannoo jaarraa 16^ffaa keessa naannoo lafa olkaa'aa Itiyoophiyaa keessa jiraataa tureefi warreen biroon ammoo sabni kun uummata lola yookiin waraana jaallatu; kan nama ajjeesuun lafa babal'ifachaa tureedha jechuun seenaa sabni kun hin qabneefi maqaa xuraa'aa akkasii sabichatti maxxansuun barreesanii kaa'aniiru. Haata'u malee, uummanni Oromoo jiraataa biyya kanaafi ijaarumsa biyyattii keessatti ga'ee guddaa kan qabuufi adda durummaan kan hojjetu ta'uu isaa seenaan ni addeessa. Kanas, Alamaayyoon (2011) akkasiin kaa'a.

> …Kana malees, Itoophiyaa ammayyaa ijaaruu keessatti uummanni Oromoo qooda guddaa akka qabu ifa gochuun barootа seenaan kun hammatu booda kan mul'atu seenaan Oromoota Walloo, Yejju, Raayyaa, Maccaafi Tuulamaafi Oromoota naannoo kibbaa, kaabaafi Baha Itoophiyaa keessa jiran seenaan isaanii yoo qoratame gara fuula duraatti ragaafi madda odeeffannoo guddaa kan ta'uudha. (f: 51).

Gama biraatiin, Tsega Etefa (2012) Richard Reid, (2011) wabeeffachuun akka armaan gadiitti ibsa.

> There can befew peoples in African history who have been as misunderstood, and indeed as misrepresented, as the Oromo . . . They have been, arguably, even more demonized by Ethiopian chroniclers of various hues and over a longer timeframe than the Somali, historically the other great rival 'bloc' confronting the Amhara in north-east Africa.

Yaada kanarraa wanti hubatamu gabaabinaan, uummanni Oromoo saboota Afiriikaa keessa jiraatan keessaa uummata dagatamaafi akka saba seenaa hin qabneetti barreessitootni Itiyoophiyaa seenaa saba Amaaraa olkaasanii kan saba Oromoo gadi buusanii barreessaniiru.

Kanaafuu, haala qabatamaa biyya keenyaa keessatti seenaa sabaafi sablammoota garaa garaa; Keessumaayyuu kan saba Oromoo dhoksuudhaan shira waggoota dhibbaafi isaa oliif xaxamaa tureefi hundee gadi fageeffate kana gara seenaa qabatamaafi haqa qabeessa ta'eetti jijjiiranii waan dhugaa ta'e tokko dhaloota dhufuuf dabarsuudhaaf afwalaloo namoota bebbeekamoofi hojiilee isaan dabarsan barreessanii dhalootaaf kaa'uun gama tokkoon gaaffii seenaa bor dhaloonni kaasuuf deebii kaa'uudha. Akkasumas, haalota akkanaa keessatti seenaafi duudhaa hawaasichaa; kana malees, afwalaloo namoota bebbeekamoo beekuufi galmeessanii dhaloota dhufuuf dabarsuuf qorannoon gama addaa addaatiin ni barbaachisa.

Kanumaan walqabsiisee, Zawudeefi Fireehiwot (1999, f. 14) irratti akka ibsanitti "Afoolli Oromoo dameewwan hedduu kanneen akka: mammaaksaa, hibboo, durdurii, weedduu, geerarsa, faaruuwwan addaa addaafi kkf qabata" jedhu. Afoolawwaan Oromoon qabu keessatti afwalaloon kan argamu ta'ee, innis kan ittiin goota faarsan, dabeessa qeeqan, jagna jajjabeessan, diina ofirraa ittiin naasisaniifi abdii kutachiisan fa'a.

Walumaa galatti, qorannoon akkasii kun osoo naannoleefi magaalaalee Oromiyaa keessa jiran garaa garaa irratti geggeeffamanii afwalaloon namoota bebbeekamoo; kan goototaa; kan dhimmamtoota sabaa; kan wareegamtootaa; akkasumas, kanneen bilisummaaf jedhanii dhama'aa jiranii osoo bakka hin ga'in kichuutti cabanii; kan qeerrotaafi kan qarreewwan biyyi keenyaa (Oromiyaan) qabdu ifa bahuun dhaloota dhufuuf hambaa seenaa ta'ee kaa'amuu ni danda'a. Kanaaf, qorataanis yaada kana bu'uura godhachuun qorannoo isaa qaaccessa qabiyyee Afwalaloo namoota bebbeekamoo Aanaa Jimmaa Arjoo irratti kan geggeesseedha.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Ka'umsi qorannoo tokkoo kan barbaachisuuf qorataan mata duree qorannoo isaatiin dhimma qorachuuf deemu sana babal'isee ifa gochuuf ni rakkata. Kanaaf, qorataan hamma danda'ametti yaadota ka'umsa qorannoo keessatti kaasuun kallattii kenna. Kanarraa ka'uudhaan, dhugaa

hawaasa keessa tureefi mul'atu yookiin dhimma waa'ee hawaasichaa barreeffame tokko rakkoo maalii qaba? Kan jedhu beekuuf kan gargaaruudha.

Haaluma kanaan, qorataa kanaaf wantoonni ka'umsa ta'uufii danda'an hanga ammaatti mata duree kanaan kan walfakkaatu aanaa kana keessatti qorannoon adeemsifame kan hinjirre ta'uudha. Kun immoo, afwalaloowwan namoota bebbeekamoo aanaa kanaa yoo haala ammayyaatiin qorannoon irratti geggeeffamee galmeeffamanii ol kaa'amuu baatan dagatamuu bira darbee baduuyyuu ni danda'a hubannoo jedhu qaba.

Kanaaf, qorataan kun jiraataa aanaa kanaafi hojjetaa aanichaa waan ta'eef Aanaa Jimmaa Arjoo keessatti waa'ee afwalaloo namoota bebbeekamoo irratti haalli hubannaa hawwasaafi dhaloonni yeroo ammaa kun hammam afwalaloo kana irraa barnootaafi muuxannoo argachaa jira kan jedhu ilaalchisee wantoota yeroo barattoota barsiisuufi hawasa keessa jiraatu irraa dhaga'u taajjabe irraa ka'uudhaan mata duree kana irratti hojjachuuf ka'umsa godhatee qorannoo isaa geggeesse. Haaluma kanaan, gaaffiiwwan gurguddoo qorannoo kanaan deebii argatu jedhamanii yaadaman akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

1. Aanaa Jimmaa Arjoo keessa afwalaloo namoota bebbeekamoo akkam akkamiitu jira?
2. Afwalaloowwan namoota bebbeekamoo Aanaa Jimamaa Arjoo ergaa akkam akkamii qabu?
3. Afwalaloon namoota bebbeekamoo Aanaa Jimmaa Arjoo jiraattota aanaa sanaatiif faayidaa maalii qaba?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo tokkoo adeemsa hojii qorannichaaf kallacha ta'uudhaan akka agarsiistuu (koompaasiitti) kan fayyadu ta'ee innis, bakka lamatti qoodama. Isaanis, kaayyoo gooroofi kaayyoo gooreeti.

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Akka walii galaatti, kaayyyoon gooroo qorannoo kanaa Qabiyyee Afwalaloo namoota bebbeekamoo Godina Wallagga Bahaa Aanaa Jimmaa Arjoo xiinxaluudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa

Kaayyooleen gooree qorannoo kanaa warreen armaan gadii ta'u. Isaanis,

- Namoonni bebbeekamoon aanicha keessa jiraachaa turan afwalaloowwan akkam akkamiin akka beekaman ibsuu.
- Afwalaloowwan namoota aanaa sana keessa jiranii ergaawwan isaan qaban addeessuu.
- Afwalaloowwan namoota beekamoo aanaa kanaa jiraattota aanichaatiif faayidaa akkam akkamii akka qabu ibsuudha.

### 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun bu'aan isaa inni jalqabaa qorataadhaaf ta'a. Sababni isaa, qorataan qorannichuma geggeessuuf wayiita dubbisuufi odeeffannoo walitti qabatu wantoota hedduu barachuu danda'a.

Walumaa galatti, barbaachisummaan qorannoo kanaa gaggabaabinaan warreen armaan gadiiti.

- Namoota hojii qorannoo afoola irratti hojjechuu barbaadaniif kallattii ni ta'a.
- Dubbistootaafi jaallattoota seenaa dubbisaniif hubannoo ni kenna.
- Namoota seenaa gaarii qabaniifi seenaa badaa (gadhee) qaban adda baasee dhalootaaf ibsuun akka isaan waa irraa baratan ni gargaara.
- Biiroo Aadaafi Tuurizimiif akka madda ragaatti ni tajaajila.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kamiyyuu haala ittiin hojjetamu irratti hundaa'uudhaan daangaa mataa isaa qaba. Kanuma irraa ka'uudhaan qorannoon kunis, kallattii mata dureenis ta'ee yoomeessa irratti hojjetamuun daangeffamee kan dalagameedha. Kanas, gama mata dureen yoo ilaallu gosoota afoolaa jiran keessaa 'Afwalaloo Namoota Bebbeekamoo' qaaccessuu yommuu ta'u; sababni isaas, fooklooriin gooroowwaniifi gosoota hedduu waan qabuuf dameewwan isaa mara irratti qorannoo geggeessun ulfaataadha.

Kanaaf, gosoota fookloorii keessaa afoola ta'ee; afoola keessaayyuu 'Afwalaloo Namoota Bebbeekamoo sirnoota addaa addaa keessa hanga bara Dargiin aangoo qabatetti biyyattii keessa turan irratti xiyyeeffachuun kan qaacceffamni geggeeffameedha. Gama bakka qorannootiin, qorannichi kan geggeeffame; Godinaalee Oromiyaa jiran keessaa Godina Wallagga Bahaa Aanaa Jimmaa Arjoo irrattiidha. Sababni aanaan kun filatameefis, qorataan jiraataa aanaa sanaa waan ta'eefi afwalaloowwan namoota bebbeekamoo irratti odeeffannoo akka argatu waan amaneefiidha.

Gabaabumatti, qorataan qorannoo isaa kan geggeesse 'Qabiyyee Afwalaloo namoota bebbeekamoo Godina Wallagga Bahaa Aanaa Jimmaa Arjoo keessatti argaman qaaccessuu irratti ta'ee; Sababni afwalaloon filatameefis, aanaan kun fooklooriiwwan afwalaloo namoota beekamoo wajjin wal qabatan hedduu waan qabduuf qorataan haala yeroofi baajetaa akkasumas, qabiyyeen qorannoo isaatii hammaa ol ta'ee ulaagaa qorannoo keessaa akka hin baaneefi baay'ees xiqqaatee ragaa qaaccessu akka hin dhabneefiidha.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Adeemsa hojii kamiyyuu keessatti hojii tokko dalaguuf wayiita deeman hanqinoonni tokko tokko akka jiraniifi nama mudachuu akka danda'an beekamaadha. Qorataanis qorannoo isaa kanaaf

wanti hanqina ta'anii isa mudatan kanneen akka: rakkoo namoota odeeffannoo kennan akka barbaadametti argachuu dhabuu; rakkoo namoonni odeeffannoo kennan fedhii dhabuufi haala nageenya biyyaan walqabsiisee rakkoon netwoorkii baduu rakkoo geejjibaa akkasumas, haalli weerara dhibee 'koronaa' illee rakkoowwan baay'ee ulfaatoo turaniidha.

Haa ta'u malee, qorataan rakkoolee kana keessaa ba'uuf tooftaalee addaa addaatti dhimma baheera. Haaluma kanaan, rakkoo hanqina yeroo itti ragaa funaannatu isa mudateef waajjira jalaa hojjetuufi mana barumsaa keessaa barsiisuu qaamota hoogganan waliin mari'achuun eeyyama garaa garaa mijeeffatee haala hojii idilee isaa bakka buusullee mijeeffachuun keessa baheera. Hanqina rakkoo namoota odeeffannoo kennaniin rakkoo isa mudateef hamma danda'ametti mala qorannoo isaa irratti hundaa'ee tooftaa darbii dabarsaan namoota argatetti dhimma baheera.

kana malees, rakkoo netwoorkii (sarara bilbilaa)n wal qabsiisee qorataa baajeta hedduu gaafatus bakka barbaachise hunda qaamaan deemuun wantoota qorannoo isaaf barbaachisan walitti qabachuun raawwateera. Rakkoo haala dhibee (Koronaa) mudateen qorataan haala gorsa ogeessonni fayyaa kennanitti fayyadamuun fedhii namoota odeeffannoo kennanii eeguun ragaasaa funaannateera.


### 1.7. Sakatta'iinsa Haala Walii Galaa Naannoo Qorannichaa

#### 1.7.1. Haala Hundeeffama Aanichaa

Aanaan Jimmaa Arjoo aanolee naannoo Oromiyaa keessatti argaman keessaa tokko taatee; aanaa godina Wallagga Bahaa keessatti argamtuudha. Aanaan kun kan hundeeffamte naannoo bara 1846 A.L.H keessa nama Arjoo Maccaa jedhamuun akka ta'e jaarsoliifi Waajjirri Aadaafi Tuuriiziimii ragaa ni bahu.

Aanaan kun magaalaa biyyattii Finfinnee irraa 376 km yommuu fagaattu; magaalaa godina Wallagga Bahaa Naqamterraa ammoo kallattii Kibba Lixaatti 48km fagaattee karaa gara Godina

Buunnoo Beddelleefi Jimmaa Abbaa Jifaaritti geessu irratti argamti. Haaluma kanaan, aanaa kana aanaaleen daangessan, karaa Kaabaan Aanaa Leeqaa Dullachaa; Karaa Kibbaan godina Buunnoo Beddellee; Karaa Bahaan Aanaa Nuunnuu Qumbaa; Karaa Lixaan Godina Buunnoo Beddelleetiin daangeffamtee argamti. Aanaan kun moggaasa maqaa kanaas kan argate nama maqaan isaa Arjoo jedhamu Jimmaa Raaree irraa dhufan yommuu ta'u sanyiiwwan aanicha keessatti argaman hiddi latiinsa isaanii haala armaan gadiiti.




Fakkii. 1. Suuraa haala teessuma lafaa Aanaa Jimmaa Arjoofi naannooshee.

Maddi: Yuuniversiitii Jimmaa Laabii GIS irraa kan fudhatameedha.

### 1.7.2. Hidda Latiinsa Oromoo Aanaa Jimmaa Arjoo KeessattiArgamaniifi Arjoo Hundeessanii

#### 1.7.2.1. Sanyiiwwan Oromoo Jimmaa Raaree Arfan

Akkan afgaaffiin gaafa, 8/8/2012 B/saa Addunyaa Irranaafi gaafa 15/8/2012 Ob. Asaffaa Wiirtuu irraa dhugeeffadhetti Aanaa Jimmaa Arjoo hundeessuu keessatti hiddi latiinsa Oromoo gahee qaban sanyii Oromoo Arfan Jimmaa Raaree bakka jedhamu irraa dhufanii naannoo kana buufataniidha. Isaanis, sanyii warra: Gudayyaa, Tibbee, Nuunnuufi Waayyuu warreen jedhaman Jimmaa Raaree irraa dhufanii bakka kana kanaan dura namni irra qubatee kan hin jirre yookiin lafa duwwaa bosonaan uwwifamee jiru irraa bosona ciruudhaan irratti galan. Jarri kun iddoo kana irratti jiruufi jireenya isaanii geggeeffachaa kan turan ta'uun ni himama. Sababni isaan naannoo jedhame kana irratti qubachuuf filataniifis, iddoon kun caffee (babal'iin) haguugamee waan jiruufiidha. Baballii (caffeen) kunis mana ittiin ijaarrachuuf waan isaan gargaaruuf iddoon kun filatamaa akka ta'e ni dubbatama.

Kanaaf, Arfan Jimmaa warreen jedhaman kunneen yeroo jalqabaaf dhufanii faanni miilla isaanii iddoo amma Jimmaa Arjoo jedhamu keessumattuu iddoo addaa Odaa Arjoo jedhamuun waamamu kana akka buufatan maanguddoonni argaa dhageettii ni merkaneessu. Haaluma kanaan, erga iddicha qabatanii bubbulaniin booda haalli qilleensa naannichaa waan hundaaf mijaawaa ta'uu isaa addaan baafachuun kallattii tokko qofaa irra jiraachuun lafti waan itti xiqqaatuuf duras dirree bal'oo barbaacha waan dhufaniif lafa aanaa kana keessa jiru qooddatanii qotachuun irra jiraachuu akka qaban walii galan

Kanuma irratti hundaa'uudhaan, bakka Odaa Arjoo jedhamutti walga'uun walitti qabamanii bakka jireenyaaf ta'u ilaalanii waliif qoqqoodan jedhama. Haaluma kanaan, lafa aanaa kana keessa jiru osoo wal hin dhibin akkaataa armaan gadiitti waliif qooduun hirmaataniiru. Kunis, Warra Gudayyaaf gammoojjii laga Dhidheessaa hunda akka qabatu carraan isaan qaqqabe. Tibbeen ammoo, bakka amma gosti Tibbee qabatee jiru irra keessa Arjoo ammaa Tibbeefi Gomboo jedhamee waamamu fudhate.

Gosti Nuunnuu ammoo, bakka amma Aanaa Nuunnuu jedhamee waamamu bakka Amuruu jedhamu irraa kaasee hanga Adaree jedhamuutti argamuudha. Sanyiin Waayyuu ammoo, Waayyuu Abbayyii irraa eegalee qabiyyee warra Tibbeefi warra Nuunnuu gidduu gadi bu'uun

hanga Qaxqaxootti fullaasee kan qabateedha. Haaluma kanaan, Arfan Jimmaa kunneen erga bakka bakka isaanii qabatanii booda wal eebbisuudhaaf guyyaa qabatanii akka wal arganiidha. Walargiinsa isaanii kana irrattis gosti hunduu meeshaa ittiin eebbifamu kan naannoo jireenyaa isaanii ibsu qabatanii akka dhiyaataniidha. Kanaanis, Arfan Jimmaa keessaa jalqaba irratti maanguddoo Gudayyaatu alangee qabatee dhiyaate. Isaanis, gosa kanaan abbaa murtii ta'i sanyiin kee hin beela'in jedhanii eebbisan. Kanaan wal qabatee, hanga har'aattiyyuu gosti kun warra kaan dursuun kan murteessaniifi kan eebbisaniidha.

Lammaffaa irratti ammoo, maanguddoon Nuunnuu eeboo (waraana) qabatee dhiyaate. Kanas, qomoon kee goota waraanaa; kan lolee mo'u haa ta'u jechuudhaan eebbisan. Dhugaa kana kan ibsu hanga har'aattiyyuu hawaasni naannoo kanaa kan lola jaallatu ta'uun qabatamaatti irraa mul'ata. Kunis, har'ayyuu bakka kanatti ji'aanis ta'ee, torbeen namni osoo wal hin lolin hin hafu. Sadaffaa irrattis gosti Tibbee qodaa bukoo qabatee kan dhiyaate ta'ee, jarris kana ilaaluun manni kee guutuu; gumbiifi gombisaan kee duwwaa hin ta'in hamma bara baraatti hin beela'in jechuun eebbisan.

Kanumaan wal qabatee, hanga har'aatti iddoo biraan yoo beela'e gosti Tibbee kun akka hin beelofne jaarsoliin ni mirkaneessu. Gosti arfaffaa irratti dhiyaate ammoo, warra Waayyuu yommuu ta'u, gosti kun ammoo, gaadii qabatee kan dhiyaateedha. Kanarraa ka'uun qe'een kee horii hin dhabin okoleen kee hin gogin hormaata horiitiin badhaadhi jechuun eebbisan. Kanaaf, hanga ammaattiyyuu qe'ee warra Waayyuu keessaa horiin kan hin dhibneefi hiyyeessi homaa hin qabnellee jabbii taati malee akka mana biraa hin dhabnetu dubbatama. Erga haala kanaan lafa isaanii qooddatanii eebbas wal eebbisaniin booda namicha Arjoo Maccaa jedhamu isaan hoogganee dhufe filachuun Abbaa Bokkuu godhatanii muuddatan. Namichi kunis osoo isaan hoogganuu ilma argate. Gammachuu kanas gosoonni hafan sadan darbaa dabarsaan walitti labsuun harka fuuchaa dhufanii maqaa ilma isaa kana Odaa jedhanii moggaasan.

Haaluma kanaan, osoo jiruu Arjo dhibee tasaan qabamee osoo baallii walitti kennuun hin ga'in waan du'eef hamma yeroon gahutti ilma isaa Odaa muudanii akka inni geggeessu taasisan. Osoo kanaan jiruu silaa gadaa itti aanu kan fudhatu gosa Waayyuu keessaa Gadaa Miidaa kan jedhamu waan ta'eef Odaatti hinaafuun geggeessaan warra Miidaa Odaa irratti ka'e. Kanaanis fucha (haala mijataa) barbaaduun karaa garbittii isaatii qaawwaa argatee maallaqa kennuufiin akka inni

heexoo (koosoo) dhugee jiru itti himnaan bakka inni koosoo dhugee ciisutti itti ol seenuun eeboon waraanee ajjeese.

Kanaaf, iddoo dhiigni Odaa itti dhangala'e kanatti mukti maqaan isaa hin beekamne biqile. Sanaan dura naannoo sanatti muka kana fakkaatu arganii waan hin beekneef maqaa isaa Odaa jedhanii moggaasan. Biqilaan muka kanaa yeroo ammaa 72 ol ta'ee jira. Bakki kunis hanga har'aattiyyuu Odaa Arjoo jedhamuun bakka irreessi itti geggeeffamuufi iddoo seena qabeessa ta'ee jira. Odaa Arjoo erga du'ee booda aangoon nama Urgeessaa Lataa jedhamutti kennamuun gosoota kana geggeessaa kan tureedha. Haala kanaan, biyyicha keessatti sirni bulchiinsaa sirna gadaan geggeeffamaa kan ture ta'ee, sana irraa eegalee kanaan dura marsaan Gadaa 16 hamma bara 1985 A.L.H. kan adeemsifame yommuu ta'u marsaa 17[ffaa]n bara 2025 tti kan geggeeffamuudha jedhu jaarsoliin biyyaa. (Obbo Tashoomee Geexee, Ob. Asaffaa Wiirtuu, Ob. Fiixee Dibaabaa)

### 1.7.2.2. Dhuftee Sanyii Warra Beeraa

Akkan marii garee gaafa 10/9/2012 Ob. Fiixee Dibaabaa, Ob. Mootii Nuurfataafi Ob. Daadhii Baashaa irraa odeeffadhetti Gama biraatiin, Sanyiin Oromoo turtii yeroo dheeraan booda gara Jimmaa Arjoo dhufan Sanyii Warra Beeraati. Warreen kunis, sanyiiwwan Jimmaa arfan hordofuudhaan sanyiin Oromoo gara aanaa kanaa dhufuun qomoowwan bakka kana qabataniidha. Wayiita kanatti Uummanni Oromoo naannoo giddu galeessaa irraa kallattii addaa addaatti babal'achaa tureera. Haaluma kanaan, sabni kun naannoo Siree jedhamuun beekamu kallattii Baha Naqamteetti argamtu irraa ka'uudhaan nama maqaan isaa Siree jedhamu Abbaa Bokkuutti filachuudhaan Gibeen qaxxaamuranii naannoo amma Qumbaa jedhamu qabachuu isaanii beektotni argaa dhageettii addaa addaafi barreessitootni seenaa ni dubbatu. Babal'ina Sanyii Warra Beeraatiin wal qabsiisee Tasfaan (2011) keessatti jaarsolii argaa dhageettii wabeeffachuun akkas jechuun kaa'e.

> The evaquated from Tuti Bisil and … His eldest son Sire elected as Abba Bokku and directed to Eastern Wollega and settled Eastern Nekemte which still called Sire. Tradition refused the idea of Sire at a place called Sire before moving to Qumba. Even Sire come to Qumba and returned back to sire and ordered his son Ota. Qumba is more comfortable than sire area for living before his death. After his father died there, Ota elected as Abba Bokku of the clan. (f: 6-7)


Waraabbii armaan olii irraa akkuma hubatamu sabni kun hooggansa namicha Siree jedhamuun bakka Siree jedhamu irraa ka'anii bakka amma Qumbaa jedhamu akka qabataniidha. Kanas, Siree namni jedhamu kun dursuudhaan gara Qumbaa dhufee egra haala jiru daawwatee booda haalli Qumbaa sireerra jireenyaaf mijataa ta'uu isaa hubachuudhaan gara Sireetti deebi'uun ilma isaa kan ta'e Ootaa fudhachuudhaan gara Qumbaa dhufanii achi jiraachuu akka eegalaniidha. Haa ta'u malee, osoo Warri Hordaa dhufanii bakka kana hin qubatin sanyiiwwan addaa addaa iddoo kanarra jiraachaa turuu isaanii jaarsoliin argaa dhageettii ni mirkaneessu.

Kanas, Tasfaan (2011) akkanatti kaa'a.

> Before, Horda Oromo settled in Negesso, other minor clans were there. Those were: artisans, pottery makers, and black smiths with Bonaya, Halaku, Watayu, Lalo Ariya, Inatagi, Birbirso, Kura and the other with their cattle and with some extent agricultural production. Ota occupied their land and confiscated their cattle's and also made them his workers and enslaved them. He used different method to rule them,… to successful his wiiling. (f:7)

Yaada armaan olii irraa akkuma hubatamu, Sanyiin Warra Hordaa jedhaman osoo gara Qumbaa hin dhufin dura qomoowwan garaa garaa kanneen akka: Bonayyaa, Halakuu, Waatayyuu, Laaloo, Ariyaa, Innataagii, Birbirsoo, Kuraa, sanyiiwwan kunis hojiileefi ogummaa addaa addaa irratti kanneen bobbaa'anii jiraachaa turaniidha. Haa ta'u malee, Ootaa Siree bulchiinsa isaa babal'ifachuuf jecha jaroota kana haala addaa addaatiin cabsaafi hojjisiifachaa tureera.

Haaluma kanaan, sanyiin Oromoo Siree irraa gara Qumbaa dhufan kun bakka kanatti wal horuudhaan hidda latiinsaa babal'ifataniiru. Kanaafuu, hiddi latiinsa Oromoo balbala Hordaa kallattii Warra Beeraatiin jiru dur irraa kaasee achii as yoo tarreeffamu haala armaan gadiitiin kaa'amuu akka danda'u jaarsolii argaa dhageettii irraa mirkaneeffadheera. Isaanis.




Fakkii.2 Hidda Latiinsa Oromoo Jimmaa Arjoofi Naannoo isaa Maddi Waajjira Aadaafi Tuuriziimii Aanaa Jimmaa Arjoo Jaarsolii buleeyyii irraati

Danaa hidda latiinsa Oromoo armaan olii irraa akkuma hubatamu, Sanyiin Uummata Oromoo Aanaa Jimmaa Arjoo keessatti argamanii tartiibaan yoo ilaalaman, Jalqaba Uummatichi giddu galeessa irraa kaa'anii Oromiyaa garaa garaa keessatti akka tamsaa'aniidha. Haaluma kanaan, Sanyiiwwan Booranaa kana keessaa gara toora Waallaggaarra kan qabatan sanyii Maccaati. Kanaafuu, sanyiiwwan kana keessaa gara Arjoo kan dhufan hangafarraa gara quxisuutti yoo ilaalaman: Oromoo ⇒ Boorana ⇒ Macca ⇒ Liiban ⇒ Jaawwi ⇒ Amuruu ⇒ Hordaa ⇒ Leeqaa ⇒ Ongaayee ⇒ Acheebuu ⇒ Battee ⇒ Horroo ⇒ Siree ⇒ Ootaa ⇒ Beeraa ⇒ Daannoo ⇒ Tuuchoo ⇒ fi Kanneen biroon mootolee xixiqqoon akka jiraniidha.

### 1.7.3. Aadaa Hawaasa

Aadaan sirna jiruufi jireenya dhala namaa keesatti bal'aafi walxaxaa kan ta'eefi itti jiraachuuf garuu kan nama hin rakkisneefi namatti toluudha. Kanaaf, hiika aadaa kana qofa jedhanii lafa kaa'uun rakkisaadha. Aadaan mallattoo uummata tokkooti. Ummanni aanaa Jimmaa Arjoos, uummata Oromoo keessaa tokko kan ta'eefi aadaa mataa isaatii kan qabuudha. Innis, mallattoolee garagaraa of keessaa qaba.Hawaasni waliin jiraatu tokko aadaa kaawwan irraa ittiin adda ta'ee eenyummaa isaa ittiin ibsatu qaba. Hawaasni aanaa kanaas aadaa kana ni qooddata ittiin bulas.

Haaluma kanaan, Aanaan Jimmaa Arjoo sabaafi sab-lammoota hedduu kan qabdu yoo taatu, isaanis aadaa addaa addaa kan mataa isaanii kanneen qabaniidha. Kanneen keessaa aadaa Uummata Oromoo yoo fudhanne, aadaa nyaataa, aadaa dhugaatii, aadaa uffannaa, aadaa meeshaalee ulfoo, aadaa hojiifi duudhaaleefi sirnoota addaa addaa qaba. Aadaan nyaataa: caccabsaa, cuukkoo, qorii, marqaa, dhodhoobboo, buna qalaa, qincee, daabboo, buddeena, (maxinoo) qixxaa, akaayii, mulluufi kkf… fa'a. Aadaan dhugaatii: farsoo, booka (daadhii), bordee (buqurii) Oromoofi kkfn beekamtuudha. Aadaa uffannaan immoo: bullukkoo, kofoo, kittaa, waaroo, kallee, wandaboo, sabbata, jomoree, gaabii, marxoofi kkf dha. Aadaan hojii jirus: aadaa waliin hojjechuu kan akka daboo yookiin guuzaafi daadootu jiru.

Duudhaaleefi sirnoota addaa addaa ilaalchisee: hawaasni Aanaa Jimmaa Arjoo duudhaaleefi sirna addaa addaa qabu. Isaan keessaa: Qaalluu, Guddifachaa, gumaa baasuu, ateetee, boorantichaa, sirna gadaa, sirna ayyaana masqalaa (irreechaa) Oromoo, sirna qaammee, sirna baallii walitti kennuu, sirna Gadaa, Sirna dubartiin callee facaafattu, sirna araara waaqaafi sirna fuudhaafi

heerumaa fa'i. Kanneen eeraman keessaa sirna fuudhaafi heerumaa gosa addaa addaatu jira. Isaanis, sirna fuudhaafi heerumaa kaadhimannaa, sirna fuudhafi heerumaa irra-dhaabaafi sirna fuudhafi heerumaa waliin deemuu yookiin sokkaa, sabbat marii faatu argama. Dabalataanis, Meeshaalee aadaa ulfoo: Gaachana, caaccuu, kallacha, callee, siiqqee, alangaa, eeboo, waancaafi kkf dha.

### 1.7.4. Amantaalee Aanicha keessatti Argaman

Hawaasni Oromoo aanaa kana keessa jiraatu akkuma hawaasa aanolee biraa keessa jiraatuu ilaalcha, amantaafi aadaa, barsiifata, meeshaalee aadaa, aartiiwwan garaagaraafi duudhaa dhalootaa dhalootatti darbaa dhufe qaba. Aanaa kana keessatti amantiileen gurguddoon jiran kiristaana Ortodoksii, Pirotestaantii, muusiliimaafi Waaqeffataadha. Amantiin Ortodoksii dursee naannoo kana keessatti kan babal'ateedha. Itti aansuudhaan, babal'ina isaa cimsachaa kan jiru amantii pirotestaantiiti. Amantaan Isilaamaas miseensota muraasa haa qabaatu malee waaqeffannaan isaafi manni waaqeffannaa isaas bakka addaa addaatti ni argama.

Amantii waqeffannaa ilaalchisee yaadni jiru hordoftoota addaafi mana amantaa addatti hin qabaatin malee akka dhuudhaa hawaasaatti ilaaluudhaan namootumti amantaa addaa addaa keessa jiran yeroo irreechaafi yeroo ardaa jilaa garaa garaa sirni raawwii isaa iddoo addaa addaatti ni raawwatama. Dabalataanis, amantaa kana ayyaantota warra qaalluufi maatii isaanii, waaqeffattoota naannoo warra ayyaantuun jiraatan muraasa qofaatu waaqeffata. Haata'u malee, warreen amantii waaqeffannaa hordofan mana waaqeffannaa qofaatti hin qaban. Bakka awwaalchaas hin qaban.

### 1.7.5. Iddoowwan Hawwata Tuurizimii Aanaa Jimmaa Arjoo Keessaa

Akkuma beekamu Oromiyaan iddoowwan seena qabeeyyiifi hawwata tuuriiziimiif taa'an hedduu kan qabduudha. Aanaan Jimmaa Arjoos bakkeewwan Oromiyaa keessatti argaman keessaa tokko waan taateef bakkeewwan hawwata tuuriziimiif oolan hedduu qabdi. Iddoowwan kunis, kanneen uumamaan argamaniifi namtolcheen jiran ta'anii kanneen hawwata tuuriizimiif oolaniifi seenaa addaa addaa qabaniidha. Kanaaf, odeeffannoo Waajjira Aadaaf Tuuriiziimifi jaarsolii irraa argadheen akka Aanaa Jimmaa Arjootti bakkeewwan hawwata Tuuriizimiif oolan jedhaman kanneen armaan gadiiiti.

- Masaraa Mokonniin Damissoo; magaalaa Arjoo ganda 02 keessatti kan argamuufi naannoo bara 1886 A.L.H tti kan hundeeffameedha.
- Odaa Arjoo; magaalaa Arjoo ganda 02 keessatti kan argamuufi baroota dheeraadhaaf iddoo irreechaa Uummata Oromoo ta'ee tajaajilaa kan tureefi ammas tajaajilaa kan jiru naannoo Jaarraa 14$^{ffaa}$ keessa kan hundeeffameedha.
- Bosona naannoo Laga Dhidheessaa; bosonni kun bineensota ciccimoofi mimmiidhagoo taa'an kanneen akka: Leencaa, gafarsa, qeerrensa, booyyee karkarroo, bosonuu, simbirroota addaa addaafi biqiloota uumamaa garaa garaatiin kan kuulameedha.
- Qilee Abbaa Booqaa; ganda Jammoo Gamballaa keessatti kan argamuufi holqa bara dheeraadhaaf yeroo weerartootni garaa garaa kaa'an akka bakka dhokannaa yookiin da'oo ta'ee uummata tajaajilaa kan tureedha. Holqi kun fincaa'aas ofirraa kan qabuudha.
- Hora Harmukkoo; horri kun ganda Meettaatti kan argamu ta'ee kan uummanni horii isaa obaafataa tureefi ofiifis dhugee akka qorichaatti kan itti fayyadamuudha.
- Bosona Gomboob; bosonni kun Gandoota akka Asandaaboo, Meettaafi Garjeeda gidduutti kan argamu ta'ee, biqiloota uumamaafi mukkeen dhedheeroon kan uwwifameefi bineensota hedduu kan of keessaa qabuudha.
- Holqa Biilii; holqi kun Ganda Hindhee keessatti kan argamuudha.
- Hora Abbayyuufi Badhaas; horoonni kinis Aanaa Jimmaa Arjoo keessatti kan argamaniidha.

Walumaa galatti, Aanaan Jimmaa Arjoo bakkeewwan hawwata tuuriziimiif oolan hedduu kan qabdu yoo taatu; iddoowwan kun garuu seeraan kunuunfamanii dhimma jedhame kanaaf kan oolaa jiran miti. Kanaaf, qaamni ilaallatu hundi bakkeewwan hawwata tuuriziimiif ta'an kanaaf kunuunsaafi eegumsa barbaachisu gochuudhaan faayidaa inni kennu hawaasa aanichaaf oolchuun barbaachisaadha.

## BOQONNAA LAMA: SAKATTA'IINSA BARRUU WALFAKKII

Boqonnaa kana jalatti mata dureewwan addaa addaa qorannoo kanaa wajjin wal qabatan kanneen akka: maalummaa fookloorii, gosoota fookloorii, amaloota fookloorii, faayidaa fookloorii, Maalummaa ogafaanii, gosoota ogafaanii, amaloota ogafaanii, Maalummaa afwalaloofi hiika isaa irratti yaada mata durichaan wal qabatan addaa addaa sakatta'uudhaan barruuleen walfakkii ni dhiyaatu. Akkasumas, waa'een afwalaloo namoota bebbeekamoo Aanaa Jimmaa Arjoo keessa jiranii gabaabinaan kaa'amaniiru.

### 2.1. Dhufteefi Maalummaa Fookloorii

Dhufteefi moggaasa fookloorii ilaalchisee, hiikni hayyoota dirree qorannoo fookloorii hunda amansiisuufi tokko taasisu hin argamne. Kanarraan kan ka'e, qorattoonni dirree qorannoo fookloorii hiika fookloorii kennuu caalaa wantoota fooklooriin ofkeessatti hammatu tarreessuurratti xiyyeeffatu. (Dundes, 1965; Dorson 1972) Ta'us, yeroo dheeraadhaaf dameen beekumsaa kun maqaa 'folklore' (fookloorii) jedhu kana osoo hin argatin, maqaa biraatiin waamamaafi beekamaa tureera.

Yaada kana ilaalchisuun, Dorson (1972,f. 1) waa'ee dhuftee fookloorii yoo ibsu, "Folklore emerged as a new field of learning in the nineteenth century when antiquaries in England and philologists in Germany began to look closely at the ways of lower classes….The word folklore phrase thenceforth adopted in place of cumbersome phrase popular antiquities," jedha. Akka yaada kanaatti, beekumsa hawaasaa akka damee barnoota tokkootti qorachuun kan jalqabame Jaarraa 19[ffaa] keessaa biyyoota Ingilizii keessatti namoota hambaa meeshaalee durii qorataniifi Jarmanii keessatti ammoo qorannoo guddina afaanii warra geggeessaniiniidha.

Yaada kanas Faqqadeen (1991) akkas jedha. "Two of the early scholars of the field in Germany the Brothers Grimm, Jacob and Wilhelm Grimm's "Grimm's Fairy Tales" are a collection of stories shared by the rural folk of Germany, some of the early texts to be collected."Akkuma yaada armaan olii irraa hubatamutti fooklooriin biyya Jarmanii akka hin banneef obboleewwan kun lamaan qorannoo isaaniitiin qindeessanii kaa'aa akka turaniidha. Kunis, seenaa fookloorii addunyaa keessatti iddoo guddaa kan qabuudha. Kanaaf, beekumsi kun mooggaasa fookloorii jedhu osoo hin argatin dura hambaawwaan aadaa ajaa'ibsiisoo (dinqisiifamoo) ta'aniin yookiin ijaarsota bebbeekamoo durii jedhamuun akka beekamantu hubatama.

Kun ammoo, dirreen qorannoo kun maqaa kana kan argate yeroo dhiyoo keessa ta'uusaa agarsiisa. Maqaa kana kalaquun namni yeroo jalqabaaf itti fayyadame bara (1846) lammii biyya Ingilizii kan ta'e William John Toms jedhamu ta'uu ragaaleen ni mirkaneessu.

Karaa biraatiin, Fekade (1991), fooklooriin qabiyyeewwan garaa garaa kanneen akka: raagoo, afseenessoo, afwalaloowwan, durdurii, taphoota, dubbiiwwan fakkeenyaan dubbataman, eebbawwan, abaarsa, arrabsoo, nagaa walgaafachuu, huccuu aadaa, ragada, beekumsa, amantii, riqicha aadaa, muuziqaa, meeshaalee aadaa, sirba, maqaawwan barreeffamoota awwaalarratti barreeffamanii, tapha saddeeqaa, kadhannaawwan, haasaa sochiirratti hundaa'e, sanyii lakkaa'uu, gosoota nyaataa, ayyaanota waggaa kanneen akka: Ayyaana Qillee, Arafaa, Cuuphaa, Sooma hiikaa, Dhaloota Nabiyyuu Mohaammad, Cidhawwan, Guyyaa Boqonnaa, Guyyaa Injifannoo warreen jedhamaniifi kanneen kkf. of keessaatti akka qabatu ibseera.

Walumaagalatti, yaadrimee 'fookloorii' jedhurratti yaada beektonni kaa'an yoo ilaallu, hayyoonni yaadrimee fookloorii kana ija garaa garaan ilaalanii hiika addaa addaa akka itti kennaniif sababa kan ta'e, dirreen qorannoo kun yaadrimee bal'aa of keessaa qabaachuusaati. Sababa kanaaf, akkaataa ilaalchaafi hubannoo isaaniitiin yaadrimee tokko bifa addaa addaatiin ibsaniiru.

**2.2. Faayidaa Fookloorii**

Akka hayyoonni addaa addaa ibsanitti jiruufi jireenyi dhala namaa marti fooklooriin kan guutameefi isaan kan ibsamuudha. Haaluma kanaan, bareedinniifi miidhaginni jiruuf jireenya dhala namaa fookloorii keessa jiru akka riqichaatti hawaasa walitti fiduuf ni gargaara. Yaada kana ilaalchisuun, Brunvand (1979, f. 426) faayidaa fookloorii yoo ibsu, "Folklore is a sphere of interaction, needs and desires, and artistic expression with its own structures and aesthetics," jechuun kaa'a. Akka yaada kanaatti, fooklooriin hawwiifi fedhii guddaa hawaasni qabu; akkasumas, ogummaa artii hawaasaafi caasaa artii hawaasaa, miidhagina isaa waliin akka geengootti kan walquunnamsiisu ta'uu isaa hubanna.

Akkasumas, Bascom (1965) faayidaa fooklooriin hawaasa tokkoof qabu kanneen akka: barsiisuuf, cimsuuf yookiin eenyummaa agarsiisuuf, to'achuuf yookiin ittisuufi miliquuf hawaasa dhimma itti bahu tokko nigargaara jechuun faayidaa fookloorii iddoo gurguddaa afuritti qoodee kaa'eera.

Kana malees, fooklooriin dhaloota darbeefi kan ammaaf riqicha ta'uun akka daandii ce'umsaatti walquunnamsiisa. Kunis, hambaalee bara durii turaniifi amma jiran, walitti fiduun labata ammaaf ni dhiyeessa; kan boriif ammoo ol kaa'a. Kanaafuu, fooklooriin hawaasni tokko eenyummaa isaanii akka ijaarrataniifi ibsatan gochuun miseensonni hawaasichaa hidhanni isaan walii walii isaanii wajjin qaban karaa ijaaramaafi guutuu ta'een akka bu'uureffamu gochuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Gama biraatiin, Dundes (1965, f. 279-298) faayidaalee fookloorii akka walii galaatti bakka gurguddoo afuritti qoodee yoo ibsu,

> There are four main functions of folklore. The first function of folklore is that it serves as a form of amuserment or intertainment. The second consistis in the role it plays in validiting culture. The third function of folklore is found in the role that it plays in education and the fourth function consists in maintaining the stability of a culture.

Yaadni armaan olii kun kan ibsu faayidaan fookloorii, bashannansiisuu, aadaa dhugoomsuu, barsiisuufi aadaa eeganii tursiisuuf. Kanumatti dabaluudhaan, Faqqadeen, (1991), faayidaa fooklooriin haala qabatamaa biyya keenyaan qabu yoo ibsu fooklooriin: hambaalee tursiisuuf, tarsiimoo misooma baadiyyaa baasuuf, barnoota idilee yaadrimeessuufi Hojiilee ogbarruu/aartii ammayyaa gabbisuuf kanneen jedhamaniif faayidaa guddaa qaba jedha.Walumaa galatti, faayidaan fookloorii wantoota dhalli namaa durii kaasee hojjechaa ture; kan inni ammas raawwachaa jiru; gara fuula duraattis kan raawwatu hundumaa kan ibsuufi kan baatee deemuudha jechuun ni danda'ama.

**2.3. Gosoota Fookloori**i

Qorattoonni fookloorii, fookloorii gooroowwan addaa addaatti qoqqooduun qorachuu yaalu. Kun immoo, guddina fooklooriifis ta'ee hubannoo hawaasni irratti qabu gabbisuuf gahee guddaa qaba. Haaluma kanaan, walqabsiisee Dorson (1972, f. 2-3) dameewwan fookiloorii gurguddoo kan jedhaman yoo ibsu, "Foklore is the social, material and oral cultureor primitive societies. The social culture comprises such as festivals, dance and relegious rites. The material culture comprises archtectute, art and crafts. The oral culture includes songs, tales, legends, proverbs and riddles" jedha. Kun kan agarsiisu fooklooriin dameewwan akka afoolaa, duudhaa hawaasaa, meeshaalee (wanta) aadaa, aartii sochii hawaasaa kan of jalatti hammatu ta'ee isaanis, birkiilee hedduu kan of jalaa qaban ta'uu isaaniiti.

> Myths, legends, folktales, jokes, proverbs, riddles, chants, charms, blessings, curses, oaths, insults, retorts, taunts, teases, toasts, tongue-twsters, and greating and leavetaking formulas (e.g., See you later, alligator). It also includes folk costume, folk dance, folk drama (and mime), folk art, folk belief (or superstition), folk medicine, folk instrumental music, (e.g., fiddle tunes), folksongs (e.g., lullabies, ballads),) folk speech (e.g., slang), folk similies (e.g., as blined as bat), folk metaphors (e.g., to paint the town red), and names (e.g., nicknames and place names)… (Dundes 1965)

Akka yaada armaan oliitti, fooklooriin: raagamtaa, afseenaa, durdurii, baacoo, mammaaksa, hibboo, eebba, abaarsa, arrabsoo, kakaa, urursuufi deddeebisa dubbii afaanii kan of keessatti hammatuudha. Kanarraa ka'uun, gosoota fookloorii akka armaan gadiitti kaa'ameera.

**2.4. Afoola (Ogafaan)**

Afoolli wantoota afaaniin dubbatamaniifi qooqaan (afaaniin) ibsaman (afseenessoofi afwalaloo) hunda hammata. As jalatti, seeneffamoota akka: sheekkoo, oduu durii, mammaaksa, hibboofi kkf. ofjalatti qabachuu danda'a. Seeneffamoota, afwalaloo, faaruu gootaa, faaruu ateetee, faaruu amantii, faaruu tiksee, faaruu boo'ichaafi kan kana fakkaatan ta'uu danda'u.

Afoolli gooroowwan fookloorii keessaa isa tokko ta'ee, waan gareen hawaasaa tokko waliin qooddatan kanneen akka: aadaa, amantaa, siyaasa, diinagdee, guddina, qaroomina afaanii, safuu, duudhaafi kkf of keessatti hammata. Yaada kanaan walqabsiisee, Berhanu, (2009,f. 13) yoo ibsu, "As its name suggests the term oral literature refers to verbal art or traditional cultures usually composed oral and tranismited from generation to generation by word of mouth," jedha. Akka yaada kanaatti, afoolli aadaafi duudhaa hawaasaa kan of keessatti hammatu ta'ee, himiinsa afaaniin dhalootaa gara dhalootaatti kan daddarbu akka ta'e ni hubachiisa.

Dabalataanis, Rabbirraan (2009, f. 159) akka ibsutti,

> Afoolli kalaqqee sammuu keessatti yaadamuun kalaqamanii afaaniin himaman yookiin dhiyaataniidha. Afoola jechuun hawaasni tokko aadaa, muuxannoo, falaasama, aartii, amantaa, afaan, uffannaa, nyaataafi meeshaalee isaa dhalootaa gara dhalootaatti kan ittiin eegee daddabarsuudha. Haalli inni ittiin dabarsus raawwiidhaan yookiin himamsa afaaniin ta'uu danda'a jedha.

Haala kana keessatti, afoolli kalaqa ta'ee, muuxannoo hawaasa darbee isa yeroo ammaa kanas ibsuu keessatti ga'ee guddaa qabaachuufi uummata har'aafi durii kan walquunnamsiisu ta'uu isaati. Gama biraatiin, Finnegaan (1976, f. 624) afoola yemmuu ibsitu: "Oral litirature is by difinition dependent on a performer who formuletsit in the words on specific occasion. There is

no other ways which it can berealizedas literary products." jetti. Wanti yaada hayyuun kun ibsite irraa hubannus, hiikni afoolaa itti fayyadama afoolaa irratti hundaa'a. Inni kun immoo, afoolli gochaan labata irraa labatatti daddarbuu isaa agarsiisa.

Haaluma kana fakkaatuun, Addunyaan (2014, f. 166) irratti afoola akkaataa armaan gadiitti ibsa.

> Afoolli ogummaa labata tokkoo kan biraatti afaaniin darbuudha. Fayyadama afaanii kan ilmi namaa uumaa, uumama beekumsa natoofi baramee ittiin hubatu jechuunis nidanda'ama. Kana malees, sochii miiraafi sammuu isaa keessatti lubbuu godhate miidhagina uffachiisee bifa qindaa'ina qabuun kan dhiyeessu, sammuu kan dammaqsu, miira kakaasee kan sissi'eessu, hojii uumee ta'uun isaas ifa. Kanaafuu, aadaa, seenaa sadarkaa guddinni hawaasichaa irra jiruufi irra ture mul'isuuf, jechootaafi ibsitoota dhaga'uufi dubbachuuf tolaniin kunuunsee dhiyeessa.

Akkasumas, afoolli abbummaan osoo hin ta'in uummatummaan beekama. Namni mirga abbummaa falmatu hin jiru. Kanaafuu, afoolli muuxannoo jiruufi jireenya dhala namaa keessaa kan burqe waan ta'eef, ragaa qabatamaa uummata tokkooti (Nagarii, 1993). Haata'u malee, jechi 'afoola' jedhu kun bara dheeraaf maqaa yookiin moggaasa garaa garaan waamamaa tureera.

Kanas, (Asafaan, 2009) Keessumattuu moggaasa afoolaan walqabsiisnee, gara Afaan Oromootti deebinee yoo ilaalle, jechoota garaa garaa kan akka: ogafaan, hima afaanii, afoola, himamsaafi kkfn ni argamu. Kun ammoo, waltina afaaniifis ta'ee, yaadrimee bakka bu'e sana guutummaa guutuutti agarsiisuu dhabuu nidanda'a. Kana qofa osoo hintaane, qorattoonni tokko tokko jecha 'afoola' jedhuun yaadrimee 'fookloorii' jedhu yoo bakka buusan, gariin isaanii ammoo, jecha 'afoola' jedhuuf yaadrimee isaa afaan Ingiliziin, 'Oral literature' jedhu bakka buusuun yeroo addaa addaa itti gargaaramaniiru.

Haaluma kanaan, Yaadrimee 'afoola' jedhuuf isa Afaan Ingiliziin 'folklore' jedhu kan bakka buusan keessaa, (Asafaa, 2009; Misgaanuu, 2011) argachuu nidandeenya. Akka beektonni kun jedhanitti jechi Afaan Oromoo keessatti 'afoola' jedhamuun dhimma itti ba'amu yaadrimeen isaa Afaan Ingiliziin 'folklore' jedhu waliin waan walgituuf qorannoo Afaan Oromoo keessatti jechi kun bakka isaa bu'ee nutajaajiluu nidanda'a ilaalcha jedhu qabu. Kanaafuu, yaadrimee Afaan Ingiliziin 'folklore' jedhuuf Afaan Oromoo keessatti 'afoola' yoo bakka buusan, isa Afaan Ingiliziin 'Oral literature' jedhuuf ammoo, 'ogafaan' jecha jedhu bakka buusuun itti gargaaramaniiru.

Haata'u malee, Fedhasaan, (2013) yaada kana mormuudhaan, 'afoolli' yaadrimee fookloorii jedhuun walgituu akka hindandeenye ibseera. Sababni inni dhiyeesses, afoolli qaama fookloorii keessaa tokko ta'uun kanneen afaaniin dhalootaa dhalootatti lufu yoo ta'u; fookloriin garuu, kanaan olitti: duudhaa hawaasaa, artii hawaasaafi meeshaalee aadaa akka dabalatu kaa'eera. Kanaafuu, Afaan Ingiliziin 'Oral literature' isa jedhamuun 'afoola', 'folklore' isa jedhamuun ammoo, jechoota Afaan Oromoo keessaa jechi yaadrimee kana bakka bu'u waan hinjirreef, ergisaan 'fookloorii' fudhachuun gaarii akka ta'e kaa'eera.

Egaan, yeroo waa'ee afoolaa ibsinuufi barreessinu bifa walfakkaatuun moggaasnee itti gargaaramuu dhiisuuniifi yaadrimee walfakkaatu bakka buusuu dhiisuun waltina afaanichaarrattis ta'ee namoota fookloriifi afoola hawaasa Oromoorratti qorannoo geggeessaniif mata dhukkubbii waan ta'uuf, anis yaada Fedhasaa, (2013) deeggaruudhaan qorattoonni osoo yaadrimee isa afaan Ingiliziin 'oral literature' jedhuuf, Afaan Oromoo keessatti haala walfakkaatuun osoo 'afoola' kan jedhutti gargaaramanii gaariidha. Jecha 'folklore' jedhuuf ammoo fookloorii fayyadamuun sadarkaa tajaajila jechoota kanaa hubatanii itti dhimma bahuuf ni gargaara.

Gama biraatiin, Finnegan (1976, f. 24) waa'ee afoolaa yoo ibsitu "Oral literature is by definition dependent on a performer who formulates it in words on a specific occasion.There is no other way in which it can be realized as literary product." Yaada olii kanarraa akkuma hubatamu afoolli amala isaatiin ogummaa afaanirratti hundaa'uun raawwatamuufi daddarbuudha. Kana malee, miidhaginni ogummaa kanaa kan inni irratti hundaa'u, dandeettii ittiin ogummichi akka kalaqamuufi guddatuuf dirqama fudhatuudha. Yaaduma armaan olii kana cimsuudhaan, Getaachoo (2004)fi Nagaarii(1993) afoolli ogummaa afaaniin yookin dubbiidhaan dhalootarraa dhalootatti daddarbu ta'uu isaa ibsaniiru. Bukenya (1994,f. 84) waa'ee afoolaa yooibsu "oral literature is the heart of people's way of life it is very solu of their culture." Yaada kanarraa wanti hubatamu afoolli yaada laphee hawaasaa, akkaataa jiruuf jireenyaafi aadaa saba tokkoo kan ibsu ta'uu isaati.

Walumaa galatti, yaada hayyoota armaan oliirraa hubachuun kan danda'amu afoolli hambaa saba tokkoo ta'ee afaaniin dhalootarraa dhalootatti kan darbu ta'uu isaafi hiikkaa afoolaa haala darbiinsaa, amalaafi faaydaa isaa irraa ka'uun ibsamuu akka danda'uudha. Qabatamaanis afoolli gosoota fookiloorii keessaa akka gosa tokkootti kan fudhatamu ta'uu isaati.

## 2.5. Faayidaa Afoolaa

Afoolli guddina, dandeettii sammuu, hojiifi kaka'umsa namaa cimsuun, miseensa hawaasaa keessatti jaallatamaa nama taasisuufi jireenya mijaawaa akka jiraatan nama gochuu keessatti iddoo olaanaa qaba. Kana ilaalchisuun, Andzejekwski (1985, f. 38) yoo ibsu, "Oral literature Perform a wide variety of social functions" jedha. Akka yaada kanaatti, afoolli tajaajila hawaasummaa addaa addaa hedduu kan kennuudha. Afoolli ogummaa labata tokkoo kan biraatti afaaniin baatamee daddarbuudha. Fayidaan afoolaa kan ilmi namaa uumaa, uumama beekumsa natoofi baramee ittiin hubatu jechuunis ni danda'ama.

Kana malees, sochii miiraafi sammuu isaa keessatti lubbuu godhate miidhagina uffachiisee bifa qindaa'ina qabuun kan dhiyeessu, sammuu kan dadammaqsu, miira kakaasee kan sissi'eessu, hojii uumee ta'uun isaas ifaadha. Kanaafuu, aadaa, seenaa sadarkaa guddinni hawaasichaa irra jiruufi ture mul'isuuf, jechootaafi ibsitoota dhaga'uufi dubbachuuf tolaniin kunuunsee dhiyeessa jechuun ibseera. Akkasumas, afoolli abbummaan osoo hinta'in uummatummaan beekama. Namni mirga abbummaa falmatu hinjiru. Kunis, afoolli muuxannoo jiruufi jireenya dhala namaa keessaa kan burqe waan ta'eef, ragaa qabatamaa uummata tokkooti jedha (Nagarii, 1993).

Haaluma kanaan, Alamaayyoofi kanneen biroon, (2006: xxiii), Harmer, (1980) wabeeffachuun "Oral literature is necessary to resort to the oral traditions and genealogies…in order to reconstruct the broad outlines of their origins and early existence," jechuun ibsaniiru. Barruun kun ammoo, qorannoo seenaa keessatti gaheen afoolli qabu olaanaa ta'uu agarsiisa. Kanaafuu, seenaa uummataa bifa barreeffamaan hinjirre tokkoo duubatti deebi'anii ijaaruuf maddaafi jireenya isaanii mirkaneeffachuuf afoolliifi hiddi latinsaa bakka guddaa of keessaa qabachuu isaa mul'isa. Dabalataanis, Addunyaan (2014, f. 170) faayidaa afoolaa yoo ibsu, "Afoolli tajaajila hedduu qaba. Isaan keessaa muraasni haala yeroo ibsuufi ta'iinsota kuusuu, hir'inaafi cimina jiru qeequu, onnachiisuu, barsiisuufi miliqsuudha," jechuun lafa kaa'eera.

Gama biraatiin, Alamaayyoofi kanneen biroon (2006, f. xxiv) Janvansina (1995) wabeeffachuudhaan akka armaan gadiitti ibsan.

> Oral traditions had a part to play in the reconstruction of the past. The importance of this part varies according to place and time. It is apart similar to that played by written sources because both are messages from the past to the present, and messages are key elements in historical reconstruction. When writing fail tradition comes on stage. This is wrong where ever oral traditions are extent; they remain an indispensable source for reconstruction. They correct other perspectives just as much as other perspectives correct it. jedha.

Yaada kanarraa wanti hubatamu, ragaaleen afoolaan argaman akkuma ragaalee barreeffamaa ergaa akka dabarsan, ijaarsa seenaa darbee keessatti seenaa barreeffamaan jiru waliin akka ragaaleetti yoo xiinxalaman gahee walqixa ta'e akka qabaniifi seenaa dogoggoraan barreeffame sirreessuuf akka gahee guddaa qabaniidha.

Itti dabalees, Asaffaa (2009, f. 20) faayidaa afoola akkas jechuun ibsa. "Ilmoon namaa barreeffamaan of ibsuu osoo hin jalqabin dura ogafaan yookiin afoola yookiin fakkii bocaan yaada ofiisaa ibsa ture. Kanarraa kan ka'es, umuriin ogumaa umurii afaaniitiin qixxee ta'a jedhamee tilmaamama" jedha. Akka yaada kanarraa hubatamutti, dhalli namaa osoo sirna barreeffamaatti gargaaramuu hin jalqabin durirraa kaasee afoolatti dhimma bahaa akka tureedha. Kunis, mudannoofi muuxannoo isaa ogummaafi kalaqaalee, akkasumas, aartiiwwan bobbocaa qabullee afoolatti dhimma ba'uudhaan daddabarsaa kan tureedha.

**2.6. Amaloota Afoolaa**

Afoolli akkuma qabiyyee bal'aa qabu amaloota addaa addaas kan qabuudha. Kanaaf, waa'een afoolaa yeroo ibsamu wanti dagatamuu hin qabneefi isa waliin ka'uu qabu keessaa inni guddaan amaloota afoolaati. Amaloota isaa jiran keessaa warreen gurguddoon: uummatummaa, lufummaa, miidhagummaa, jijjiiramummaafi hurruubummaadha. Kanas, Wasanee, B (2001, f.170) "Afoolli kalaqa ilma namaan haa uumamu malee kan abaluuti jechuuf ragaan hin jiru. Kanaaf, afoolli kan uummataati. Sababuma kanaan amala uummatummaa qaba" jedhama. Lufummaan haala ogafaan dhalootaa dhalootatti darbuun kan walqabatuudha. Misgaanuu (2011, f. 30) "Ogafaan bara kalaqamee eegalee hanga har'aatti osoo daddarbuu harra gahee jira, dhaloota dhufuttis haaluma walfakkaatuun lufa" jedha. Yaad rimee armaan oliirraa kan hubannu afoolli uummatumaan uumamee uummata yeroo sana qofa tajaajilee kan hin dhaabbanneefi gara dhaloota itti aanuutti kan darbu ta'uu isaati. Inni dhumaa amala jijjiiramaa (dynamic) afoolli qabuudha. Afoolli tokko afaaniin si'a daddarbu jijjiirama agarsiisuu danda'a. Namni tokko waltajjii irratti afoola daawwattoota isaaf yoo dabarse, daawwattoonni isaa kunis

wanta arganiifi dhagahan kana gara nama biraatti dabarsuu danda'u.Yeroo kana immoo itti dabaluufii irraa hir'isuu waan danda'aniif afoolichi jijjiiramaa deema. (Zarihuun, 1992:25). Akka yaada hayyuu kanaatti afoolli wanta afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbuuf jijjiiramaa deemuu isaa mul'isa. Fakkeenyaaf, afoolli dhalootarraa dhalootatti yemmuu darbu jijjiirama qabiyyee, uunkaafii hiikkaa haala yoomeessaa irratti hundaa'ee itti dabaluu yookan irraa gatamuu kan danda'u ta'uu isaa ibsa. Dabalataanis, amala afoolaa ilaalchisee Getaachoo (2006, f: 141) "Afoolli gochaan kan walqabatu ta'ee yeroo baay'ee gumiidhaan kan dalagamu akkasumas wantoota darbe irratti kan xiyyeeffatuudha" jedha. Akka yaada kanaatti afoolli kan hurruubummaa qabu, kan iftooma qabu, kan gareen dalagamu, kan jiruufi jireenya darbe irratti hundaa'u ta'uu isaa mul'isa.

Akka walii galaatti Tafariin (1998) Amaloota afoolli qaban kanneen bakka gurguddaa shanitti qooduun kaa'eera. Isaanis: jijjiiramummaa, miidhagummaa, lufummaa, hurruubummaafi uummatummaadha.

- **Jijjiiramummaa:** Adeemsa kana keessatti afoolli, akaakileerraa akaakayyuutti, akaakayyuurraa abbaatti, abbaarraa ilmatti afaaniin daddarbuuf yeroorraa gara yerootti jijjiiramaa adeema. Jijjiiramni kunis, jijjiirama walduraa duuba jechootaa, himootaafi yaadolee, qooddattootaafi yoomeessaa ta'uu nidanda'a.
- **Miidhagummaa:** Geerarsi, mammaaksi, hibboofi wkf.n miidhagina qabu. Kaayyoo guddaan afoolaa ammoo, sammuu namaa bashannansiisuudhaan sammuu namaa qoraasaa barnoota dabarsuudha. Kanaafuu, afoolli hojii namni sammuu isaatiin kalaqee, miidhagina gonfachiisee dhiyeessuudha.
- **Lufummaa:** Afoolli dhaloota tokko qofaarratti hindhaabbatu; dhalootarraa gara dhalootaatti darba malee. Kanaafuu, eenyu akka kalaqeefi yoom akka kalaqame hinbeeknu lufummaasaa qofa as gahuusaa malee. Kun ammoo, afoolli amala lufummaa qabaachuusaa nuhubachiisa.
- **Hurruubummaa:** Afoola keessatti hurruubummaan ulaagaa guddaafi lubbuu afoolati. Afoolli sagaleefi weelleen, himuudhaaniifi gochaan dhiyaata. Dhiyeessaafi dhaggeeffataa yookiin daawwataa qaba. Kanaafuu, hurruubuun afoola ni mi'eessa yookiin ni dhangaggeessa.

- **Uummatummaa:** Miseensota hawaasichaa hundaan kalaqamee kan uummatni hundi itti fayyadamu; eenyu akka kalaqeefi yoom akka kalaqame hinbeekamu. Kanaafuu, afoolli qabeenya uummata hundaati malee, kan dhuunfaa miti.

### 2.7. Gooroowwan Afoolaa

Afoolli bal'ina isaarraan kan ka'e yeroo tokkotti qoratanii waliin ga'uun nama dhiba. Kanaafuu, namni afoola qorachuuu barbaade tokko dameewwan kanneen sirriitti hubachuun daangeffatee hin ka'u taanaan, akka nama marfata galaanaatti seenee karaa ba'umsaa dhabee ta'a. Kanaafuu, waa'ee afoolaa qorachuuf hunda dura gosoota afoolaa beekuun murteessaadha. (Fedhasaa, 2013). Kunis, afoola hawaasaa qorataanii bira gahuudhaaf gosa gosaan kaa'uun barbaachisaa ta'uusaa agarsiisa. Kanaan walqabsiisee, Okpewho (1999) gosoota afoolaa Afrikaa bifa isaan qaban irratti hundaa'uudhaan bakka gurguddaa sadiitti qooduun kaa'eera. Isaanis: raagoowwan, afwalaloofi unkawwan gaggabaaboodha.

Bal'inaafi gosoota afoolaa kanas toorri interneetii http:/www. Orallitrature.org jedhu yoo ibsu. "Oral literature is a broad term which may include ritual texts, curative chants, epic poems, musical genres, folk tales, creation tales, songs, myths, spells, legends, provebs, riddles, tongue twisters, word games, recreations, life historie or historical narratives" jedha. Yaada olii kana irraatti akkuma ibsame afoolli waan hiika bal'aafi dameewwan akka barreeffamoota durii, sirboota, walaloowwan gaggabaaboo, uumteewwan, hibboo, mammaaksa, sirboota, afseenaalee, afwaloowwan taphootaafi kanneen biroo kan of jalatti hammatu ta'uu isaati.

Haaluma kanaan, Finnegan (1970, f. 12) gama isheetiin waa'ee gosoota afoolaa yeroo ibsitu "Afoolli dimshaashumatti haala lamaan ilaalamuu kan danda'amu yoo ta'u, Inni tokko kan nama hawwatan ta'anii dubbiidhaan yookaan hololoodhaan kan daddarbuudha. Inni lammataa immoo bifa walaloofi yedaloodhaan dhiyaachuu kan danda'uudha."

Gama biraatiin, Okpewho (1992, f. 127-290) "Afoolli afrikaa bifa muuziqaafi do'iin gosoota fookilorii raawwii yookiin sochiin hurruubaman jala galan jechuun bakka sadiitti yoo qoodu, sirbootaafi jechamoota (songs and chants), raagoowwan (oral narratives)fi kanneen cimina sammuu mul'isaniidha" jedha. Bu'uuruma kanaan afoola bakka sadiitti qooduun dhiyaatee jira. Isaanis: raagoo (oral narrative), qareeyyii (witteism), afwalaloo (oral poetry)dha. Isaan kana keessaa afwalaloon namoota bebbeekamoo gosa afoolaa keessatti ramadama.

Gama biraatiin, gosoota afoolaa Encyclopediy of birtannica gosoota afoolaa yoo ibsu;

> The geners of oral literature covers spoken and song expression.They may be further divided in to the two larger gruping of folk narrative including of myth, legend, tales, and folk song and such other smaller geners of proverb, riddle and belief or superstation.Folk narrative is a wide range of oral prose traditions (Encyclopediy of Birtannica V.1993 :308).

Yaada armaan oliirraa hubachuun akkuma danda'amu afoolli gooroowwan gurguddoo lama hammachuu danda'a. Isaanis, afwalaloofi afseenaa akka ragamtaa, afseenaa durdurii yoo ta'u afwalaloon immoo, bifa muuziqaa qabaatee afaaniin kan daddarbu ta'uu isaati. Gosoota isaa ilaalchisuudhaan, Taarikuun (2016), Okopewho (1999, f. 78) wabeeffachuun yoo ibsu, gosoota afoolaa unkaafi amala dhuunfaa qaban irratti hundaa'uun; afwalaloo, geerarsa, sirboota, faaruuwwan, hurursaa daa'immanii, tapha ijoollee, mararoofi kkf. Raagoowwan: durdurii, afseenaa, ragamtaafi warra unka gaggabaaboo: hibboofi mammaaksa jechuun adda ba'amee xiinxalamuu ni danda'ama jedha.

Akkasumas, Finnegan (1976) yaaduma kana ilaalchistee "Afoolli walumaagalatti karaa lamaan ilaalamuu kan danda'amu yoo ta'u inni tokko kan nama hawwatan ta'anii dubbiidhaan kan darbaniifi lammaffaan immoo bifa afwalaloon kan dhiyaatu" jetti. Yaada kanarraa hubachuun kan danda'amu afoolli gosa gurguddoo lama kan qabu ta'uu isaati. Isaanis, Afwalaloofi Afseenaadha. Gosoota afoolaa armaan olitti tarreeffaman bu'uureffachuun gosa afoolaa bifa afwalaloon mul'atan keessaa afwalaloo namoota bebbeekamoo hawaasa Aanaa Jimmaa Arjoo keessa turanii kan qaaccesseedha.

## 2.8. Afwalaloo

### 2.8.1. Maalummaa Afwalaloo

Afwalaloo ilaalchisuudhaan, Abbabech Tamasgeen (2019, f.13) irratti yoo ibsitu, "Afwalaloon gooroowwan afoolaa keessaa tokko ta'ee, bifa walalootiin afaaniin dhalootaa dhalootatti kan daddarbuudha. Sagalee yeedaloo qabuun waan darbuuf miidhagina kan qabuufi qalbii namaa harkisuu kan danda'uudha" jetti. Yaada olii kana irraa akkuma hubatamu, afwalaloon waa'ee jiruufi jireenya hawaasa tokkoo bifa walalootiin miidheksee dhaloota irraa dhalootatti kan daddabarsu ta'uu isaati. Kana ilaalchisuun toorri interneetii http: //213.55.95.56/ handle/ 123456789/ 23156i jedhu yoo ibsu, "Maalummaa Afwalaloo ilaalchisee, Afwalaloon hawaasa

dubbisuu yookiin barreessuu hin dandeenyeen yookiin danda'uun walaloo qindeeffamee afaaaniin daddarbuudha" jedha. Yaadni kunis, afwalaloon qabeenya hawaasni ofii isaatii uummatee ittiin jiruufi jireenya isaa dhaloota irraa dhalootatti daddabarsaa tureedha.

Haaluma kanaan, maalummaa afwalaloo ilaalchisee David (1995, f. 2) irratti yoo ibsu, "Oral poetry can be defined as various ways astritic definition would include only poetry that iscomposed and transmitted with out any aid of writing" jedha. Yaadni kun kan agarsiisu, afwalaloon haala garaa garaatiin hiikamuu kan danda'uufi bifa barreeffamaan qindaa'ee kan dhiyaatu osoo hin taane afaaniin qindaa'ee afaanumaan kan daddarbu ta'uu isaati.

Kanaaf, afwalaloon uumtee (kalaqa) hawaasaa bifa miidhagina qabuun qindaa'ee taateewwan jiruufi jireenya hawaasaa keessatti idileenis ta'ee al idileen mudachaa oolan kanneen akka: gammachuu, gaddaa, gootummaa, jagnummaa, jibba, jaalala, aadaa, duudhaafi ilaalcha hawaasni waliif qabu kan miidheksee agarsiisuudha.

### 2.8.2. Gosoota Afwalaloo

Gosoota afwalaloo ilaalchisuun, toorri interneetii https://www.encyclopedia.com› history oral-poetry-stor jedhu yoo ibsu,

> All such epics have three principal characteristics: they are heroic, poetic, and narrative. While they have well-known story lines like folktales, these oral epics do not have fixed texts. Rather, they are told differently every time they are narrated, even by the same poet on different occasions.

Yaada armaan olii irraa akkuma hubatamu afwalaloon gootaa gosoota addaa addaa qaba. Isaanis, afwalaloo gootummaa yookiin jagnummaa, afwalaloo ogummaafi afwalaloo seenessaati jechuudha.

Akkasumas, Tafariin (2006) Sumner (1996) eeruun afwalaloo bakka saddeetitti qoodee jira. Isaanis, walaloo jaalalaa, geerersa, walaloo hojii, Walaloo Amantii (Ateetee, kadhannaa, Irreecha), Walaloo Ayyaanaa (cidha, gadda), Walaloo goototaa (Nama kan ittiin qeeqanfi jajan), Walaloo mirrisaa(bakka barbaannetti miira gaddaas ta'ee gammachuu kan ittiin ibsan), urursaa (daa'ima sossobuuf) kanneen ta'aniidha.

Haaluma kanaan, Misgaanuun (2011: 44) yoo ibsu, "Gosoota afoola Oromoo keessaa kan afwalalummaa of keessaa qaban: geerarsa, hibboo, mammaaksa, weedduuwwan jaalalaa, weedduu daboo, kan cidhaa, weedduu asmaarii, weedduuwwan mararoo, kan ateeteefi wkf maqaa dha'amuu danda'u," jedha. Akkasumas, faayidaa afwalaloon walqabsiisee Misgaanuun

(2011: 45), Zelalem (2003) wabeeffachuudhaan yoo ibsu, “Oromo oral poetry is one of those modes of expressions, that helps to externalize human feelings and imaginations, about love, dream, hope thoughts, aspirations, and ideas about gods, about nature, about beauty and other many things” jechuun lafa kaa’eera.

Yaada armaan olii irraa akkuma hubatamu, afwalaloon Oromoo meeshaa guddaa miira ilma namaa keessaa jiru ittiin bakkeetti baafatan ta’ee; miirri kunis, waa’ee jaalalaafi jibbaa, abjuufi abdii gara fuula duraa, uumaafi uumamaa, bareedinaafi fokkisinaa, dhimma roorroo, dhiphuufi kanneen kana fakkaatan ittiin ibsachuuf kan gargaaruudha.

Dabalataanis, Biyyanaan (2008/2016, f.14) irrtti gosoota afwalaloo yoo ibsu, “Afwalaloon haala garagaraatiin gosa adda addaatti qooddama. Kanneen keessaa gurguddoon kaayyoo isaa, hurubummaa isaa, yoomessa isaafi walaloo isaa irratti hundaa’ee haala tajaajila hawaasaa kennu irratti hundaa’uun qoodama.” jedha. Ittuma fufuudhaan, Biyyanaan Andirizeeksi (1985, f. 410-14) wabeeffachuun yoo ibsu “Afwalaloon Oromoo kan yeroon daanga’aniifii kan yeroon hindaangofne yoo ta’u afwalaloon yeroon hindaangofne walaloo jaalalaa, amantii ateetee…yoo ta’u afwalaloon yeroon daanga’an ammoo walaloo loonii, faaruu boo’ichaa, goototaa…akka ta’an” tarreessa.

Kana malees, Fedhasaan (2013, f. 49) akka ibsetti, “walaloo afoola (afwalaloo) Oromoo bakka gurguddoo torbatti qoodamuu danda’a. Isaanis, geerarsa, weedduu, sirba, faaruu, eebba/abaarsa, guungummiifi tabaalliidha. Hawaasa keessatti maqaalee kanaan beekamanis daangaan hubannoo saanii kaa’amee hin jiru.” “Gosoota ogafaan Oromoo keessaa kan afwalalummaa ofkeessaa qaban: geerarsa, weedduu jaalalaa, weedduu seenaa, weedduu siyaasaa, weedduu asmaarii, weedduu cidhaa, weedduu ateeteefi weedduu daboo fa’i.” (Misgaanuu, 2011, f. 59). Yaada armaan oliirraa akka hubannutti afwalaloon gosoota afoolaa keessaa isa tokko ta’ee, gosoota addaa addaa kan of jalatti hammatuudha.

Walumaa galatti, gosoonni afwalaloo hedduu ta’anii isaanis haala raawwiifi yoomeessa isaa akkasumas, faayidaa isaa irratti kan qoodamaniidha.

#### 2.8.2.1. Afwalaloo Gootummaa Agarsiisu

Akka Michael Zwettler (1978). waa'ee afwalaloo gootaa ibsutti, "An abiding, popular form of colloquial poetry is the epic form produced spontaneously along particular story lines byilliterate poets." jedha. Yaada armaan olii irraa akkuma hubatamu, afwalaloon gootaa umurii dheeraa qabatanii qe'ee keessatti osoo itti hin yaadamin (tasa) hawaasni hin baranne ittiin goota jajuuf kalaqateedha.

Haaluma kanaan, Gonfaan (2008, f. 23), (Sumner, 1996) wabeeffachuun gosoota afwalaloo Oromoo yoo ibsu, "Afwalaloowwan Oromoo: afwalaloo jaalalaa, faaruu gootummaa, afwalaloo seenaa, faaruu tiksee, faaruu ayyaaneffannaa amantii, afwalaloo qeeqaa, faruu nama beekamaafi afwalaloo dhimma hawaasadha" jedha. Yaada armaan olii irraa akkuma hubatamu, gosoota afwalaloo keessaa tokko kan ta'e, afwalaloo bifa faaruu gootaatiin dhiyaatuudha.

#### 2.8.2.2. Afwalaloo Jalalaa Yookiin Jibbaa

Gosti afwalaloo kanaa kan hawaasni nama jaallatu tokko ittiin jaju yookiin leellisuuf nama jibbu immoo ittiin ceepha'uufi abaaruuf yookiin arrabsuuf baafatuudha. Gosa afwalaloo kanaa ilaalchisuun, Gonfaan (2008, f. 23), (Tesema, 2004). eeruun yoo ibsu, "Afwalaloowwaan Oromoo: afwalaloo jaalalaa, afwalaloo amantaa (afuuraa), faaruuwwan waqtiilee ibsan, afwalaloo barbaachisummaa addaa (siyaasaafi faaruu asmaarii) fa'i" jedha. Yaada armaan olii irraa akkuma hubatamu gosti afwalaloo Oromoo hedduu ta'uu isaati.

#### 2.8.2.3. Afwalaloo Faaruu Yookiin Sirba Agarsiisu

Gosa afwalaloo kanaan walqabatee Abbabech (2019, f. 15), Taarikuu 2016) wabeeffachuun yoo ibsitu,

> Uummanni Oromoos kan eenyummaasaa ittiin ibsatu, ittiin Waaqa kadhatu, ittiin wal gorfatu, ittiin wal ceepha'uufi kan ittiin wal jajjabeessu faaruu gosa hedduu qaba. Isaanis, faaruu loonii, faaruu jaalalaa, faaruu gootaa, faaruu ateetee, faaruu mararoo cidhaa, faaruu fardaa, faaruu daakuu, faaruu boo'ichaa, faaruu oogdiifi kkf hedduutu jiru. Faaruuwwan kunniin bakkaafi yeroo itti faarfaman qabu jetti.

Waraabbii armaan olii irraa akkuma hubatamu, afwalaloon faaruu kan sabni tokko wantoota jiruufi jireenya isaa keessatti raawwachaa oolu bifa afwalalootiin miidheksee yeedaloo ittii baasuudhaan miira keessoo isaa ittiin waliif ibsuudha.

#### 2.8.2.4. Afwalaloo Geerarsaa

Geerarsi gosa afwalaloo ta'ee unka gaggabaaboon kan dhiyaatuufi kan namoonni muuxannoo jiruuf jireenya keessatti isaan quunname kanneen akka: gadda, gammachuu, jibba, jaalala, hawwii, fedhii, hiyyummaa, badhaadhina, roorroofi hacuuccaa, gootummaa, garbummaafi bilisummaa, walumaa galatti, wantoota keessoo isaatti dhaga'ame bifa afwalaloon qindeessanii yeedaloon dabaalanii ittiin ibsataniidha. Haalli raawwii isaas yeroofi bakka addaatti ta'uu danda'a.

Haala raawwiifi dhiyaannaa isaatiin walqabsiisee, Abbabech (2019, f. 14) yoo ibsitu,

> Geerarsi egaa haalaafi bakkee addaa addaatti geerarama. Fakkeenyaaf, bakka cidhaa, daboo, dirree lolaa, bakka ajjeechaa yookaan adamoo, iddoo tikaa, bakka midhaan eeganiifi kanneen kana fakkaatanitti sababa garaa garaatiif geerarama. Isaan kunniin ammoo yoomeessa geerarsaa ta'uu isaa agarsiisu. Isaanis, dhaba ibsuuf, roorroo yookiin diddaa ibsuuf, cabsaa (cabsituu)fi gootummaa agarsiisuuf, doqnummaa, ajjeesaa, oomisha cimsuuf, lammii faarsuuf, injifannoo argataniif onnee kakaasuufi kanneen kana fakkaataniif geerarama jetti.

Gabaabumatti, Waraabbii armaan olii irraa akkuma hubatamutti, gosoota afwalaloo keessaa afwalaloon geerarsaa tokko ta'ee; kan yoomeessa mataa isaa keessatti raawwatamu ta'uu isaati.

#### 2.8.2.5. Afwalaloo Gaabbii Agarsiisu

Gaabbiin waantoota jiruuf jireenya keessatti dabarsan gara duubaatti deebi'uudhaan jaalala yookiin jibba waan keessa turanii sanaaf qaban ibsachuudha. Kunis, kallattii garaa garaatiin ta'uu mala. Isaanis, namni yookiin qaamni baasu sun haala dabarse sana isa amma dabarsaa jiruu wajjin wal bira qabee yeroo inni duraa sun isa ammaa caalu maaliifan keessaa ba'e jedhee gaabbuudha. Akkasumas, yeroo haalli inni amma keessa jiru isa duraatiin ol ta'ee argamu maaliifan isa duraa keessa ture jedhee ofitti gaabbuudha. Ta'us, garuu jiruuf jireenya isaatti namni hin gaabbine yookiin 'utuu' hin jenne hin jiru jedhama.

### 2.8.3. Faayidaa Afwalaloo

Afwalaloon damee afoolaa keeessaa tokko yoo ta'u, jiruufi jireenya ilma namaa keessatti namoota cimsuurratti afoolota warreen kaan caalaa filatamaadha. Fakkeenyaaf, yeroo daboon waliin hojjetu haamilee walii kennuu, yaada diinaa ofirraa cabsuufi gita qabsoo keessatti gahee

olaanaa qaba. Uummanni Oromoos, afwalaloowwaan dhimma addaa addaa ittiin ibsachuuf itti gargaaramu heddumminaan qaba.

Kanumaan wal qabsiisuun, Finnegan (1977, f. 241) faayidaa afwalaloo ilaalchistee yoo ibsitu, “Bu’aa afwalaloon qabu walkeessa jira, walmakaadha” jetti. Kunis kan irratti hundaa’u amala qabiyyeefi dhaamsa inni dabarsuu barbaade irratti, yoomeessa walalichi ittiin dhiyaate irratti, haaluma walaloo sun irratti hundaa’uun tajaajiluu danda’a. Faayidaan afwalaloo bashannansiisuuf, miira ibsuuf, hawaasummaa cimsuuf, miidhagina agarsiisuufi kan kana fakkaatuuf kan ooluudha.

Haaluma walfakkaatuun, Biyyanaan (2008, f. 14) Borgan (1993, f. 863) wabeeffachuun, faayidaa afwalaloo yoo ibsu, “Afwalaloon duudhaa hawaasaa kan ofkeessatti qabu, irra caalaa hawaasa hin baranneen kan kalaqamuudha” jedha. Dabalataanis, hayyuun kun, “Afwalaloon umurii kalaqaafi hurruubummaan isaa yeroo jalqabaaf namni walitti dhufee ittiin walbuhaarsuu yeroo jalqabee kaasee akka ta’es” Borgan (1993, f. 865) ni ibsa. Kunis afwalaloon umurii dheeraa kan qabu faayidaan isaas nama bashannansiisuu kan danda’u ergaa barbaadame dabarsuurratti gahee guddaa qabaachuu isaati.

Walumaa galatti, Afwalaloon akkuma gooroowwan afoolaa warreen kaanii tajaajila hedduu kanneen akka: barsiisuu, bashannansiisuu, gorsuu, qeequu, gootomsuu, jaalalaafi jibba ibsuu, hawwiifi fedhii agarsiisuuf kan gargaaruudha.

**2.8. Sakatta’a Qorannoo Walfakkii**

Fooklooriin gooroowwan hedduu kan qabuudha. Kanneen keessaa tokko kan ta’e afoola. Kanaaf, qorannoowwan garaa garaa afoola irratti geggeeffamaniiru. Seeneffamoonni ammoo, dameelee afoolaa keessaa isa tokkoodha. Innis, afwalaloofi gooroowwan biroo kan of keessatti hammatuudha.

Haa ta’u malee, afwalaloo irratti qorannoowwan hojjetaman heddumminaan hin argaman. Garuu, akka qorataan sakatta’ee ilaaletti qorannoon kun qorannoowwan sadarkaa digirii lammaffaan kanaan dura hojjetaman wajjin kan inni kallattiin walitti dhufeenya qabu hamma qorataan sakatta’etti hin jiru. Haa ta’u malee, qorannoo Abbabech Tamasgeen bara 2019 ‘Xiinxala itti fayyadama Afoolawwan Asoosama Dheeraa ‘Waliif Moo Walirratti’ jedhu irratti hojjetteen

matadureelee muraasa wajjin hamma tokko walitti dhufeenya ni qabaata. Walitti dhufeenyi isaaniis lamaanuu qorannoo sadarkaa digirii lammaffaa (MA) ittiin guuttachuuf hojjetamaniidha. Lamaanuu guutummaa guutuutti jedhamuu baatus, ulaagaa waraqaan qorannoo tokko keessa darbee hojjetamu keessa darbamee hojjetamaniiru. Akkasumas, lamaanuu gosoota afoolaa ilaalchisuun waan kaasu qaba.

Gama biraatiin, garaa garummaan qorannoowwan kanneen lamaan gidduu jiru, qorannoon Abbabech geggeessite afoola haa ta'u malee afoola oogbarruu (asoosama) keessatti argamu qaaccessuudha. Qorannoon kun garuu, afwalaloo hawaasa keessatti argamu gadi bu'ee walitti qabee qaaccessuudha. Akkasumas, yoomeessi qorannoowwan kun lamaan irratti hojjetaman garaa gara. Kana malee, maddoonni odeeffannoo tooftaan ragaan ittiin funaanamellee addaa addummaa qorannoowwan kanaa wantoota mul'isaniidha.

Akkasumas, qorannoo Biyyanaa Laggasaa (2008/2016) mata duree 'Qaaccessa Yoomeessaafi Qabiyyeewwan Faaruu Loonii, Uummata Oromoo Godina Baalee Aanaa Laga Hidhaa Keessatti.' jedhuu wajjin walitti dhufeenya muraasa ni qaba. Walitti dhufeenyi isaan qabanis, lamaanuu: maalummaa afwalaloo, gosoota afwalaloofi faayidaa afwalaloo irrttiidha. Garaa garummaa isaan qaban immoo qorannoon kun kallattiidhaan 'Afwalaloo irratti hojjetame. Qarannoon Biyyanaa garuu 'Qaaccessa yoomeessaafi qabiyyeewwan Faaruu Loonii Uummata Oromoo Godina Baalee, Aanaa Laga Hidhaa irratti.

Walumaa galatti, akka qorataan sakatta'ee ilaaletti qorannoo kanaan kallattiin kan wal fakkaatu dhabus, kanneen afoola irratti hojjetaman hedduu ilaalaleera. Ta'us, garuu qorannoo kanaa wajjin walitti dhufeenya kallattii hin qaban.

## 2.9. Yaaxxina Qorannichaa

Dameewwan beekumsaa fooklooriin ofjalatti hammatuufi daandii inni beektota yookiin hayyootatti agarsiisuuf qabu irratti bu`uureffachuun, Addunyaan (2011:58), Zoltan (2005:255) wabeeffachuun akka ibsetti "sakatta'a barruu jalatti qabxiin dhiyaachuu qabu yaaxxina qorannoon sun irratti bu'uuruudha. Dhimmi kun karaa biraan qorannichaaf dallaa ijaaruudha" jedha. Kanaaf, dayeessawwan fooklooorii jiran haala yeroo ammaa keessatti fudhatama qabaniin bakka garaa garaatti qooduun kaa'a. Isaanis: ideology (ilaalcha yaadaa), contextual (haala

galumsaa), historical geographical (seenaawwan), historical-reconstructional (yaaxina irra deebisanii haaromsuu yookiin seenaa ijaaruu), hemispheric (haala teessuma lafaa), mass-cultural (yaaxina aadaa bu'uureffate), functional (yaadxina faayidaalessummaa), psychoanalytical (yaaxxina xiinsammuu), folk-cultural, cross-cultural, structural (ijaarsaa)fi oral-formulaic (afkalaqaalee) kanneen jedhamaniidha.

Gabaabumatti, Yaaxxinaalee kanneen keessaa qorannoo kanaan kan walqabatan yaaxxina irra deebi'anii seenaa ijaaruu (historical-reconstructional theory)fi Yaaxxina Faayidalessummaa (Functional Theory) ta'anii, kunneenis akka armaan gadiitti kan ibsaman yommuu ta'an, isaanis, dayeessota qorataan itti gargaaramuudhaan qorannoo isaa hojjeteedha.Sababni yaaxxinaaleen kun lamaan filatamaniifis, qorannoon isaa afwalaloo namoota beekamoo Aanaa Jimmaa Arjoo dur turan sakatta'uun faayidaa inni qabuufi qabiyyee isaa xiinxaluu waan ta'eef, yaaxxinaawwan kun immoo dhimma kana waan deeggeraniif qorataan dhimma itti bahuuf filatee qorannoo isaa geggeesseera.

**2.9.1. Yaaxxina Seenaa Irra Deebi`anii Ijaaruun Haaromsuu**

Yaaxxinni kun akkaataa duudhaan hawaasaafi fooklooriin durii sakatta'amanii irra deebi`amuun tajaajilaaf ooluu akka qaban kan kaa'uudha. Akka yaada Yaaxxina kanaatti wantoota ammaaf kan bu`uura ta`e waan durii sababii ta`eefiidha. Kanas, Hayyuuleen addaa addaa Fooklaayifiifi wantootni Fookloorii seenaa badee ture, kanneen karaa biraa hanqina ragaa qaban, deebisanii ijaaruuf fayyadamuu gammachuun simatan. Malli seenaa deebisanii ijaaruu jedhamuu danda'u kun obbolaa Grimm jedhaman, keessumaa Jacob Grimmiin hedduu hawaatee ture. Hojii isaa 'encyclopedic' jedhu keessattis 'Teutonic Mythology' irraa siidaalee dudulloomoo waaqichaafi waaqittii Jarmanoota durii, kanneen yeroo sanatti yaada ummataa keessatti gara sojoofi bulguutti gad bu'anii turan, deebisee dhaabuu ture. Hojiin Jacob Grimm kun fooklooristoota Biriitish Jaarraa 19ffaa cimsee hawwate; garuu erga yaanni 'evolutionism' yaada saayinsaawaatti seenee, maxxansa Charles Darwin bara 1859, 'The Origin of Species' jedhu hordofee deebisanii ijaaruu seenaawwan yaada seenaa duraa dabalate.

Yaada qaroomina amanti-dhabeessaa qofa osoo hin taane kan duraallee (jabana Gadaa Deebanoo) dabalataa dhufe. Victooriyaanonni kutannoo seenaa deebisanii ijaaruuf qabaniin, yaada kana fedhii guddaan simatan; garuu George Lawrence Gomme rakkoo sana hunda caalaa hanga

hidhaalee dhumaa Folklore as an Historical Science (1908) maxxansamutti obsee itti fufe. Gommeen tuullaa achi as dhuftee sabaa walduraa duubaan ilmoo namootaa addaa addaan tuulamanii tokkorra kuufamanillee saaquun akka danda'amu amane. Biriteniif barsiifataalee Aryan, kan amma fookloorii gandaa jedhame kan Aryan duraarraa adda qooduun ni danda'ama; jaarmiyaalee aadaa jalqabaas akkasuma deebisanii ijaaruun ni danda'ama yaada jedhu horate.

Kunis, qorannoo fookloorii kan ammaas ta`ee, kan durii qorachuuf waantota durii duubatti deebi`uun ilaaluun barbaachisaa ta`uusaati. Kanaaf, yaada kanarraa wanti hubatamu fookloorii bade tokko irra deebi`anii lubbuu itti horuufis ta`ee kan amma argamu cimsuuf waan durii duubatti deebinee ilaaluun akka faayidaa qabu kan hubachiisuudha. Kanaafuu, qorannoo afwalaloo keessatti haala kana tajaajilamuun bu`a qabeessa ta`uu isaa mul`isa.

Kanas, Dorson (1972, f. 44) akkas jechuun ibsa.

> Historical-reconstruction which is a method aims at recapturing a vanished historical period for which other evidence is inadequate. In this approach, folklore genres are used for the reconstruction of the past history. Since Folktales, legends and myths are parts of folklore; this approach is helped to analyze data of this particular study. jedha.

Akka yaada kanaatti, yaaxxinni deebisanii ijaaruu, mala wanta seenaan walqabatee dur ture balaa baduu jalaa baraaruuf deebisuuf kaayyeffatamuudha. Kun immoo, ragaafi seenaan akka hinbadneef gargaara. Yaaxxina kana keessatti, gooroowwan fookloorii durdurii, afwalaloofi raagoon mala seenaa darbe deebisanii ijaaruun odeeffannoo funaanuun qorachuuf mijatan akka ta'aniidha. Kanaaf, qorataanis yaaddiddama kana gargaaramuudhaan Qabiyyee Afwalaloo namoota bebbeekamoo Aanaa Jimmaa Arjoo kan xiinxaleedha.

### 2.9.2. Yaaxxina Faayidalessummaa (Functional Theory)

Yaaxxinni faayidaalessummaa faayidaa fooklooriin hawaasaaf kennu ilaaluu kan giddugaleeffatuudha. Yaaxxinni kun hayyoota xiinmaddaatiin kan eegale ta'ee, fooklooriin hawaasa keessatti tajaajila akkamii akka qabu qorachuurratti xiyyeeffata. (Okpewho, 1992). Yeroo jalqabaatiif yaaxxina kana fookloorii keessatti kan qo'ate nama William Bascom jedhamu ture. Yeroo sana namni kun fookloorii faayidaa afuriif oolcheera. Isaanis: barsiisuu, miliquu, tursuufi tajaajila addaatiif gumaachuudha. Akkasumas, yaaxxinni faayideessummaa tooftaa ittiin jiruufi jireenya hawaasaafi aadaa hawaasaa qoratanii, akka jiraachisaniif uumame. Kana ilaalchisuun, Okpewho (1992, f. 69), yoo ibsu,

> Functionalism thus emerged as a method of studding the life and culture of a society by examining the function or role performed by any thing practiced in the society (e.g tale told by its members) as well as the way in which these functions help to ensure the survival of society jedha.

Waraabbii olii irraa akkuma hubatamu yaaxxinni faayidaalessummaa kan mala qorannoo waa'ee faayidaa raawwiin fookloorii jiruufi jireenya hawasaa keessatti qabu; akkasumas, kan aadaa hawaasaallee ittiin calaqqisiisuu dandeenyu ta'uu isaa kan mul'isuudha. Dabalataanis, Fiqaaduu (2007, f. 12) yoo ibsu, "Malli qorannoo dhala namaa argama dhala namaarraa kan madde ta'ee, afoolli aadaa saba tokkoo keessatti akkamitti akka tajaajilu, qo'achuu bu'uura kan godhatuudha. Kanaafuu, akka yaaxxinni faayideessummaatti afoolli saba tokkoo, aadaa saba sanaa akkamitti akka tajaajiluufi agarsiisu qo'ata jechuudha.

Itti dabaluun, Dr. Fileen (2019, f. 27) irratti yaaduma kana yoo cimsu, "Yaadiddamni tajaajilaa faayidaalee wanti tokko jiruuf jireenya uummataafi biyyaa keessatti qabu qorachuudhaaf gahee olanaa qaba" jedha.

Haluma kanaan, qaamni tokko fookloorii irratti qorannoo gaggeessa yoo ta'e faayidaa fookloorichi fayyadamtootaaf qabu ibsuun dirqama. Adeemsa faayidaa fooklooriin hawaasaaf qabu ibsuu keessatti immoo qorataan yaaxxina tajaajilaatti dhimma baha. Kanas, Dorson, (1972) yoo ibsu, yaaxxinni faayidaalessummaa fooklooriin saba tokkoo hawaasicha akkamitti akka tajaajilu ibsa.

Kanamurraa ka'uun, afwalaloon Oromoo uummatichaaf faayidaalee: barsiisuu, gorsuu, miliquufi aadaafi duudhaa hawaasaa itti fufsiisuu keessatti kan ga'ee guddaa qabaatu ta'uu isaati. Akkasumas, Yaadiddama tajaajilaa (functional approach) ilaalchisee, Dan Ben Amos, (1975) yoo ibsu, "The function approach to the categorization of oral literature actually has focused up on the relationships between forms of verbal, art and existing cultural psychological, and social need" jedha. Yaanni isaa kunis, yaadiddamni faayidaalessummaa walitti dhufeenya jechaa yookiin haasaa afaaniifi qabiyyee aadaa xiinsammuu, fedhiifi hawwii hawaasa sanaa irratti kan xiyyeeffatu ta'uu ibsa.

Akkasumas, yaaxxina faayidaalessummaa ilaalchisuun Simsfi Stephens (2005, f. 176-177) akkaataa armaan gadiitiin addeessaniiru.

> Functionalism implies that groups stay the same across time and societies are unchanging. Working with this methodology, the functional approach is always conservative and static; the functions themselves are conservative. Functional analysis, then, is a historical, suggesting that the text was used or the performance occurred for the same reason regardless of context. Another problem with functionalism is that it reinforces the elitist notion that the educated, trained folklorist understands the meaning of a group better than the folk group.

Waraabbii armaan olii keessatti akkuma ibsame, yaaxxinni faayidaaleessummaa gareen hawaasaa fookilooriitti fayyadamu yeroo irraa yerootti, iddoo irraa iddootti akka waan hin jijjiramneetti ibsa. Gama biraatiin immoo fooklooriin haalawaa irratti hundaa'ee akka dalagamu dagata. Kana malees, qorattoonni fookloorii hiikoo akaakuu fookloorii irra caalaatti gareewwan hawaasaa itti fayyadamu caalaa kan beeku akka hin jirreedha.

Dabalataanis, yaaxxina faayiidalessummaa kana toorri Interneetii http:/www. teachingenglish. org. uk/article/ cognitive theory. jedhu haala itti aanuun kaa'a

> Funcitionalism views the society as a system that is created of different parts. Each part has a specific function in society. Let as simplify this, in the society, there are social institution such as education, religion, family, economy and the political institution. Each institution has a specific function that contributes to the society or else the system jedha.

Akka yaada olii irraa hubatamutti, yaaxxinni faayidaalessummaa haala garee hawaasaa addaa addaa kanneen akka: mana barumsaa, mana amantaa, dhaabbilee siyaasaa, diinagdeefi maatii keessatti tajaajila addaa addaa kan kennuudha. Dhaabbataaleen kunis, tokkoon tokkoon isaanii tajaajila hawaasaa walitti fidu. Inni tokko isa biraa irraa addaan ba'ee qofaasaa hin jiraatu jechuudha. Kanaaf, hawaasni afwalaloo namoota kanaa beekuun duubatti deebi'ee ittiin fayyadamaa jiraata.

Walumaa galatti, qorataan kaayyoo qorannoo isaa irratti hundaa'uun dayeessawwan jiran keessaa kan mata duree qorannoo isaa waliin deeman yaaxxina irra deebi'anii seenaa ijaaruu yookiin haaromsuu (historical reconstruction)fi Yaaxxina Faayidaalessummaa (Functional Theory) irratti bu'uureffachuun qo'annoo isaa taasiseera.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA

Boqonnaa kana keessatti wantootni dhiyaatan kanneen akka: maalummaa saxaxa qorannoo, madda odeeffannoo, irraawwatama qorannichaa, mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaalee, adeemsa funaansa odeeffannoo akkamtaafi mala qaacceessa ragaalee, naamusa qorannichaafi kanneen kana fakkaatan ni hammatamu.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun kan xiyyeeffate Xiinxala Fookloorii hawaasa Oromoo keessaa 'Qaaccessa Qabiyyee Afwalaloo namoota bebbeekamoo Aanaa Jimmaa Arjoo' irratti ta'ee qabiyyee afwalaoo namoota bebbeekamoo kun qabu xiinxaluudhaan kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun ibsameera. Gosi Qorannoo kanaas, qulqulleeffataa ta'ee; odeeffannoo argate ibsuudhaan kaa'eera. Kanaaf, tooftaa kana Addunyaan (2011, f. 63) irratti yoo ibsu " Qorannoon tokko haala ibsuurratti xiyyeeffatee kan geggeeffameefi odeeffannoo akkamtaa irratti yoo hundaa'e, saxaxni isaa ibsa akkamtaa (qualitative discriptive) ta'a" jedha. Sababa malli qorannoo ibsaa kun fayyadamameefis, wantoota odeeffannoon argate maal akka ta'an lakkoobsaan osoo hin taane jechootaan waan ibsuu danda'eefiidha.

Kanumarratti hundaa'uun, qorannoo qulqulleeffataa ilaalchisee, Creswell (2003:178) yemmuu ibsu, "The idea behind qualitative research is to be purposefully selected participant or sites documents or visual that will be best help the researcher understand the problem and the research question" jedha. Yaanni kunis qorannoo qulqulleeffataaf maddi ragaa xiyyeeffannaan filataman akka irra jiraatu kan addeessuudha. Kun ammoo, qorataan odeeffannoo qabatamaafi amansiisaa bira akka ga'uuf isa gargaara.

Ittuma fufuudhaan, Dastaan (2002), waa'ee aadaa hawaasaa qorachuuf qo'annoo qulqulleeffataatti gargaaramuun gaarii akka ta'e ibsa. Innis, "Qorannoo aadaa hawaasaa waliin walqabatu geggeessuuf, qorannoo qulqulleeffataatti gargaaramuutu gaarii ta'a." jedha. Bu'uuruma kanaan qorataan kunis qaaccessa qorannoo isaa keessatti ragaalee argate mara ibsuudhaan kaa'eera.

### 3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatama jechuun wanta qorannoon tokko irratti gaggeeffamu yoo ta'u, innis, kallattii lamaan ilaalamuu ni danda'a. Isaanis, kallattii yoomeessa keessatti geggeeffameefi kallattii mata dureen qorannichaa irratti adeemsifameedha.

Kanarratti hundaa'uun, irraawwatamni qorannoon kanaa, aanaalee Godina Wallagga Bahaa keessa jiran keessaa Aanaa Jimmaa Arjoo irratti. Sababni aanichi filateefis, bakka jireenya qorataa waan ta'eef qorataan qorannichaaf ragaa haala barbaaduun ni argata jedhamee waan yaadeefiidha. Akkasumas, gama mata dureetiin qorannoon kun kan inni irratti geggeeffame, gosoota fookloorii jiran keessaa, 'Qabiyyee Afwalaloo namoota bebbeekamoo Aanaa Jimmaa Arjoo' irrattiidha. Kunis, haala yeroofi humna qabu irratti hundaa'uun kan murtaa'eefi qorannichis garmalee bal'atee ulaagaa qorannoo keessaa akka hin baaneef filatame.

### 3.3. Madda Odeeffannoo

Madda ragaan walqabatee, akka qorannoo kanaatti maddi ragaa qorataan itti gargaarame madda ragaa jalqabaafi madda raga lammaffaati. Maddi ragaa jalqabaa kallattiin odkennitaata wajjin walquunnamuun odeeffannoo walii kennuufi walirraa fudhachuun kan raawwatameedha. Haaluma kanaan, Raawwii qorannoo kanaa keessattis qorataan akka madda ragaa jalqabaatti kan inni gargaarame jiraattota Aanaa Jimmaa Arjoo keessaa maanguddootaafi hojjattoota Waajjira Aadaafi Turiziimii Aanaa Jimmaa Arjoo waa'ee qorannoo kanaa irratti hubannoo afseenaa himuurratti odeeffannoo qabu jedhaman akka madda jalqabaatti fayyadamuun odeeffannoo isaa funaannateera. Maddi ragaa lammaffaan immoo, dookimentiiwwan tokko tokko sakatta'uun odeeffannoo fudhachuudhaan kan sassaabameedha. Akkasumas, waa'ee namoota kanaa wanti barreeffamellee yoo jiraate afwalaloo namootaa wajjin walmadaalchisuuf sakatta'uun akka maddaatti itti gargaarameera.

### 3.4. Mala Iddattoofi Iddatteessuu

Malli iddatteessuu adeemsa fudhannaa iddattoo jamaa waliigalaa keessaa fudhachuun qorannoo adeemsisuuti. Iddattoo fudhachuun kan barbaachiseef jamaa hundaarraa odeeffannoo fudhachuun maallaqa, yeroo, humnaafi qabeenyaa ga'aan waan hinjirreefiidha.

Haaluma kanaan, iddatteessuun tooftaa garaa garaa yoo qabaate iyyuu qorannoo kanaaf malli mijataan qorataan itti gargaaramee qorannoo isaa hojjete mala iddatteessuu miti carraa dha. Malli iddatteessuu miti carraa adeemsa hirmaattota jamaa keessaa kanatu kanaaf ta'a jedhee murteessuuf kan dandeessisu miti. Sababni isaa, dhimma qorannichaa irratti namni hundi odeeffannoo kennuu waan hin dandeenyeefiidha. Kunis, kallattiin namoota Afwalaloo irratti hubannoo qaban fudhata jechuudha. Kanaaf, qorataan ta'e jedhee iddattoo akka barbaadetti fudhachuu danda'a yaada jedhu mul'isa.

Kanas, akka Dastaan (2013) ibsutti, "qorannoo qulqullinaa keessatti mala kaayyeffataan iddatteeffachuun kan barameedha. Yemmuu mala kana fayyadamnee odeeffannoo funaannu odeef-kennitoota itti yaanneetuma filanna. Sababa quubsaa qabaachuun barbaachisaadha" jedha.

Qorataan kunis gosoota iddatteessuu keessaa kaayyeffataafi eerumsaatti fayyadamuun ragaa qorannoo isaaf ta'u funaannateera. Iddatteessuu kana ilaalchisuun, Addunyaan (2011, f. 67) yoo ibsu, "Qorataan tokko beekumsa dhimmicha irratti qabu irraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argatu murteeffachuu danda'a" jedha. Yemmuu mala kana fayyadamee odeeffannoo funaanne odeeffannoo kennitootas itti yaadeema filate. Kanaafis, sababa quubsaa kan qabuudha. Sababni kunis, dhimmicha irratti namoota hubannoo qaban barbaaduudha.

Kanarraa ka'uudhaan, qorataanis namoota dhimma afwalaloo namoota bebbeekamoo Aanaa Jimmaa Arjoo himuu danda'an ulaagaa hubannaa, umuriifi ga'ee isaan hawaaasa keessatti qaban bu'uureffachuun odeeffannoo isaa funaannateera. Kunis, aanicha keessaa kallattii sadan irraa magaalaa dabalatee gandoota sadii keessaa iddattoo qorannoo isaaf ta'an fudhateera. Kanaaf, iddattoo qorannoo kanaaf namootni inni fayyadame dhiirota 12fi dubartoota 3 waluumaa gala namoota 15 karoorfatetti gargaarameera.

Iddattoo eerumsaa jechuun immoo, hirmaattota namni biraan eeruudhaan kan filatamaniidha. Kunis, yeroo odeefkennitoota argachuun rakkisaa ta'utti kan itti fayyadamnuudha. Haaluma kanaan, namoota jalqaba qopheeffate haala addaa addaa kanneen akka du'aafi rakkoo addaatiin dhabamanii yoo argachuu dhabe namoota dhimma sana irratti odeeffannoo gahaa qabu jedhaman eeruu fudhatee darbaa dabarsaan barbaadee itti gargaarameera. Kanas, qorataan qabatamaan namni yookiin jaarsolii inni odeeffannoo irraa fudhachuuf karoorfate keessaa sababa du'aatiin

namoonni lama lubbuun isaanii yoo dabartu; isaaniif boqonnaa gaarii haa kennuuf jecha mala kana gargaaramee mala darbaa dabarsaatiin odeeffannoo isaa sassaabbatee jira.

### 3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Meeshaaleen funaansa ragaa qorannoo tokko geggeessuuf wantoota odeeffannoo ittiin funaannataniidha. Isaanis, gosa odeeffannoo sassaabamuufi kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun garaa gara yoo ta'an, qorannoon kun qorannoo ibsaa akkamtaa /Qualitative descriptive/n kan geggeeffameedha. Innis, akaakuu Fookloorii Oromoo keessaa 'Afseenaa namoota bebbeekamoo irratti afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannoo fayyadamee ragaa funaannachuun qorannoo isaa geggeesseera.

#### 3.5.1. Afgaaffii

Afgaaffiin, gaaffilee qorataan odeeffannoowwan filataman iddattoota isaa afaaniin gaafatuudha. Haaluma kanaan, afgaaffiin meeshaa odeeffannoo akkamtaa funaanuuf gargaaruudha. Mala qorannoo qulqulleefataaf ragaa funaanuu keessatti afgaaffiin meeshaa beekamaafi barbaachisaa kan ta'eedha. Kunis, Afwalaloo Namoota Bebbeekamoo aanichaa irratti manguddoota gaafachuun kan raawwatameedha. Kanaan walqabsiisee yeroo baay'ee qorannoo afoolaa irratti, odeef kennitootni namoota barreessuu hin dandeenye waan ta'aniif meeshaan kun filatamaa ta'a.

Haaluma kanaan, afgaaffitiin fayyadamuun odeef kennaan waan kanaan dura raawwate, waan kanaan dura argeefi jireenya isaa keessatti hubate akka ibsu karaa saaqa akka jechuuti. Afgaaffiin qorannoo qulqulleeffataa keessatti odeeffannoo barbaachisaa ta'e funaanuuf meeshaa baay'ee barbaachisaa ta'eedha. Sababa kanaaf, qoratichi afgaaffii miti caaseffamaa yookiin miti-qindaa'aatti gargaaramuun maanguddoota 12 fi hojjettoota Waajjira Aadaafi Tuuriizimii Aanaa Jimmaa Arjoo sadii (3) irraa ragaalee qorannoosaaf isa barbaachisan funaannateera. Qaamoleen jalqaba odeeffannoon irraa funaanamus, maanguddoota aanichaa irraati. Kanaaf, afgaaffiin kun banaa ta'ee kan namoota kudha lama irraa odeeffannoon funaanameedha, odeeffannoon kan fudhatamus, gaaffilee dhiyaatan bu'uura taassifachuun karaalee akka: yaadannoo qabachuun, suur-sagalee (viidiyoo)n, sagalee qofaa, waraabuufi kkf tti kan dhimma baa'ameedha.

### 3.5.2. Marii Garee Xiyyeeffannoo

Marii garee irratti mata duree qorannoo kanaaf odeeffanoo sirrii kan kennuu danda'an jaarsolii yoo ta'an oggeeyyiin qorattoota aadaa aanichaa hanga tokko beekumsa qabu jedhamanii jaarsolii sagaliifi hojjettootni Aadaaf Tuurizimii aanichaa namoonni sadii kan irratti hirmaataniidha. Kun ammoo, namoota dhimmicha irratti muuxannoo qabu jedhaman barbaaddachuun garee sadii kan namoota afur qabutti qooduun fudhatamanii mariisifamuun odeeffannoon irraa fudhatameera. Haaluma kanaan, mariin kunis, haala umuriifi hubannoo isaan afwalaloo irratti qaban bu'uura taasifachuun kan geggeeffame ta'ee, odeeffannooleen argaman bifa yaadannoo qabachuufi suur sagalee fayyadamuundhaan walitti qabameera.

## 3.6. Mala Qaaccessa Odeeffannoo

Qorannoon kun odeeffannoo afgaaffii, marii gareefi sakatta'a galmee irraa argaman tartiiba isaanii eeggachuun tarreeffamanii kan qaacceffamaniidha. Malli odeeffannoon ittiin hiikames mala qulqulleeffataa (Qualitative data analysis) dha. Ragaalee irra deddeebiin mulatan hambisuun yaada bu'uura mata durichaan hidhata qaban irratti xiyyeeffachuun afseenaalee namoota bebbeekamoo kan qorateedha. Malli ibsaa dhimma qoratamu sana ilaalchisee maaltu akka ta'eefi maaltu akka ta'aa jiru addaan baasuudhaan jijjiiramoota akkuma isaan yoomessa uumamaa keessatti argamanitti jecha jechaan kan ibsuudha. Kanaaf, qorataan yaaduma kana bu'uura taassifachuun gaaffilee qorannoo isaatii irratti hundaa'uun odeeffannoo argate ibsuun qaaccesseera.

## 3.7. Naamusa

Qorataan abbaa dhimmichaatti dhiyaatee hawaasa sana bira deemuun isaan fakkaatee odeeffannoo barbaachisaa ta'e argachuun qulqullina qorannichaaf murteessaadha. Adeemsa kanaan qorataanis hawaasa kana keessatti waan guddateef haala uffannaa, safuu, aadaa haasawaa, amantii, jechoota saalfiifi kabajaa, bakka namoonni itti argamuu qabaniifi argamuu hinqabne addaan baasee wanta hubatee beekuuf naamusa ogummaa eegee haaluma gaariin qorannichi adeemsifameera. Walumaa galatti, boqonnaa kana jalatti maloota qorannichi ittiin hojjetame, saxaxa qorannichaa, irraawwatama qorannichaa, maddeen odeeffannoon qorannichaa irraa argame, meeshaalee funaansa ragaalee, haala ragaaleen ittiin qaacceffamaniifi naamusni qorannichaa kaa'amaniiru.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE

Baqonnaa kana jalatti ragaawwan afgaaffiifi marii gareen odeef kennitoota irraa argaman gosa gosaan qooduun qaacceffamanii hiikni itti kennameera. Haaluma kanaan, Afwalaloo Namoota Bebbeekamoo Aanaa Jimmaa Arjoo keessatti argamanii qabiyyee isaanii, ergaa isaaniifi faayidaan isaanii xiinxalamanii jiru. Ibsi tokkoon tokkoon isaanii jalatti madda irraa argaman waliin taa'anii jiru. Bakka ragaan suuraafi viidiyoo argamettis suuraafi viidiyoon deeggaramee dhiyaateera. Haaluma kanaan, xiinxalli argame akkaataa armaan gadiitti qaacceffameera.

## 4.1 . Qaaccessa Qabiyyee Afwalaloo Namoota Bebbeekamoo Aanaa Jimmaa Arjoo

### 4.1.1. Qaaccessa Qabiyyee Afwalaloo Gootummaa Agarsiisanii

Uummanni Oromoo sanyii warra Kuush ta'ee kan maddi (indigenous) isaa biyya kana ta'eefi hangafa sabaafi sablammoota biyyichaa akka ture beektotaafi ragaaleen seenaa garaa garaa ni mirkaneessu. Dabalaataanis, sabni kun biyya kana qofa osoo hin taane akka Gaanfa Afriikaattilleee saba guddaafi kan dursu ta'uunsaa qaroominni sabichaa bakka addaa addaatti argamu ni mirkaneessu. Kanaaf, uummanni Oromoo wayiita bakka tokkotti baay'atu lafa margaafi lafa qonnaa babal'ifachuuf jecha bakkaa bakkatti socho'aa kan tureedha. Sabni kun yeroo sochii isaa kana keessatti wantoota addaa addaa irratti gootummaa isaa mul'isaa tureera. Gootummaa kanas afwalaloowwan garaa garaatiin ibsachaa kan tureedha. Kunis, gootummaa diina isatti duule ofirraa qolachuu, gootummaa ajjeesuu, gootummaa hojii irratti qabuufi kanneen biroollee ta'uu ni danda'a. Kanuma irraa ka'uudhaan, namoonni bebbeekamoon Aanaa Jimmaa Arjoo keessa turanis afwalaloowwan gootummaa ibsan addaa addaa ni qabu.

Fkn.1. Binuu yaa Abbaa Firrisaa

Abbaa Daamxeef firrisaa

Binuu gaangoo Fittisaa

Gaafa diiduu yaa Binuu

Gaafa Leeqaa yaa Binuu

Gaafa Goree yaa Binuu… (Maddi, marii garee, 11/10/12 irraa.)

Akka marii garee 11/10/2012 Yuba Gadaa Ifaa, Ob. Waltajjii Tarfaasaa, Ob. Baashaa Maariqoosiifi Barsiiaa Addunyaa Irranaa irraa dhugeeffadhetti, Afwalaloon geerarsaa armaan olii waa'ee nama beekamaa sirna 'Nafxanyaa' keessatti qabsaa'aa tureefi darbeellee sirna Xaaliyaanii mormaa tureedha. Kanaaf, Qanyasmaach Biinagdee Biinsaa namni jedhamu fardoota maqaa addaa addaa qaban leenjifachuudhaan lola yeroo sanaa irratti gahee guddaa ba'achaa kan tureefi iddoowwan addaa addaatti Xaaliyaanotaafi baandota ishee irratti tarkaanfii laalessaa fudhachuudhaan olaantummaa cimaa kan galmeessisaa tureedha. Kanaaf, Qanyaasmaach Biinagdeen wayiita sana beekamaafi iddoo hundaatti nama seenaa haaraa galmeesise ta'uun ni beekama.

Gabaabumatti, Qanyasmaach Biinagdeen sirna nafxanyaa irrattis ta'ee, sirna Xaaliyaanii dura dhaabbachuudhaan mormiifi falmii guddaa taasisaa nama tureedha. Gootummaa isaa kanas namoonni yeroo sana turan haala armaan oliitiin leellisaa turan. Haa ta'u malee, namoonni akka: Julaa Garbaa, Fiitawuraarii Birruu Murraafi Qanaa'aa Abbaa Shoolee jala adeemtota sirna Nafxanyaafi baandaa Xaaliyaanii ta'uudhaan goota kanaafi matii isaa irraan miidhaafi darara guddaa warreen qaqqabsiisaa turaniidha.

Haaluma kanaan, wayiita Xaaliyaaniin biyya kana weeraruuf jettu Qanyaasmaach Biinagdeen hanga daangaa Beddelleetti itti duuluudhaan gootummaa inni Xaaliyaanii irratti agarsiise asmaariin akkas jechuudhaan weeddisuuf,

Fkn.2. Faranjii surree bolbaallee

Beddellee ciifti fattaatee

Biyya abbaashee itti fakkaatee jedhaniin.

Awalaloo armaan olii irraa akkuma hubatamu,  Akkuma Uummanni Oromoo yeroo mammaaku "Osoo kan bofaa jennuu jawween lolloqaa dhufe" jechuun mammaaku sana wayiita sanatti 'Qanyaasmaach' Biinagdee Biinsaafi hiriyaa isaa kan ta'e 'Giraasmaach' Imaanaa Doonnoo wajjin 'shiftummaan' (gootummaan) bosona galanii nafxanyaaf qoricha qotaniifii taa'umsaaf ijaajjii dhorkanii Xaaliyaaniin biyya weerarte. Yeroo kanatti gootni biyyasaa jaallatu kun yaa maatiikoo yaa dhalakoo osoo hin jedhin sodaa qawwee xaaliyaaniifi 'baandota' isaanii osoo hin godhatin Imaanaa wajjin ta'uudhaan fincila diddaa garbummaa itti fufan. Akka jaarsi kun

jedhanitti, Xaaliyaaniin yeroo addaa addaa ‘baandota’ ishee itti erguudhaan goota kana qabsiisuuf yaalaa turte.

Haa ta’u malee, namni kun iddoo garaa garaatti xaaliyaaniifi baandota ishee fixaa kan tureedha. Haaluma kanaan, guyyaa tokko Xaaliyaaniin osoo Naqamterraa dhuftuu karaarratti eeguudhaan lola irratti banee ture. Lola kana irrattis Xaaliyaanota hedduu ajjeesee; kaan booji’ee; kaanis madeessuudhaan warreen haftemmoo lubbuudhaan gara Naqamteetti baqachuu ishee jaarsoliin ni dubbatu. Kana malees, Xaaliyaaniin karaa Jimmaarra dhufuudhaan wayiita ishiin Beddelleetti dhiyaattu itti dhaquudhaan lola cimaafi injifannoo boonsaa galmeessiseera.

Kanaaf, yeroo sanatti akka Obbo Asaffaa Wiirtuu afgaaffii gaafa 15/8/2012 gaafatamaniin jedhanitti haala lola sanaa yommuu himan, asmaaronni naannoo bakka lolli kun itti geggeeffametti dhiyaatan Xaaliyaanota bakka sanatti dhumanii bakkeerra ciciisan yommuu argan akkaataa afwalaloo olii kanatti ibsuu isaanii dubbatu. ‘Beddellee ciifti fattaatee, Biyya abbaashee itti fakkaatee?’ jechuudhaan tuffii jarattiif qabaniifi jajuu gootichaa ibsaniiru.

Gama biraatiin, Afwalaloon gootummaa namoota bebbeekamoo Aanaa Jimmaa Arjoo agarsiisu kan armaan gadiiti.

Fkn.3. Yaa Murraa Caalii, Keekkuu,

Yaa Doonoo Gadaa, Waayyuu

Yaa Kuusaa Hirphoo, Badhoo

Yaa Ginnaa Kormee, Gojjii

Jedhi naan jettaniiree?

Jennaan waa hin jettaniiree,

Isin dur keenya mitii?

Gaachana baattu mitii?

Nu jala kaattu mitii?

Nu manaa dhugna mitii?

Isin alaa mugdu mitii? jechuudhaa quuqqaafi aarii garaa isaa obbaafate. (Maddi Marii garee gaafa, 10/9/2012)

Afwalaloo geerarsaa armaan olii keessatti akkuma mul'atu sanyiin warra Ligdiifaa duraan hooggantoota bakka addaa addaa bulchaa akka turaniifi goota akka turaniidha. Haa ta'u malee, akkuma mammaaksi Oromoo 'Akka baran dhiisanii akka baraatti bulu' jedhu sun isaan waan qaqqabeef dirqamaan harka warra jala adeemtota Mootii Miniliik jalatti kufuu isaanii kan ibsuufi isin immoo hooggansa keenya jalatti bulaa turtan jechuudhaan aariifi kuukkii garaa qabuun gootummaa isaanii durii sana dubbateera. Bulchitootni sunis sirriidha jechuudhaan yaada isaa kana akka mirkaneessaniif jaarsoliin ni dubbatu. Kanaaf, warri yeroo sana afaan mootummaa yerichaa ta'an warroota naannoo addaa addaa bulchan walitti qabuudhaan geeraraa jedhaniin. Achumaan jarrimmoo isatu nu geggeessaa ture goota keenyas jechuudhaan Ligidii namicha jedhamu kanaaf carraa kennaniif. Innis carraa argate kanaan geerarsa olii kana geeraree gootummaa duraan qaban mul'iseef.

Haaluma kanaan namni afwalaloo kana geerare, sirni 'Nafxanyaa' yeroo naannoo kana qaqqabutti, naannicha Arjoon bulchaa ture. Haata'u malee, namoonni inni afwalaloo kana keessatti maqaa isaanii dhahee geerare kun dursanii 'Nafxanyaa' jala galuudhaan aangoo argachuuf jecha bulchiinsa isaanii gananiiru. Yeroo kanatti namichi kun bulchitoota kana maqaa dha'uudhaan duraan nutu isin geggeessa isin immoo ala teessanii fardeen keenya eegaa turtan, akkasumas, wayiita nuti mana keessaa nyaannee dhugnu isinimmoo ala teessanii mugdu jechuudhaan sanyii warra gootaa akka turan dubbachaa jira.

Dabalataanis, akka Ob. Fiixee Dibaabaa afgaaffii gaafa (10/9/2012) gaafadhetti, Ijoollee Beeraa Ootaa keessaa kan biraan inni adamoon beekamu Riqichoo Beeraati. Riqichoon waan biraan baay'ee beekamuu baatus, Riqichoo Abbaa Roggee jedhamuun beekama. Sababni isaas, adamoof jedhee yeroo baay'ee gara roggeetti waan ba'uuf Riqichoo Abbaa Roggee jedhamee beekama. Kanaan walqabsiisee, hawaasni waa'ee Riqichoo akkas jechuun sirbu yookiin weeddisu.

Fkn.4. Riqichi naan sokkee;

Afaan boolla hantuutaa.

Riqicho Abbaa Roggee;

bukkeen moora fuudha. (Maddi afgaaffii 10/9/2012 irraati.)

Afwalaloo sirbaa gabaabduu olii irraa akkuma hubatamu, ijoollee Beeraa keessaa Riqichoon adamoon beekamaafi bineensa rukutee moora isaanii dhaabbiitti bukkeerraan kan baasu yookiin sababa gootummaa isaatiif bineensi osoo lubbuun keessaa hin bayin kan qaluudha. Hojiin bineensa qaluu kan yeroo itti hin fudhanne ta'uu agarsiisa. Kun ammoo, kan agarsiisu sabni Oromoo bineensa adamsuudhaan durii kaasee gootummaa akka qabuudha.

Haluma kanaan, afwalaloon gootummaa namoota bebbeekamoo ibsu inni biraan waa'ee warra Daannoo Beeraaf kan himamuudha. Kunis, Akka afgaaffiin gaafa (10/9/2012), Ob. Mootii Nuurfataa irraa hubadhetti akkas jechuun ibsu.

Hoogganaa waraana Warra Sayyoo kan ture Fayisaa Lamuu kan jedhamu Warra Leeqaa Naqamtee gootomsuudhaan warra leeqaa hordaa tuffachuudhaan saala isaanii jijjiiree afwalaloo akkas jedhu geeraree ture.

Fkn.5. Anuu si cira hintaloo;

Qooddottii hintala Daannoo;

Afwalaloon kun kan agarsiisu tuffii warra Daannoo Beeraati. Garuu, warruma Leeqaa Naqamtee keessaa gootummaa warra Daannoo Beeraa kan beeku tokko akkas jechuun ibsan.

Fkn.6. Abbaa Nagawoo Garbii,
Yaa cooma Jiitoo Jaarsoo,
Bakakkaa Qumbaa jiru,
Qorsa Nageessoon jiru,
Biiftuu Daabbeerraan baate,
Dubbiin akka har'aa hin jiru.
Isa har'a waarii jenne,
Bor waareetti arguuf jirru,
Qooddottii ciruu dhiisii,
Achiin ba'uunuu hin jiru. (Maddi marii garee gaafa, 10/9/2012 irraa)

Namoonni afwalaloo armaan olii keessatti alkallattiin maqaa dha'aman, 'Bakakkaa Qumbaa jiru' kan jedhame balbala yookiin gosa warra Garjeeda jedhaman keessaa waraana kan hoogganuufi

kallattii Qumbaan kan lolu Goom’ee Kuusaa nama jedhamuudha. ‘Qorsa Nageessoon jiru’ inni jedhame, gosa warra Alakuu keessaa kan ta’eefi humna waraanaa kallattii Nageessoorraan kan geggeessu Manyaaqaa Garbaa kan jedhamuudha. ‘Biiftuu Daabbeerraan baate’ kan jedhame ammoo gosa warra Hordaa kan ta’eefi hoogganaa waraanaa walii galaa yeroo sanaa kan ture Tuuchoo Daannooti. Yeroo sana sanyiin Warra Beeraa hoogganisa namoota jajjaboo kanaatiin beekamtii argachaa turuun daangaa isaanii kabachiisaniiru. Hooggantoota waraanaa kanaaf kanneen biroo waliin ta’uudhaanis sanyii Warra Leeqaafi waraana Bakaree Godaanaatiin hoogganamanis mo’ataniiru.

Kanaafuu, namni afwalaloo kana bara sana keessa walaleesse ciminaafi qophii warra Beeraa waan hubateef akka isaan hin mo’amne ibseera. Akkuma jedhame, yeroo lolicha irratti bobbaa’anitti sodaa tokko malee ciminaan loluudhaan akka isaan mo’atantu dubbatama. Kunis, loltootni warra Beeraa injifannoo isaan warra Leeqaa Naqamtee  irratti galmeessesan hamma har’aattuu ni dubbatama.

Kanaan walqabsiisee, Akkan marii garee gaafa 10/9/2012 Obbo: Fiixee Dibaabaa, Mootii Nuurfataa, Daadhii Bashaafi Barsiisaa Addinyaa Irranaa irraa hubadhetti Akkuma jedhame guyyaa itti aanutti waraanni cimaan erga garee Warra Leeqaafi Garee Warra Hordaa (Tuuchoo Daannoo) gidduutti geggeeffameen booda hoogganaa waraana Warra  Sayyoo kan ta’e Fayisaa Lamuu Shuruu kan jedhamu Taraarii bakka addaa ‘Harbuu Wulii’ yookiin Harbuu walii galtee jedhamutti erga lolliifi wal falmii guddaan taasifamee booda waraana warra Hordaa (Tuuchootiin) wareegameera. Akkasumas, lola kanarratti waraana Daannoo keessaa ga’ee guddaa kan taphateefi gabaabina isaan kan beekamu Rumichoon loltoota warra waayyuu keessaa ajajaa waraana isaanii Fayisaa Lamuu nama jedhamu ajjeese. Yeroo kana dubartoonni haala kana hordofaa turan akkas jechuun mararoo baasaniif.

Fkn.7. Ulee bishaan keessaa;

dhaabbatanii muruu;
Dhaabbattee maa hin murree?
Ilmaan Beeraa keessaa;
Rumeen’ silaa Leencaa;
Gaafatanii buluu;

Gaafattee maa hin bullee?

Gaafa baddaa Diggaa;

Jabanee boossise;

Roorroo rifaasisee.

Fardeen Jimmaa Gobbuu;

Mataa murachiisee.

Nadheen Hordaa Qumbaa;

Nagaa fudhachiise.

Afwalaloo armaan olii irraa akkuma hubatamu ijoolleen Beeraa hundi lolarratti cimoo ta'uufi daangaa isaanii eeggachuuf ciminaan qabsaa'aa kan turaniifi qaamota dhiibbaa isaan irraan ga'aa turaniif kan hin jilbeenfanneedha. Haaluma kanaan, akka jaarsoliin olii himanitti ijoollee Beeraa keessaa Rumichoo kan jedhamu nama lolarratti jabaafi beekamaa kan ture ta'uusaa mararoo shamarranootni dhiyeessan kanaarraa hubachuun ni dandaa'ama. Cimina isaanii kanaanis, hala hin yaadamneen warra Morodaa Bakaree irratti olaantummaa galmeessanii turan.

Keessumattuu, Jimmaa Gobbuu irraa Warra Morodaa gargaaruuf kan dhufe Fayisaa galaafachuudhaan haadha warraa isaa kan taate Jabanee boossisuudhaan shamarranoota Qumbaa (Leeqaa Hordaa) boonsaniiru. 'Fardeen Jimmaa Gobbuu; mataa murachiisee.'

Kanaaf, lolli kun waraana cimaa Warra Leeqaa Naqamteefi Warra Hordaa gidduutti geggeeffame yommuu ta'u olaantummaa warra Tuuchoo Daannootiin golabameera. Lolichi haala kanaan kan xumurame yommuu ta'u; warri Leeqaa Naqamtee haaloo bahuuf jecha warra Minilik erge Goobanaa Daaccii wajjin walitti dhufeenya cimsachuu eegalan. Kun immoo gootummaafi cimina warra leeqaa hordaa kan agarsiisuudha.

Kanumaan wal qabatee Saamu'eel (1991) qorannoo isaa keessatti haala Rumichoo akkas jechuudhaan kaa'eera.

> Rumicho Bera, very short man with poor physical looks like is remembered as a hero and an engineer during military conformation he is specially reputed in having prepared two Big trenches known as Goto and Galan in the defenses of Warra Bera territory particulary against Warra Bakare. It is said that he was the warrior who killed Fayisa Lamu of Jimma Gobbu, who had came to assist Moroda of Leqa Nakemte at the battle of Digga. (P: 32)

Akkuma yaada armaan olii irraa hubatamutti ijoollee Beeraa keessaa Rumichoon hojjaa isaa gabaababaa kan ta'eefi bifa bareedaa kan hin qabneedha. Garuu, nama lola irratti beekamaafi goota seenaa addaa qabu keessumattuu lola cimaa Diggaa irratti geeggeeffame keessatti nama mo'icha cimaa galmeessiseedha. Kunis, gootummaa warra Beeraa kan agarsiisuudha.

Akka jaarsolii keessaa Obbo Mootii Nuurfataa afgaaffii gaafa 9/10/2012 dhugeeffadetti, ilmaan Beeraa keessaa Gulummaan qaamaan abbaa isaa Beeraa Ootaa waan fakkaatuuf baay'ee waraana irratti hin hirmaanne jedhu. Haa ta'u malee, bara ilmi obboleessa isaa Tuuchoo Daannoo Mootii ta'etti hoogganaa humna waraanaa ta'uudhaan kallatti Kibba Dhihaa Jimmaa qabachuudhaan hojii jajjaboo nama hojjechaa tureedha. Kanaaf, hawaasni naannoo sanaa Gulummaas akkana jechuudhaan leellisu.

Fkn.8. Quufafan adeema;

godoo mana bukkee.

Ruufaa akka obbo Beeraa;

Mojo nagaan bultee?

Gulummaa Guchiidhaa;

Gulee Guchii Nadhii.

Guleen duchiisanii;

Jimmaan gubsiisanii. (Maddi afgaaffii 9/10/2012 irraa fudhatame.)

Akkuma afwalaloo armaan olii irraa hubatamutti, fakkoommiin jiru Gulummaan ilmi Guchii irraa dhalate kan baay'ee abbaasaa Mooticha Beeraa fakkaatuufi lola irrattillee nama jabaa ta'uu isaati. Kanaaf, tuttuqaa warra Jimmaa gaafa dhaga'u deemuudhaan kan baay'ee isaan barbadeesse ta'uu isaa jaarsoliin ragaa ba'u. Kun illee, gootummaa Gulummaan qabu kan agarsiisuudha.

Kanumaan wal qabsiisee, afwalaloon gootummaa namoota bebbeekamoo ibsu inni biraan kan Birruu Beeraati. Innis, Akka Obbo Fiixee Dibaabaa afgaaffii gaafa 10/9/2012 ibsanitti, Birruu Beeraa Qumbaa wayiita dhufu daangaa warra Beeraaa babal'isuu irratti hojjechuu eegale. Kanaaf,

qe'ee abbaa isaarraa hiiquudhaan, biyya kallattii Kaaba Baha Qumbaarratti argamu qabachuudhaan mana isaa naannoo Wanjalaa jedhamutti ijaarrachuudhaan daangaa isaa gara Adareefi Waamaa jedhamuutti babal'ifachuu eegale. Karooraafi cimina isaa kana ilaaluudhaan uummanni naannoo isaa akkas jechuun geeraraafii turan.

Fkn.9. Birruu abbaa Disaasaa

Wanjalaatti mana ijaaree

Saardeerraan gadi ilaale

Biyyuu isaan jiraata

Kaleessa dhalatee

Mucaan raafuu buuti

Unkaan nama dhiisii

Yoonni Waamaa bu'e

Busaan naasuu duuti.

Afwalaloo geerarsaa armaan olii irraa akkuma hubatamu fakkoommiin jiru, Birruun tooftaa kanaan dura beekutti gargaaramuudhaan daangaa isaa hanga Waamaa Adaree kan jedhamutti babal'ifateera. Kana keessattis, gootummaafi jabina isaa irraan kan ka'e namni kan baay'ee isa sodaatuufi Gammoojjiin Adaree dhibee Busaa jedhamuun kan beekamuufi baay'ee nama fixaa(galaafataa) ture. Garuu, wayiita Birruun gara sana deemu dhibeen kun illee kan baduufi baay'ee kan salphatu ta'uu isaati. Kunis, sababa isa sodaataniif yeroo isa argan yookiin waa'eesaa dhaga'an warri dhibee busaatiin qabaman illee bafanii akka waan fayyanii ta'u jechuu isaaniiti.

Ittuma fufuudhaan, akkan afgaaffii gaafa 10/9/2012 Obbo Fiixee Dibaabaa irra hubadhetti, Af walaloon ilmaan Mooticha Beeraa inni biraan kan Wiirtuu Beeraati. Akka jaarsoliin jedhanitti Wiirtuun ijoollee Beeraa keessaa, daangaa bulchiinsaa kan hin qabneedha. Haa ta'u malee, hooggansa waraanaa irratti kallattii addaa addaan hirmaachuusaa ni dubbatu. Kanaaf, Wiirtuun hawaasa keessatti sirba kanaan beekama.

Fkn.10. Yaa biiftuu naa toli;

kan gaaratti baatu;

Yaa Wiirtuu abbaa olii;

kan daalachi baatu;

Fardi Wiirtuu duukaa ;

Akka Biiftuu quuqaa.

Afwalaloo geerarsaa armaan olii irraa akkuma hubatamu, fakkoommiin jiru ilmaan Obbo Beeraa keessaa Wiirtuunis, wayiita loltoota isa wajjin jiran waliin fardeen isaanii fe'atanii adeeman kan nama sodaachisan ta'uufi jabina isaanii akka qara ifa biiftuuttti fakkeessanii ibsuudhaan akkuma ijaan ija biiftuu keessa ilaaluu hin dandeenye fardeen Wiirtuu Beeraas ilaaluun kan hin danda'amne ta'uu isaa ibsa. Kunis, afwalaloo jabinaafi gootummaa namicha kanaa kan mul'isuudha.

Haaluma wal fakkaatuun, Akka afgaaffii 10/9/2012 Obbo Fiixii Dibaabaa irraa hubadhetti, ijoollee Beeraa keessaa inni biraan Waaggeedha. Keessumattuu, bakka waraanaan qabatan Diggaa irratti bulchaa ta'uudhaan ga'ee guddaa kan taphachaa tureedha. Kanaaf, Waaggeen hawaasa keessatti sirba yookiin geerarsa akkas jedhuun beekama.

Fkn.11. Yaa Waggee kalee Leencaa

Albaasaa fardeen Diggaa

Jechuun geeraruuf, geerarsa kanarraa akkuma hubatamu, Waaggeen naannoo Diggaa irratti haala cimina qabuun akka bulchaa tureedha. Ijjoolleen Beeraa warreen kaan: Gondole, Warjii, Goniifi Hundeedha. Ijoollonni kun wayiita Daannoon Mootii turetti daa'imman turan. Haa ta'u malee, bara Tuuchoo Daannoo keessa ga'eessota waraanaa ta'uudhaan tajaajilaa turan. Jarreen kun kallattii addaa addaatiin Abbaa Duulaa yookiin Abbaa Waraanaa ta'uudhaan hojjetaniiru. Gabaabumatti, Mootii Daannoo Beeraa irraa kan hafe ijoollee Beeraa keessaa kan bara Mootii Tuuchoo waraana irratti hin hirmaanneefi daangaa babal'ifachuu keessatti qooda hin fudhanne hin jiru.

Afwalaloon gootummaa namoota bebbeekamoo ibsu inni biraan kan Tuuchoo Daannooti. Innis haala armaan gadiitiin kan walaleeffameedha.

Fkn.12. Tuutee (Tuuchoo) boora yaabe;

Boora eegee dhaabe;

Wallagga ni gugguufte;

Haaruun ni dhudhuufte. jedhu. (Maddi Marii garee gaafa,

Afwalaloo armaan olii irraa akkuma hubatamu, yaadni jiru Tuuchoon wayiita bulchiinsa isaatti Arjoo irraa kaasee hanga Wallagga Lixaa (Haaruu) bulchaa akka tureedha. Haaluma kanaan gara Wallaggaa Lixaatti sochii daangaa babal'ifannaa yeroo taasisu; biyyi isa dura dhaabbachuu dandeessu tokkollee kan hin jirre ta'uudha. Keessumaayyuu, naannoo Haaruu jedhamtu keessa yeroo Tuuchoon dhaqu kan namnillee taa'ee hin eegne ta'uu isaati. Kanaaf, 'Wallaggi ni gugguufte', 'Haaruun ni dhudhuufte' jechuudhaan gootummaa isaa leellisaa turan.

Haaluma kanaan, wayiita Tuuchoo Daannoo daangaa babal'ifannaa lagoota sadii: Laga Dhidheessaa, Laga Waamaafi Laga Gibee gidduu qabatee geggeessaa turetti akkas jechuun afwalaloo geerarsaa baasaafii turan.

Fkn.13. Yaa micciir qolee majii;

Ittisaa malkaa sadii;

Yaa qambar sadee Sibuu;

Yaa isa harkaan qabee fiduu.

Fakkoommiin afwalaloo armaan olii keessatti mul'atu, Tuuchoon nama qoleen yookiin gatiittiin isaa furdaa ta'eefi akka nama cimina isaarraan kan ka'e kallattii Laga Dhidheessaa, Laga Waamaafi Laga Gibee gidduutti diinni kamiyyuu seenuu akka hin dandeenye gochuu danda'uuti. Akkasumas, nama isaan mormu yookiin isa dura dhaabbatu meeshaa biraa osoo hin barbaadin haarkaan qabee fiduuti. Kanaaf, afwalaloon kun gootummaa Tuuchoo kan agarsiisuudha.

Fkn.14. Yaa wareera tumtuu;

Tuuchootti gurgurtee;

Takka areera hin dhugduu?

Afwalaloo armaan olii irraa akkuma hubatamu, Abdii namni jedhamu tokko farda cimaa waan qabuuf farda isaa kana Tuuchoon akka looniin jijjiiruuf gaafate. Yeroo kanatti namichi Abdii jedhamu kun farda kana isaa jijjiiruu hin barbaanne. Kanaaf, namoonni cimina Tuuchoo beekan akka inni jijjiiruuf farda gurguree taa'ee areeraafi aannan akka dhugu ibsuufii barbaadanii 'Tuuchootti gurgurtee; takka areera hin dhugduu.' Yeroo kanatti, oduu inni dibicha shantama naaf haa dabalu jedhe Warra Hordaa bira geenyaan dibichi shantamni akka dabalamuuf murteessanii kennaniif. Kanaanis, Warri Tuuchoo Daannoo, "Jorroo jarumaaf binne" jechuudhaan ittiin dhaadachaa turan. Kun illee Tuuchoon sababa gootummaa isaatiif kan waan barbaade hunda raawwatuudha.

Dabalataan, Tuuchoon bara isaa keessa bineensa adamsuudhaan nama beekamaa ture. Beekamtii isaa kanas, hawaasni naannoo kallattii addaa addaan sirbanii ragaa ba'uuf. Kanaaf, wayiita inni adamoof ba'u akkas jechuun ergaa waliif dabarsuudhaan cimina isaa ibsu. Innis,

Fkn.15. Tuuchoo suubii ba'ee;

Ala waaree ga'e;

Ijoolleen lagatti;

Beerri qoraanitti jechuudhaan geeraru. (Maddi, afgaaffii, 10/9/2012 irraa)

Fakkoommiin ergaa afwalaloo sirbaa armaan olii kun kan inni ibsu, Tuuchoon adamoof ba'ee bakkee turraan bineensa nyaatamu ajjeesee waan dhufuuf; ijoolleen bishaan ittiin dhiqatan yookiin qodaa miican akka waraabdu; warreen gurguddoon ammoo qoraan ittii foonni waadamee nyatamu akka coraniidha. Tuuchoonis, waan ba'eef dhabee hin galu waan ta'eefiidha. Kunis, gootummaa isaati.

Walumaa galatti, Uummanni Oromoo akka sabaattis ta'ee, akka dhuunfaatti uummata gootummaadhaan beekamuudha. Kanaaf, gootummaa isaa kanas gosoota afoola addaa addaatiin

ibsuudhaan dhaloota irraa dhalootatti daddabarsaa tureera. Gosoota afoolaa kanneen keessaa afwalaloon isa tokko waan ta'eef yaadoleen olitti ibsamaa turan kunneen, saba Oromoo galaana ta'e keessaa kan namoota baay'ee muraasaati.

### 4.1.2. Qabiyyee Afwalaloo Namoota Bebbeekamoo Jalalaa yookiin Jibba Agarsiisu

#### 4.1.2.1. Afwalaloo Jalala Agarsiisu

Gosti afwalaloo kanaa kan hawaasni nama jaallatu, kabajuufi iddoo guddaa kennuuf tokko ittiin jaalala qababuuf mul'isu yookiin leellisuuf baasuufiidha. Kana jechuun afwalaloon kun ergaa jaalala biyya, namaafi kanneen biroo ibsan dabarsa jechuudha. Gosa afwalaloo kanaa ilaalchisuun, Gonfaan (2008, f. 23), (Tesema, 2004).eeruun yoo ibsu, "Afwalaloowwaan Oromoo: afwalaloo jaalalaa, afwalaloo amantaa (afuuraa), faaruuwwan waktiilee ibsan, afwalaloo barbaachisummaa addaa (siyaasaafi faaruu asmaarii) fa'i" jedha. Yaada armaan olii irraa akkuma hubatamu gosti afwalaloo Oromoo hedduu ta'uu isaati. Kanaaf, afwalaloon jaalalaa namoota bebbeekamu agarsiisu kanneen armaan gadiiti.

Fkn.1. Farsoo ajaan hin jiru

bukeessaa bada malee

Arjoo arjaan hin jiruu

Urgeessaa Lataa malee (Maddi afgaaffii gaafa 11/8/2012 irraa)

Fakkoommiin afwalaloo kana keessatti ibsame; jiruufi jireenya hawaasaa keessatti jiruun hojjetamu tokko akkasumatti kan badu yookiin kan namatti hin tolle hin ta'u. Kunis, yoo dubartiin dhangaa yookiin dhugaatii sana qopheessitu ogeettii yookiin kaamettii ta'uu baatteedha. Kanaaf, 'Farsoo ajaan hin jiru bukeessaa bada malee' kan jedhu kun immoo, kan inni agarsiisu Uummanni Oromoo durarraayyuu kaasee ogeessaafi kan jiruu isaa bareechatu ta'uudha.

Akkasumas, Arjoo arjaan hin jiru kan jedhameefis akka afgaaffii Ob. Daadhii Bashaafi Ob. Fiixee Dibaabaa ibsanitti ergaa mataa isaa kan qabuudha. Haaluma kanaan, geerarsa kana ilaachisuun waa'ee namoota geeraraniin wal qabsiisee yaadota garaa garaatu jira. Haaluma kanaan, "Arjoo arjaan hn jiru …" Kan jedhu maaliif jedhame kan jedhuuf, deebii gaaffii yaada

kanaa haala armaan gadiitiin kaa'u. Isaanis, Namni geerarsa kana geerare daldalaadha. Akkuma beekamu bara sana keessa namoonni baay'een hojii daldalaa irratti bobbaa'anii akka turaniidha.

Kanaaf, yeroo kana keessa Arjoon giddu gala biyyaa (konyaa) taatee tajaajilaa waan turteef daldaltootni horii garaa garaa fe'atanii adeeman naannoo Arjoo keessa bulaa akka turaniidha. Si'a kana bakki isaan buufatanii bulaa turan mana Urgeessaa Lataa kana ture. Urgeessaa Lataas keessummoota gara isaa dhufan kana akkuma aadaa Oromootti nuffii tokko malee keessummeessuudhaan bakka bultii, waan isaan nyaatan, waan isaan dhugan kennuufiidhaan geggeessaa ture. Imaltootnis amala namicha kanaa arjummaa isaa waan beekaniif dhaamsa dhaamsaan mana Urgeesssaa Lataa dhaqu malee mana biraa akka hin bulle himama. Akkasumas, Urgeessaa Lataa yeroo bulchiinsa isaa sana keessa nama yakka dalagellee hidhaa hin turre. Nama waa ballesse yoo argame akkaataa ulfaatina badii isaatti reebsisee (garafsiisee) gara hojii isaatti deebisaa akka ture dubbatama. Kanaaf, yeroo sanatti gocha Urgeessaa Lataa kana waan jaallataniif akkas jedhanii geeraraniif.

Gama biraan ammo, bara sana keessa namoonni addaa addaa warra nafxanyaatiin biyya addaa addaatii qabamanii dhufanii Arjoo irratti hidhamaa turuu isaaniitu himama. Yeroo kanatti waqtiin isaan hidhaman wayiita sooma hiikaa waan ta'eefiidha. Keessumattuu, guyyaa yaadannoo Ayyaana Du'aa Ka'uu Gooftaa waan ta'eef namoonni guyyaa sana mana hidhaa bulan aarii isaanitti dhagaa'ame irraan kan ka'e Urgeessaa Lataa immoo ayyaana waggaatiin hagabuu ta'uu namoota kanaa argee dhangaafi dhugaatii qopheessee yommuu mana hidhatti geessuuf sirreeffamtoota yeroo sanaa keessaa Dojaa Arbaa kan jedhamu gocha Urgeessaa Lataa kanatti waan gammadeef akka geeraretu himama. Kunis, jaalala namicha kanaaf qabuuf kan geerare ta'uu isaati.

Kana qofa osoo hin taane, arjummaa isaa kanatti baay'ee waan gammadeef yeroo adaba isaanii xumuranii mana hidhaatii bahan bifa geerarsaatiin akkas jechuun eebbisaniiru.

Fkn.2. Lati yaa Urgeessaa Lataa

Akka baddeessaa lagaa

Niitiin Urgeessaa Lataa

Ilma malee hin da'inii

Saanni Urgeessaa Lataa

Raada malee hin dhalinii…. (Maddi afgaaffii, 11/8/2012 irraa.)

Gabaabumatti, afwalaloo armaan olii irraa wanti hubatamu yaadni yookiin ergaan isaa bara sana keessa sirreeffamtootni mana hidhaa turan sirna yeroo sana keessa ture keessatti miidhaafi dararama; akkasumas, gara jabina jiru jibbuun balaaleffachaafi ceepha'aa kan turaniidha. Namoota arjaafi saba isaanii bira dhaabbachaa turan keessumattuu kanneen akka Urgeessaa Lataa immoo kan jaallatan, faarsan, jajaniifi kan itti galateeffachaa turaniidha.

Haaluma kanaan, afwalaloo kanarraa wanti hubatamu inni biraan aadaa Oromoo keessaatti Oromoon dhiirri dhalachuufi raadni (goromsi) isaaf dhalachuutti baay'ee kan gammaduudha. Sababni isaas, yeroo sana daangaa babal'ifachuuf jecha qaamota garaa garaa wajjin waan wal loluuf dhiirri yoo dhalate lola keessatti na gargaara jedhee waan amanuufiidha.

Akkasumas, Uummanni Oromoo hojii tikfattee irratti bobba'uun loon horsiisee waan jiraatuuf raadi yookiin goromsi yoo dhalatte bor eger itti fuftee waan hortuufiidha. Kanaan walqabsiisee, Tasfaayeen qorannoo isaa warra Beeraa jedhu keessatti akkas jechuun ibsa.

> … Even if their wives begot female they degreded them and decided to marry other wife. But they have to wait their wives up to three cycles of their bearing. In this the former begotten female or females buried by her/ their father because their willing was getting son and growing him to war for the defence of their territory…. (Tasfaye, 2011:18)

Waraabbii kanarraa akkuma hubatamu haati warraa tokko tasa ilma dhiraa godhachuu yoo dadhabdellee dhiira baay'ee waan jaallatuuf mucaa dhiiraa argachuuf jecha darbee haadha manaa biraa kan fuudhu ta'uu isaati

Walumaa galatti, uummanni Arjoo yeroo sanaa biyyi isaa lafa midhaanii; biyya horiifi biyya dammaa waan tureef, keessummaa simachuu baay'ee jaallata. Akka jaarsoliin jedhanitti wanti hunduu yeroo sana waan jiruuf kan nyaataniifi dhugan farsoo naqee qophaa'ee nama eega jedhama.

Buna danfisanii dhuguun illee akka hinjirre garuu buna qalee dhadhaan laaqee marqaa qopheessuun waliin nyaata keessummaas haala kanaan kan simatuudha. Yoo keessummaan osoo qophii hin qabaatin tasa kan dhufu ta'ellee yerooma sana sa'atti jabbii gadhiisisuun elmisiisee

aannan okolee yookiin ukkeetti nama obaasa. Namoonni aannan kana dhuganis, callisanii hin deeman. Isaanis, akkana jechuun afwaloo eebbaa itti roobsu turan.

Fkn.3. Horiin keessan haa horu;

Haa damboobu;

Hortee hin deebi'in;

Boroo darbaa silga mucucaadhaa;

Goorduuba darbaa oota mucucaadhaafi kkf. jedhu. (Maddi afgaaffii, 11/8/2012 irraa.)

Afwalaloon olitti ibsame kun akkuma hubachiisu, akka walii galaatti uummanni Oromoo saba arjaa kansaa namaaf kennu kan namaa kan hin barbaanne ta'uu kan irraa hubannuudha. Kanaaf, kennaa isaaf godhame kanaafis kan waljaallatu; kan wal eebbisu; kan wal galateeffatu ta'uu isaa irraa baranna. Aadaan kun ammoo har'as taanaan uummaticha keessatti bifa addaa addaan kan calaqqisiifamuudha.

Fkn.4. Duboo hoolaan baqaqsaa
Abbaa Fiddoo (Ammayyaa)
Ji'oo kooraa walakkaa
Fardaaf rafeen, Garbaaf rafe
Mil'uu ijakee rafuu dadhabee. (Maddi afgaaffii, 11/8/2012 irraa.)

Yaadni afwalaloo armaan olii keessatti mul'atu haati warraa Ammayyaa Higgiin sababa tokko tokkoon Ammayyaa dhiiftee jalaa akka deemteedh. Haa ta'u malee, nama ishee waliin ture akka jaallattuufi ammallee akka isa yaadaa akka jirtuudha. Akkasumas, isa yaaduurraan ka'e, yeroo tokkoof illee ijishee hirriba akka dhabeedha. 'Mil'uu ija keen rafuu dadhabe' jetti. Kun immoo, yoo akkamiyyuu ta'e namni kun (Ammayyaan) abbaa warraa ishee waan ta'eef ammayyuu jaalala isaaf qabduufi akka isa jajjullee 'Ji'oo kooraa walakkaa' jechuun afwalaloo kanaan ibsatteetti.

#### 4.1.2.2. Afwalaloo Jibba Agarsiisu

Hawaasa Oromoo biratti jiruuf jireenyi isaa heddumminaan jaalalaan kan geggeeffamuufi raawwatamuudha. Haa ta'u malee kan haala inni hin barbaanneen jiraatu immoo amala jibbuufi haala ittiin ceepha'u qaba. Haaluma kanaan, jibbaafi ceephoo kana afwalaloo addaa addaatti fayyadamuudhaan nama jibbu sana ittiin ceepha'uu, abaaruuf yookiin arrabsuun yaada isaa ibsata. Kanaaf, afwalaloon jibbaa namoota bebbeekamoo Aanaa Jimmaa Arjoo haala armaan gadiitiin jira. Kanas, taateefi haala garaa garaa keessatti gargaaramu.

Fkn.1. Nuurii yaa wagidii saa

Arjoo yaa qilleensasaa

Keessumaa hamataasaa. (Maddi afgaaffii 10/9/2012)

Afwalaloo armaan olii irraa akkuma hubatamu fakkoommiin haala bulchiinsa yeroo sana biyya dhufee uummata weeraree jiru gara jabeessaafi kan hawaasichaaf hin naane ta'uu isaati. Akkasumas, namichi sirreeffamaan kun reefuu gara biyya kanaa waan dhufuuf haalli qilleensaa kan isaaf hin mijoofne ta'uufi namni tokko wayiita qilleensa haaraa takkotti jijjiirratu kan dafee itti hin barre ta'uudha. Kanumaan walqabsiisuun qilleensi Jimmaa Arjoo ammumallee nama haaraa jalqaba gara biyyichaa dhufetti kan ulfaatuufi dafee kan itti hin baramneedha.

Kanaaf, namichi kun gocha 'nacci libashii' kanaa, haala hawaasa naannoo sanaafi haala qorra naannoo sanaa yommuu ilaalu 'Nuurii yaa wagidii saa. Arjoo yaa qilleensa' jechuun jibba bulchiinsa sanaafi haala qilleensa naannichaa irratti qabu ibseera.

Gama biraatiin, dubbii namicha kanaarraa wanti hubatamu yeroo sana sirni nafxanyaa reefuu gara biyya sanaa waan dhufeef hawaasa keessatti oduu oliif gadi oofuun hawaasaafi warra biyya bulchina jedhan gidduu hamii kan deddeebisaa turaniifi qaamota yeroo sana uummata bulchina jedhan gidduu olola yookiin oduu adeemsisaa kan turan ta'uudha. Haala kanas, baay'ee jibbeera. Namichi kunis, aangoon isa harka waan jirtuuf baay'ee of tuulaafi kan nama tuffatu, aangootti garmalee fayyadamuudhaan uummata yeroo sanaa irraan dhiibbaafi dararaa cimaa geessisaa ture. Keessumattuu, jecha isaa keessaa nama kamiifiyyuu xiqqaas ta'ee guddaan jecha 'wagid' jettutti dhimma bahuun nama gadi buusaafi arrabsaa akka tureedha.

Haaluma kanaan, namichi Dojaa jedhamu kun osoo hidhaa jiruu yeroo Soomii guddaa hiikaan ga'u mana hidhaatii isa baasuu diduun yeroo ayyaanaa sana keessa achi isa bulchan. Haata'u malee, namni kun kan qabeenya qabuufi mana isaatii akka barbaadetti jireenya isaa namoota biraaf qoodee ittiin jiraachisuudha. Guyyaa sana gaafa waan nyaatu dhabu akkas jechuun dubbate.

Fkn.2. Mana koo hunduu jiru

Garaa koo homtuu hin jiru

Hindaaqqoon iyyite kaa

Sidaamni walwaamte kaa

Koo maagaan caraante kaa (Maddi, afgaaffii, 10/9/2012, Ob. Daadhii Bashaa)

Afwalaloo armaan olii kana irraa akkuma hubatamu namichi kun abbaa qabeenyaa ga'aa qabu ta'ee, garuu harka adabaa jala waan jiruuf waan qabuttillee fayyadamuu dhabee nama dharraan miidhamaa jiru ta'uu isaati. Kana malees, warri yommuu sana aangoorra jiran kan namaaf hin naane ta'uufi doqnoota warra gara jabeeyyii ta'uu isaaniitiif jibba gocha isaanii kana irraa qabu 'Sidaamni walwaamte kaa; Koo maagaan caraante kaa.jechuun ibse.

Ittuma fufuun, namichi kun garaansaallee waan guyyaa ayyaanaa bare dhabuudhaan maagaan isaallee kan isa hin raffisne ta'uu agarsiisa. Haala kana keesstti, abbaa warra rakkataniifi beela'anii kan ta'e Urgeessaa Lataa namicha rakkoo isaa hubachuudhaan iddoo inniifi hidhamtootni biroon mana hidhaa jiranitti dhangaa masoobii (leemmatii) keessa gochuun dhugaatii immoo gombootti naquun namicha kanaaf dhiyeesseef.

Fkn.3. Yaa hiddii booraa gamaa yee

Si hin bunne si hin hawwanne

Yaa Higgii boo'a qabaaree? (Maddi, afgaaffii, 10/9/2012 irraa argame.)

Afwalaloo armaan olii irraa akkuma hubatamu fakkoommiin jiru Gadaa Gilindee kan jedhamu yaada Higgiin karaa mararoo ibsachaa turte; innis osoo kallattiin maaliif akkas jetta yookiin eenyuun jetta osoo hin jedhin karaa alkallattii deebii isheef kennuu agarra. Kanaaf, yaada

Higgiin kaaste kana yommuu qeequ ‘Si hin bunne si hin hawwine; Yaa Higgii boo’a qabaaree?’ jedhee jibba yaada isheef qabu ibseera.

Gama biraatiin, afwalaloon namoota bebbeekamoo jibba agarsiisan sababa bulchiinsa yeroo sanaa baqachuu irraan kan ka’e akkas jechuudhaan quuqqaa garaa isaanii ibsachaa kan turaniidha. Kunis, ariyatamuufi darara cimaan waan ijoollee Oromoo naannoo sana jiraatan irra ga’eef wayiita baqatan akkas jedhu.

Fkn.4. Citaa ba’aa tokkon baadhaa

Duubaan qilleensatu raasaa

Ibsaa afaan tokkon gaaffaa

Duubaan dhidheessatu baasaa. (Maddi, Ob. Waltajjii Tarfaa I/A/Abba Gadaa Aanaa Jimmaa Arjoo)

Afwalaloo gabaabduu armaan olii irraa akkuma hubatamu bara sana keessa uummanni akka ammaa kana mana qorqorroo kan ijaarratu osoo hin taane citaa irraa kan ijaarrataa ture ta’uudha. Akkasumas, roorroo yeroo sana ture ofirraa fonqolchuuf bulchaa sanaa kan turellee gaafachaa akka turaniidha. Haa ta’u malee, yoo gaaffii kana gaafatanis, kan hidhamaniifi kan ajjeefaman ta’uudha. Kanaaf, namni gaaffii gaafatuufi mirga isaaf falmu, baqachuun akkuma walaloo keessatti ibsame karaa Laga Dhidheessaa ce’uudhaan bakka biraatti roorroo jalaa baqachaa kan turan ta’uudha. ‘Duubaan dhidheessatu baasa’ jechuudhaan jibba bulchiinsa irraa qaban ibsatu.

Haaluma kanaan, Sabni Oromoo bara sanaa cunqursaafi roorroo isarra ga’e sana ibsatan qaamni bulchiinsa irra jiru dhaga’uu diduun uummaticharra ba’aafi darara isarra ga’aa ture sana jibbuufi ijibbaachuudhaan Fiitiwaraarii Ibsaa irratti akkas jechuun geeraran.

Fkn.5. Ibsaa Booree yaa goobaxee;

Hin tokkoftu hin loggomtu;

Arjoon teessa kaa qofaa kee. jechuun. (Maddi afgaaffii 11/10/2012)

Afwalaloo armaan olii irraa akkuma hubatnu, Namichi Ibsaa Booree jedhamu kun sanyummaan Oromoo ta’ee osoo jiruu, yeroo sana keessa Uummata Oromoo irratti warra bulchitoota

‘nafxanyaa’ jedhaman caalaatti kan irreesaa ol kaasee ummaticha kan jilbeenfachiiseefi dararri uummaticharra ga’e yeroo itti fiixeerra ga’e ta’uudha. Kanaaf, Uummanni kun gara jabina namicha kanaa jalaa baqachuudhaan, sulula laga dhidheessaatti godaanaa kan turaniifi iddoo sanatti hedduun isaaniillee bineensaan akka nyaatamaa turan jaarsoliin seenaa ni dubatu. Kanaaf, bu’aa namichi kun uummataaf gumaache waan hin jirreef uummatichi jibba isarraa qabu ibsachuuf ‘hin tokkostu; hin loggomtu Arjoon teesakaa qofaakee’ jedheen jedhama.

Dabalataanis, afwalaloon jibba agarsiisu kan ilmaan Beeraa keessaa wayiita ‘nafxanyaan’ Arjoon qabate Ligdii Beeraa jibba abbootii lafaa isaan jalatti bulaa turan dafanii warra nafxanyaa jala galuudhaan akka waan isa hin beekneetti jiraachuu barbaadan kan inni geerareedha.

Fkn.6. Yaa Murraa Caalii, Keekkuu,

Yaa Doonoo Gadaa, Waayyuu

Yaa Kuusaa Hirphoo, Badhoo

Yaa Ginnaa Kormee, Gojjii

Jedhi naan jettaniiree?

Jennaan waa hin jettaniiree,

Isin dur keenya mitii?

Gaachana baattu mitii?

Nu jala kaattu mitii?

Nu manaa dhugna mitii?

Isin alaa mugdu mitii? (Maddi, afgaaffii, 10/9/2012 irraa.)

Afwalaloo kana irraa akkuma hubatamu, wayiita kanatti ilmaan Beeraa keessaa tokko kan ta’e Ligidiin jibba jara kana irraa qabuun isaan tuffatee akkaas jedheen ‘Isin dur keenya mitii? Gaachana baattu mitii?; Nu jala kaattu mitii?; Nu manaa dhugna mitii?; Isin alaa mugdu mitii? jedheen. Namichi kun, jara kana duraan ergachaa waan turaniif amma immoo isa isaan hojjisiifachuu dhabaniifi galii duraan isaan irraa argachaa turan waan isaan irraa dhaabbateef

faayidaa kana dhabuun isaan aarseera. Kun immoo kan inni agarsiisu ilmi namaa amala isaatiin faayidaa duraan argachaa ture sana dhabu, qaama irraa faayidaa dhabe sana jibbuun yookiin itti aaruun isaa hin hafu. Kanaaf, afwalaloon kun jibba kan agarsiisuudha.

### 4.1.3. Qabiyyee Afwalaloo Faaruu Yookiin Sirba Agarsiisu

Gosti afwalaloo kanaa, kan hawaasni ittiin wal faarsu, wal leellisu, waliif sirbuufi kabaja waliif qabu ittiin agarsiisuudha. Hawaasa Aanaa Jimmaa Arjoo keessatti afwalaloon bifa kanaan namoota bebbeekamoof walaleeffamu kanneen armaan gadiiti.

Fkn.1. Abakuun maaf iyya laataa

Sidaamatu Laaloo Balleessee

Basaquu ilkaan silga raadaa

Siin Waaqatu Jaanoo barreessee. (Maddi Afgaaffii 10/9/2012, Ob. Fiixee Dibaabaa)

Wayiita daangaa babal'ifannaa Warra Beeraa sana keessa Abakuun magaalaa Arjoorraan kallattii Bahaatti kan argamtu hoogganaa Laaloo ta'ee ture. Kanaaf, haala ciminaafi hoogganssa Abakuu kana warri naannoo Laaloo jiraatan akkaataa armaan olii kana jechuudhaan weeddisaniif. Haaluma kanaan, Afwalaloo sirbaa armaan olii irraa akkuma hubatamu Abakuun nama hojiif tattaafatu waan ta'eef yeroo mara hojjedhaa jedhee kan iyyuufi kan dheekkamu ture.

Gama biraatiin, wayiitii bulchiinsa Tuuchoo keessa Abakuun, hojii dabalataa akka itti gaafatamaa baajetaa yookiin ministeera maallaqaafi qajeelchaa humna waraanaatti tajaajilaa tureera. Kanas, Tasfaan (2011) akkas jechuun ibseera.

> Abaku another son of Bera served as treaseures of the Moti and during the war he was a well-known engineer who designed and prepared strategic trenches. Many of these trenches are still visible and they are known as 'gala Abaku' (the entranced of Abaku) after him. (p: 23)

Yaada armaan irraa akkuma hubatamu, Abakuun ilmaan warra Beeraa keessaa tokko ta'ee, kan yeroo lolaatti tooftaalee addaa addaa kalaquudhaan beekamuudha. Kunis, loltoota isaanitti dhufan jalaa miliquuf karaa addaa addaa qopheessuun beekama. Karaaleen kun hanga yoonaattiyyuu seensa yookiin karaa galma Abakuu jedhamee beekama.Kanaaf, Abakuun nama cimaa waan ta'eef afwalaloo sirbaa armaan olii kana sirbaafii turan.

Haaluma kanaan afwalaloon sirbaa hawaasa aanaa kanaa biratti baakamaan Waa'ee Tuuchoo Daannooti. Kunis, Ciminniifi hooggansi Tuuchoo Daannoo osoo gara bulchiinsaatti hin dhufiniifi erga gara bulchiinsaatti dhufee jiru hawaasa naannoo sanaatiin kallattii garaa garaatti ibsama. Kunis: sirbaan, geerarsaan, walaloon, faaruun, mararoon, weedduufi kkfn ta'ee; qaamonni cimina isaa karaalee olitti ibsamaniin jajanis, qeerrota, qarreewwan, dubartoota, jarsolii, loltootaafi kkfn kan kalaqamuudha. Haaluma kanaan, yeroo Mootii Tuuchoon daangaa babal'ifachuuf gara Wallaggaa Lixaa Haaruutti taassise akkas jechuun sirbaafii turan.

Fkn.2. Fardi Tuuchoo Daannoo;

buqqee dheedhii nyaata;

Yoon geellookee yaadu

luqqeettuu na nyaataa;

Lapheetti ol na kaata. (Maddi afgaaffii 10/9/2012, Ob. Fiixee Dibaabaa irraa)

Fakkoommii sirba gabaabduu kanaan ergaan darbee jiru hedduudha. Isaanis, qeerroon sirbe kun jaalala isaa ibsateera. Akkasumas, fardeen warra Beeraallee maal akka sooratanii akkas lolan ibsuuf yaaleera. Kunis, 'Fardi Tuuchoo Daannoo; buqqee dheedhii nyaata. Buqqeen (dabaaqulli) gosa nyaataa keessaa kan humnaafi cimina kennu ta'uusaa agarsiisa. Haaluma kanaan, sirba kana akka jaarsoliin jedhanitti namichi sirbe warra beeraa keessaa yommuu ta'u innis warra Leeqaa keessaa qarreen tokko keessa beekettiidhaan fardeen warra Beeraa maal akka sooratanii akkas akka lolan gaafannaan innimmoo sirba kanaan deebii kenneefii ture. Kanarraa ka'uudhaan, sababa inni hicciitii jiru isheetti himeef isheen immoo nama kanaa wajjin mana akka ijaarraatteedha.

### 4.1.5. Qabiyyee Afwalaloo Gaabbii Agarsiisu

Gaabbiin waantoota jiruuf jireenya keessatti dabarsan gara duubaatti deebi'uudhaan jaalala yookiin jibba waan keessa turanii sanaaf qaban ibsachuudha. Kunis, kan inni agarsiisu nammni kaleessa isaa ilaalee utuu hin jedhin hafu hin jiru jechuudha. Haaluma kanaan, akka Aanaa Jimmaa Arjootti afwalaloon gaabbii agarsiisan kanneen arman gadiiti.

Fkn.1. Yaa Birruu Beeraa Ootaa

Durattoo Gumaa mootaa

Jabannoo didee amma

Kottuu gali attam gootaa

Afwalaloo armaan olii irraa akkuma hubatamu, Birruun dur wayiita Qanyaasmaach ta'ee bulchaa turetti nama jabaafi iddoowwan garaa garaa irratti mo'icha kan qabuufi jabina kan qabu ta'uu isaa agarsiisa. Haa ta'u malee, amma garuu haalli bulchiinsaa akka duriitti waan isaaf hin mijanneef, bulchiinsa isaa isa duraa sana yaadachiisuudhaan amma akka duraa sana siif hin ta'uu dhiisii gali jechuu barbaadan. Kanaaf, 'Jabannoo didee amma, Kottuu gali attam gootaa?' jechuudhaan abdii kutachiisan.

Fkn.2. Duboo hoolaan baqaqsaa

Abbaa Fiddoo (Ammayyaa)

Ji'oo kooraa walakkaa

Fardaaf rafeen, Garbaaf rafe

Mil'uu ijakee rafuu dadhabe. (Maddi afgaaffii, 11/8/2012 irraa.)

Afwalaloo armaan olii irraa akkuma hubatamu, haadha manaa Ammayyaa kan taate, Higgii kan jedhamtutu jireenya isaa wajjin jiraachaa turte sana dhabuu isheetti gaabbitee 'Mil'uu ijakee rafuun dadhabe jette' haala kanaan sirbite. Kunis, jireenyi ishee inni kanaan dura darbe akka isa amma ta'uu dinnaan yeroo isheen afwalaloo kana dubbattuu ga'uufii diduu isaa agarsiisuuf.

Fkn.3. Mana koo hunduu jiru

Garaa koo homtuu hin jiru

Hindaaqqoon iyyite kaa

Sidaamni walwaamte kaa

Koo maagaan caraante kaa (Maddi, afgaaffii, 10/9/2012, Ob. Daadhii Bashaa)

Afwalaloo armaan olii irraa akkuma hubatamu, Namichi kun yaada kana kan dubbate jireenya mana isaa yaadee gaabbiidhaan garaan isaa waan gubateef haala kanaan geerareera. Innis, namichi kun wayiita afwalaloo kana dubbatu mana hidhaa keessa taa'eeti. Yerichis yeroo ayyaana waggaati. Inni garuu mana hidhaa waan jiruuf, qophiilee mana isaatti ayyaanaaf qophaa'an dhabee gaabbiifi quuqqaa garaa isaa jiru; 'Sidaamni wal waamte kaa, koo magaan caraantekaa.' jechuudhaan ibsateera.

### 4.1.6. Qabiyyee Afwalaloo Geerarsaa

Geerarsi gosa afwalaloo ta'ee unka gaggabaaboon kan dhiyaatuufi kan namoonni muuxannoo jiruuf jireenya keessatti isaan quunname kanneen akka: gadda, gammachuu, jibba, jaalala, hawwii, fedhii, hiyyummaa, badhaadhina, roorroofi hacuuccaa, gootummaa, garbummaafi bilisummaa, walumaa galatti, wantoota keessootti dhaga'ame bifa afwalaloon qindeessanii yeedaloon dabaalanii ittiin ibsataniidha. Haalli raawwii isaas yeroofi bakka addaa addaatti ta'uu danda'a.

Fkn.1. Araddaa maaliitu bade;

Daangaa maaliitu jallate;

Ajab yaa ilma waan badee;

Kan Gobbuu dhufe bade. (Maddi afgaaffii, 9/10/2012 iraa.)

Akkuma afwalaloo geerarsaa armaan olii irraa hubatamutti fakkoommiin jiru Leeqaa Qumbaafi Jimmaa Gobbuu gidduu garaagarummaan daangaa kan hin jirre ta'uudha. Kun immoo warri Qumbaafi warri Sayyoo walii galuudhaan warra leeqaa Naqamtee of irraa ittisaa akka turaniidha. Kanaaf wayiita sanatti walitti dhufeenya jarreen kanaa agarsiisuuf geerarsa kana geeraraniiru.

Haaluma kanaan, afwalaloowwan qaaccessa armaan olii keessatti xiinxalaman heddeen isaanii unka geerarsaa kanneen of keessaa qabaniidha. Kanaaf, afwalaloon geerarsaa namoota bebbeekamoo ibsu inni biraan namichi Dojaa Arbaa jedhamu kan inni mana hidhaa keessa taa'ee geerareedha.

Fkn.3. Mana koo hunduu jiru

Garaa koo homtuu hin jiru

Hindaaqqoon iyyite kaa

Sidaamni walwaamte kaa

Koo maagaan caraante kaa (Maddi, afgaaffii, 10/9/2012, Ob. Daadhii Bashaa)

Afwalaloon geerarsaa armaan olii kun kan agarsiisu, geerarsa aariiti. Kunis, namichi kun wayiita sana mana hidhaa waan tureef guyyaa ayyaanaatti waan ittiin ayyaana baasu dhabuudhaan ariifi gadda guyyaa sana itti dhagaa'ame kan ibsateedha.

Gama biraatiin, afwalaloon geerarsa agarsiisu kan armaan gadiiti.

Fkn.4. Yaa Murraa Caalii, Keekkuu,

Yaa Doonoo Gadaa, Waayyuu

Yaa Kuusaa Hirphoo, Badhoo

Yaa Ginnaa Kormee, Gojjii

Jedhi naan jettaniiree?

Jennaan waa hin jettaniiree,

Isin dur keenya mitii?

Gaachana baattu mitii?

Nu jala kaattu mitii?

Nu manaa dhugna mitii?

Isin alaa mugdu mitii? (Maddi, afgaaffii, 10/9/2012 irraa.)

Afwalaloo armaan olii irraa akkuma hubatamu namni geerarsa kana geerare jarreen geerarsicha keessatti maqaa dha'aman duraan bulchiinsa isaa jala kanneen turaniidha. Haa ta'u malee, isaan sirna haaraa biyya bituuf dhufe jala waan galaniif isaanitti aaruudhaan yookiin isa isaan isa ganan mufachuudhaan geerarsa kana geerareef.

Gabaabumatti, afwalaloowwan qaaccessa armaan olii keessatti xiinxalaman hedduun isaanii afwalaloo geerarsaati. Ta'us garuu, qabiyyee mata mataa isaanii waan agarsiisaniif haala qabiyyee isaaniitiin bakka jala galuu danda'anitti qaacceffamanii kaa'amaniiru.

## 4.2. Ergaa Afwalaloon Namoota Bebbeekamoo Aanaa Jimmaa Arjoo Mul'isan

Afwalaloon namoota bebbeekamoo Aaanaa Jimmaa Arjoo keessatti argamanii ergaawwan addaa addaa kanneen ofkeessaa qabaniidha. Ergaawwan isaan of keessaa qaban kunneenis, dhimma dinagdee, dhimma hawaasummaa, dhimma siyaasaafi bulchiinsaa fa'i. Haaluma kanaan, yoomeessaafi haala keessatti fayyadamaman irratti hundaa'uudhaan ergaawwan garaaragraa dabarsuu ni danda'u. Dabalataani, ergaawwan gurguddaafi ergaawwan xixiqqoo addaa addaa qabaachuu danda'a. Qorannoo kana keessattis ergaawwan Afwalaloo namoota Bebbeekamoo Aanaa Jimmaa Arjoo funaanamuudhaan xiinxalamanii jiru.

### 4.2. 1. Afwalaloo Ergaawwan Diinagdee of Keessaa Qaban

Diinagdeen bu'uura jiruufi jireenya dhala namaati. Sabni diinagdeen kufaan kallattii hundaan kufaadha. Sabni Oromoo Arjoofi naannoo ishee jiraachaa tures diinagdee isaa guddifachuuf hojiiwwan addaa addaa keessatti hirmaachaa tureera. Hojiiwwan misooma diinagdee isaa ibsan kanneenis kallattii afwalalootiin ibsaa ture. Afwalaloowwan kunis kanneen armaan gadiiti.

Fkn.1.Lati yaa Urgeessaa Lataa

Akka baddeessaa lagaa

Niitiin Urgeessaa Lataa

Ilma malee hind a'inii

Saanni Urgeessaa Lataa

Raada malee hin dhalinii…. (Maddi afgaaffii, 11/8/2012 irraa.)

Afwalaloo armaan olii irraa akkuma hubatamu, Urgeessaa Lataa namni jedhamu kun namoota yeroo sana keessa daldalaaf deddeebi'an mana isaatti simachuudhaan nyaachisaafi obaasaa ture. Kun immoo kan inni agarsiisu namni kun diinagdeen hawaasa naannoo sanaa irra fooyya'aa kan tureedha. Kanaaf, namoonni mana isaatti afeeraman

kunis diinagdeen akka inni guddatu waan barbaadaniif ‘Saanni Urgeessaa Lataa raada malee hin dhalin’ jedhanii hawwii isaaf qaban ibsataniiru.

Fkn.2. Mana koo hunduu jiru

Garaa koo homtuu hin jiru

Hindaaqqoon iyyite kaa

Sidaamni walwaamte kaa

Koo maagaan caraante kaa (Maddi, afgaaffii, 10/9/2012, Ob. Daadhii Bashaa)

Akkuma afwalaloo armaan olii toora 1ffaafi 2ffaa irratti kaa’ame namni kun diinagdeedhaan fooyya’aa ta’uufi qabeenya nama qabu ta’uu isaati. Haa ta’u malee, yeroo sanatti adaba jala waan jiruuf qabeenya kana itti fayyadamuu dhabuudhaan garaasaa qullaa/duwwaa akka ta’eedha. Kanaaf, afwalaloon kun diinagdee kan agarsiisuudha.
Kana malees, afwalaloon diinagdee agarsiisu inni biraan,

Fkn.3. Horiin keessan haa horu;

Haa damboobu;

Hortee hin deebi’in;

Boroo darbaa silga mucucaadhaa;

Goorduuba darbaa oota mucucaadhaafi kkf. Jedhu. (Maddi afgaaffii, 11/8/2012 irraa.)

Afwalaloon armaan olii kunis Urgeessa Lataa namoota bara isaa keessa turan kan kan gargaaruufi kan nyaachisu waan ta’eef isaan immoo hawwii diinagdeen dagaaguu isaaf qaban ‘Horiin keessan haa horu; Haa damboobu; Hortee hin deebi’in; Boroo darbaa silga mucucaadhaa; Goorduuba darbaa oota mucucaadhaa’ jechuun akka isaan badhaadhaniif hawwii isaanii ibsataniiru.

### 4.2. 2. Afwalaloo Ergaawwan Hawaasummaa Qaban

Uummanni Oromoo Aanaa Jimmaa Arjoo keessa jiraachaa ture jireenya hawwaasummaa isaa karaa inni ittiin calaqqisiisuufi ibsatu keessaa tokko afwalalootti dhimma bahuudhaan. Kunis, afwalaloowwan garaa garaatti dhimma bahuun wantoota jireenya hawaasummaa isaa keessatti barbaachisoo ta'an kanneen akka beekumsaa, amanamummaa, dhugaa, garraamummaa, gorsa fudhachuu, obsa qabaachuu, hojiitti cimuufi abdii kutachuu dhabuun qaban ittiin waliif dabarsu. Kanaaf, ergaawwan afwalaloo dhimmoota hawaasummaa uummatichaa kallatti garaagaraatiin ibsan keessaa ragaalee funaaman kan itti aanee dhihaatu isaan muraasa. Gabaabumatti, dhalli namaa bineensa hawaasummaan jiraatu jedhama.

Fkn.1. Tuuchoo suubii ba'ee;

Ala waaree ga'e;

Ijoolleen lagatti;

Beerri qoraanitti jechuudhaan geeraru. (Maddi, afgaaffii, 10/9/2012 irraa)

Ergaan afwalaloo armaan olii kan inni mul'isu sabni yeroo sanaa hawaasummaafi jaalalli inni qabu cimaa waan ta'eef wayiita Tuuchoon adamoof ba'u hawaasummaan wal ta'anii wantoota barbaachisu qopheessuudhaan isa eegu jechuudha. Kunis, yeroo inni ba'utti biiftuu lixuuf yoo geessu inni waan galuuf, wantoota ittiin foonni miicamee nyaatamuufi qoraan foon ittiin waadamee nyaatamu qixaa'ee eega jechuudha. Kun ammoo hawaasummaan yeroo sanaa cimaa ta'uu isaa kan agarsiisuudha.

Fkn.2. Mana koo hunduu jiru

Garaa koo homtuu hin jiru

Hindaaqqoon iyyite kaa

Sidaamni walwaamte kaa

Koo maagaan caraante kaa (Maddi, afgaaffii, 10/9/2012, Ob. Daadhii Bashaa)

Afwalaloon armaan olii kun kan mul'isu haalli namichi kun keessa jiru hawaasummaa naannoo isaa jiru yaadee aaraa jira. Faallaa kanaa immoo bakki inni wayiita sanatti ture ofii isaaniitii hawaasummaan ayyaana irratti kan wal waaman ta'uu isaati. Haata'u malee namicha kana garuu namni isa yaadate akka hin jirretti. Kanaaf, namichi kun hawaasummaa naannoo isaa jiru dharra'uudhaan afwalaloo kana dubbateera.

#### 4.2.3. Afwalaloo Ergaa Siyaasa Qaban

Sabni kamiyyuu siyaasa mataa isaa ni qabaata. Siyaasa kanas kallattii addaa addaatiin calaqqisiisa. Kunis, siyaasa ofii isaatii kalaqateefi kan qaamni biraan bakkeedhaa fidee ummata sana ittiin cabsuuf yookiin bituudhaaf itti fayyadamuudha. Haaluma kanaan, uummanni Oromoo Aanaa Jimmaa Arjoo keessa jiraatu yeroo garaa garaatti siyaasa isaan irratti fe'amaa ture mormaa tureera. Kanaaf, afwalaloon hawaasni kun ittiin siyaasa namoota bebbeekamoo ibsaa ture kannneen armaan gadiiti.

Fkn.1. Ibsaa Booree yaa goobaxee;

Hin tokkoftu hin loggomtu;

Arjoon teessa kaa qofaa kee. jechuun. (Maddi afgaaffii 11/10/2012)

Afwalaloon armaan olii kun akkuma agarsiisu, Ibsaa Booree namni jedhamu kun wayiita sirni 'Nafxanyaa' Arjoon qabatee turetti sirni sun uummata irratti darara cimaa waan geggeessaa tureef iyyitni uummataa isaan irratti heddummate ture. Kanarraa ka'uudhaan Ibsaa Booree hoogganaa taassisaniifii turan. Namichi kun garuu silaa uummataaf yaada kan jedhame faallaa ta'uudhaan irree isaa uummata irratti ol kaasuudhaan miidhaafi hacuuccaa cimaa geessise. Uummannis hacuuccaa kana nuffuufi jibbuudhaan afwalaloo olii kana baasaniiruuf.

Fkn.2. Nuurii yaa wagidii saa

Arjoo yaa qilleensasaa

Keessumaa hamataasaa. (Maddi afgaaffii 10/9/2012

Afwalaloo armaan olii irraa wanti hubatamu haala siyaasa yeroo sanaa biyyattii keessa tureeti. Innis, wayiita sanatti qaamni biyya hoogganaa ture qajeelfama inni hawaasa irratti diriirseeen kanneen isa jalatti hojjechaa turan yookiin ergamtootni isaa qajeelfama sana dawoo

godhachuudhaan saba naannichaa irratti harka isaanii olkaasaafi uummaticha dararaa kana turaniidha. Kanaaf, hawaasni haala siyaasa ittiin miidhamaa ture sana jibbuudhaan afwalaloo kana akka baaseefiidha.

### 4.2.4. Ergaawwan Afwalaloo Sirna Bulchiinsaa Ibsan

Sirni bulchiinsaa kan biyyi tokko ittiin bultuufi geggeeffamtuudha. Haalli bulchiinsaa kunis yeroofi taateewwan addaa addaatiin jijijjiiramuu ni danda'a. Kunis, akkaataa amalaafi ilaalcha garee biyya sana bulchuutiin kan murtaa'uudha. Haaluma kanaan sirni bulchiinsaa kun kan sirna uummatasaa ija walqixaan ilaalu (diimokiraatawaa)fi Sirna hawaasa kana aangoo isaatiif jedhee miidhu ta'a. Kanarraa ka'uudhaan hawaasniis sirna isaaf ta'u kan deeggeruufi wajjin hojjetu yemmuu ta'u, kan isa miidhuufi dhiibbaa addaa addaa isarraan ga'u immoo ni morma ni fincilas. Kanaaf, uummanni Aanaa Jimmaa Arjoos sirna bulchiinsaa bara dheeraadhaaf isarra ka'aa ture kallattii garaa garaatiifi afwalaloowwan addaa addaa fayyadamuudhaan ofirraa faccisaa tureera. Kunis, haala armaan gadiitiin kan jiruudha.

Fkn.1. Abbaa Nagawoo Garbii,

Yaa cooma Jiitoo Jaarsoo,

Bakakkaa Qumbaa jiru,

Qorsa Nageessoon jiru,

Biiftuu Daabbeerraan baate,

Dubbiin akka har'aa hin jiru.

Isa har'a waarii jenne,

Bor waareetti arguuf jirru,

Qooddottii ciruu dhiisii,

Achiin ba'uunuu hin jiru. (Maddi marii garee, 10/9/2012 irraa)

Afwalaloo armaan olii irraa akkuma hubatamu bara sana keessa sirni bulchiinsaa ture kan aangoo waliin qooddatan ta'ee, garuu diina isaanitti dhufu wal ta'anii ofirraa ittisaa kan

turaniidha. Kanaaf, bulchiinsi yeroo sanaa Sirna Gadaa kan Uummanni Oromoo ittiin wal bulchaa ture ta'uu isaati. Namoonni afwalaloo kana keessatti alkallattiin maqaa dha'aman kanneen akka: Bakakkaa Qumbaa jiru, Qorsa Nageessoon jiru, Biiftuu Daabbeerraan baate jedhaman kun bulchitoota yeroo sana Arjoofi naannoo ishee haala bulchiinsa Sirna Gadaatiin qooddatanii bulchaa turaniidha.

Kana malees, afwalaloon ergaa bulchiinsaa qabu kan armaan gadiiti.

Fkn.2. Yaa Murraa Caalii, Keekkuu,

Yaa Doonoo Gadaa, Waayyuu

Yaa Kuusaa Hirphoo, Badhoo

Yaa Ginnaa Kormee, Gojjii

Jedhi naan jettaniiree?

Jennaan waa hin jettaniiree,

Isin dur keenya mitii?

Gaachana baattu mitii?

Nu jala kaattu mitii?

Nu manaa dhugna mitii?

Isin alaa mugdu mitii? (Maddi, afgaaffii, 10/9/2012 irraa.)

Armaan olitti afwalaloon dhiyaate kun sirnoonni bulchiinsaa yeroo yerootti jijjiiramaa kan deemu ta'uu isaati. Haaluma kanaan, qaamni afwalaloo kana kalaqe jarreen inni afwalaloo kana keessatti maqaa dha'e duraan sirna bulchiinsaa isaa jala kan turaniidha. Haa ta'u malee, amma aangoon isaa isarraa fudhatamee waan jiruuf quuqqaa aangoo kana dhabeef jarreen duraan isa jalatti hojjechaa turan ceepha'uu isaati. Kanaaf, Isin dur keenya mitii?; Gaachana baattu mitii?; Nu jala kaattu mitii?; Nu manaa dhugna mitii?; Isin alaa mugdu mitii? jechuudhaan sirna bulchiinsaa duraan ture dubbachuudhaan aarii garaa isaatii ibsateera.

### 4.3. Faayidaa Afwalaloon Namoota Bebbeekamoo Qaban

Afwalaloon damee afoolaa keeessaa tokko yoo ta'u faayidaan isaa jiruufi jireenya ilma namaa keessatti namoota cimsuurratti afoolota warreen kaan caalaa filatamaadha. Haaluma kanaan faayidaa afwalaloo keessaa muraasni duudhaa, seenaa, eenyummaa, ilaalcha, falaasama, safuu, dinagdee, amantii, siyaasa, mudannoofi muuxannoo dhala namaa baatee dhaloota irraa dhalootatti kan dabarsuudha. Dabalataanis, afwalaloon aadaa hawaasa tokkoo calaqqisiisuu keessatti gahee guddaa qaba. Kana malees, jiruufi jireenya sabni tokko irra ture kan mul'isu, fedhii, siyaasa, tokkummaa, aadaa hawwii, gadda, gammachuufi bu'aa bahii addaa addaa ilma namaa quunnaman kan ifoomsatuudha. Gama biraatiin faayidaan afwalaloo: bashannansiisuuf, gorsuuf, akeekkachiisuuf, ibsuuf, ceepha'uuf kan gargaaruudha. Kanuma irraa ka'uudhaan, faayidaalee afwalaloon namoota bebbeekamoo qaban kanneen armaan gadiiti.

#### 4.3.1. Afwalaloo Gorsuuf Yookiin Barsiisuuf Gargaaru

Dhalli namaa oolmaa isaa idilee keessatti kallattii addaa addaatiin waan inni tokko dogoggoretti gorsaafi akeekkachiisa waliif kennaa oola. Gorsaafi akeekkachiisa kanarraas dhalli nama nibarata. Baratees jireenya isaa gara qajeelummaafi gaarummaatti deebisaa adeema.  Kanaaf, afwalaloon namoota bebbeekamoo gorsaafi barumsa kennuuf oolan warreen armaan gadiiti.

Fkn.1. Yaa Birruu Beeraa Ootaa

Durattoo Gumaa mootaa

Jabannoo didee amma

Kottuu gali attam gootaa? (Maddi marii garee gaafa, 10/9/12 irraa)

Afwalaloon armaan olii kan inni mul'isu duraan Birruu Beeraa nama cimaafi lola addaa addaa irratti gootumaa argachaa kan tureedha. Haa ta'u malee, wayiita kanatti lola irratti mo'achuu waan dadhabeef akka inni lolicha dhiisee deebi'ee galeef namoonni isa wajjin jiran kottu lola kana dhiisii gali amma barri si dideera waan ta'eef jechuu isaaniiti. Kun ammoo kan inni mul'isu namni tokko sochii taasisu keessatti yeroo yaalii inni taasise sun milkaa'uufii didutti namni yookiin gareen nama sana faana jiru gorsuudhaan akka inni kallattii irra jiru sana jijjiiruuf gorsa addaa addaa ni kennuuf. Kanumaaf inni Oromoon mammaaksa isaa keessatti "Namni namaaf qoricha" jedhee mammaakuufis. Kanarratti hundaa'uudhaan ammas taanaan

dhaloonni jiru gorsa namootaa fudhachuu akka qabaniifi dogoggora jiru irraa barachaa akka deeman ni hubachiisa.

Dabalataanis, Afwalaloon gorsaafi barumsa kennu inni biraan kan armaan gadiiti.

Fkn. 2. Abbaa Nagawoo Garbii,

Yaa cooma Jiitoo Jaarsoo,

Bakakkaa Qumbaa jiru,

Qorsa Nageessoon jiru,

Biiftuu Daabbeerraan baate,

Dubbiin akka har'aa hin jiru.

Isa har'a waarii jenne,

Bor waareetti arguuf jirru,

Qooddottii ciruu dhiisii,

Achiin ba'uunuu hin jiru. (Maddi marii garee, 10/9/2012 irraa)

Afwalaloo armaan olii irraa akkuma hubatamu yeroo Leeqaa Naqamteefi Leeqaa Qumbaa wal lolaa jiranitti namichi Nagawoo Garbii jedhamu kun garee warra Leeqaa Naqamtee hoogganuudhaan warra Leeqaa Qumbaa loluudhaaf dhufe. Haa ta'u malee, namni waa'ee ciminaafi qophii loltoota warra Leeqaa Qumbaa beeku tokko akka dhaqee hin lolleef gorsaa ture.

Ta'us garuu, namichi kun gorsaa isaa dhaga'uu waan dideef lola kana irratti wareegameera. Kunis, isa mammaaksi Oromoo "Hima didduun du'a hin diddu" jedhu sana agarsiisa. Haaluma kanaan, dhaloonni ammaas yoo gorsa hangafoota isaa, kan maatii isaa, kan barsiisota isaafi kan hiriyoota isaallee kan hin dhageenye ta'e miidhamaa ta'uu isaa ni hubachiisa.

Fkn.1. Tuuchoo suubii ba'ee;

Ala waaree ga'e;

Ijoolleen lagatti;

Beerri qoraanitti jechuudhaan geeraru. (Maddi, afgaaffii, 10/9/2012 irraa)

Afwalaloon armaan olii kunis hawaasa barsiisuuf ga'ee guddaa kan qabuudha. Sababni isaa, dhaloonni wayiita afwalaloo kana dubbisuufi geeraru namoonni bebbeekamoon durii maal akka hojjechaa turan hubachuudhaan jagnummaafi gootummaa isaan irraa ni barata.

**4.3.2. Awalaloo Bashannansiisuuf oolan**

Faayidaa afoolaa keessaa inni tokko bashannansiisuuf kan ooluudha. Kanaaf, afwalaloon immoo, damee afoolaa keessaa tokko waan ta'eef dhala namaa bashannansiisuufi buhaarsuuf ga'ee guddaa qaba. Kanaaf, afwalaloon hawaasa itti fayyadamu sanaaf humna buhaarsuufi bashannansiisuu olaanaa qaba. Kanuma irratti hundaa'uudhaan akkan odeeffannoo argadhetti afwalaloon nama bashannansiisan kanneen armaan gadiiti.

Fkn.1. Fardi Tuuchoo Daannoo;

buqqee dheedhii nyaata;

Yoon geellookee yaadu
luqqeettuu na nyaataa;

Lapheetti ol na kaata. (Maddi afgaaffii 10/9/2012, Ob. Fiixee Dibaabaa irraa)

Afwalaloon olii kun kan bashannansiisuudha. Innis, namichi afwalaloo kana sirbe garee warra leeqaa Qumbaa keessaa yemmuu ta'u, kan inni sirbeef ammo dubartoota garee Warra Leeqaa Naqamtee keessaa, namicha kana jaallachuudhaaan waa'ee icciitii fardeen Tuuchaa Daannoo maal nyaatanii akkas cimanii akka lolan yommuu gaafattu inni immoo akkas jechuudhaan fardeen warra Tuuchoo Daannoo maal akka nyaatanii akkas cimanii lolan alallattiin isheef himeera. Kanaaf, afwalaloon sirbaa kun ergaa nama bashannansiisu kan mul'isuudha.

Dabalaatanis, afwalaloon nama bashannansiisuuf gargaaru inni biraan kan armaan gadiiti.

Fkn.2. Abakuun maaf iyya laataa

Sidaamatu Laaloo Balleessee

Basaquu ilkaan silga raadaa

Siin Waaqatu Jaanoo barreessee. (Maddi Afgaaffii 10/9/2012, Ob. Fiixee Dibaabaa)

Afwalaloon kunis kan nama bashannansiisuudha. Sababni isaa, Abakuun geggeessaadha. Haa ta'u malee, diinni biyya isaa weerareef banneerra jechuudhaan dafaa qophaa'aa jechuu isaati. Kanaaf, gochi namicha kanaa kan nama bashannansiisuudha. Achumaanis, Basaquu ilkaan silga raadaa siin Waaqatu jaanoo barreesse kan jedhullee yaada nama buhaarsu qaba.

### 4.3.3. Afwalaloo Miliquuf tajaajilu

Tajaajila afwalaloo keessaa inni biraan haala tokko jalaa miliquudhaaf kan fayyaduudha. Haaluma kanaan, afwalaloonmiliquuf itti dhimma ba'ame kan armaan gadiiti.

Fkn.1. Citaa ba'aa tokkon baadhaa

Duubaan qilleensatu raasaa

Ibsaa afaan tokkon gaaffaa

Duubaan dhidheessatu baasaa. (Maddi, Ob. Waltajjii Tarfaa I/A/Abba Gadaa Aanaa Jimmaa Arjoo)

Afwalaloon armaan olii kun kan bahe wayiita Ibsaa Booree namichi jedhamu Arjoon bulchaa turetti. Yeroo kanatti Ibsaa Booree bulchitoota ormaatti garaa hidhachuudhaan uummata Arjoo irratti dhiibbaafi dararama cimaa geessisaa kan tureedha. Kanaaf, uummanni Oromoo yeroo sana dararaa namicha kanaa jibbuudhaan jalaa miliquuf jecha afwalaloo kana baasaniiru. Innis, Ibsaan waan nuuf yaaduu dideef gaaffii gaafanna yoonni kanarra nutti cima ta'es gara Laga Dhidheessaatti baqanna jechaa turan. Haalli kunis, isaan mudatee jennaan osoo gara Laga Dhidheessaatti baqachuudhaan bineensaafi jawweedhaan nyaatamaa akka turan seenaan ni dubbata.

Walumaa galatti, afwalaloowwan qorannoo kana keessatti qaacceffaman hundi isaayyuu faayidaa mataa mataa isaanii kan qabaniifi barumsa hedduu kan dabarsaniidha.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaan kun haala waliigalaa qorannichaa kan ilaallatuudha. Haaluma kanaan, boqonnichi qabxiilee gurguddaa sadii hammatee kan jiruudha. Qabxiileen kunis: cuunfaa, argannoofi yaboo warreen jedhamaniidha. Isaan kunis, haala armaan gadiitiin dhiyaataniiru.

## 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun kan geggeeffame Qaaccessa Qabiyyee Afwalaloo Namoota bebbeekamoo Aanaa Jimmaa Arjoo irratti yommuu ta'u; akka walii galaatti boqonnaa shanitti qoodamuun kan dhiyaateedha. Haaluma kanaan, seenduubee qorannichaa jalatti muuxannoon jiruufi jireenya hawaasaa akka maddaafi damee beekumsaa tokkotti osoo hin fudhatamiin turuusaaf fooklooriin Oromoos dhiibbaa addaa addaa irraan kan ka'e carraa qoratamee ifa bahuufi galmaa'ee taa'uu osoo hin argatin turuunsaa ibsameera. Kanaaf, Afwalaloon gosota afoolaa keessaa tokko ta'ee taateewwan bara durii keessatti ta'aa turan addunyaa qabatamaa keessatti seeneffama sabni beekumsa hawaasaa daddarbaa ture haala qabatamaa har'aa keessatti akka tilmaaman taasisuudha. Afwalaloon himamus, waa'ee: waraanaa, baqattootaa, injifannoo gootota darbanii, moototaaafi aanga'oota olaanoo ta'uu danda'a.

Kanumaan walqabsiisee, seenduubee qorannichaa keessatti hawaasni adeemsa gareen waliin jiraatu keessatti beekumsa waliin horate gabbifachuun mudannoofi muuxannoo dhalootaaf dabarsaa akka tureedha. Dhimmoota beekumsaa kanas, gara fookilooriitti fiduun qorachuun bu'a qabeessummaan isaa akka dabalu taasisa. Haaluma kanaan, fooklooriin Oromoo gama: seenaa, duudhaa, eenyummaa, qaroomina, falaasama, ogumaafi k.k.f. ibsuu keessatti akka qabeenya uummatichaa isa guddaa ta'etti ilaalama. Ka'umsi qorannoo kanaas, afoolli Oromoo hedduun isaanii afaaniin dhalootaa dhalootatti kan daddarbaniidha malee bifa barreeffamaatiin qindaa'ee kaa'amuuf carraa bal'aa argatee waan hinjirreefiidha.

Kanaaf, afoola Oromoo bifa barreeffamaan qindaa'ee taa'uuf carraa hinargatin ture kana keessaa afwalaloo gara bifa barreeffamaatti jijjiiruun gaheen inni hawaasichaaf qabuun qabiyyee isaa xiinxaluun kaa'uuf yaadameeti. Akkasumas, aanicha keessatti hamma yoonaatti namni afwalaloo irratti qorannoo hojjete waan hinjirreefidha. Kaayyoon qorannichaas, Qabiyyee Afwalaloo Namoota Bebbeekamoo Aanaa Jimmaa Arjoo qaaccessuudha.

Kana malees, Kaayyoolee gooree, bu'aan qorannichaa, daangaan qorannichaa, hanqinni qorannichaafi haalli walii gala naannoo qorannichaa duraa duubaan kaa'amanii jiru. Haaluma kanaan, sakkatta'iinsi barruu addaa addaa kitaabilee wabiifi qorannoowwaan namoota garaa garaa yaaxxinoonni qorannoo kana wajjin walqabatan sakatta'amuun haala yaadrimee qorannichaa gabbisuu danda'aniin qorannicha keessatti wabeeffatamuun dhiyaataniiru. Kun ammoo, qorannichi adeemsa saayinsawaa ta'e akka hordofu taasisuuf gargaara. Kana malees, qaaccessa qorannoo kanaa tumsuuf yaaxxinoonniifi sakkatta'iinsi barruu walfakkii addaa addaa walduraa duuba isaanii eeguun kaa'amaniiru.

Itti fufuudhaan, mala qorannichaan walqabsiisee qorannoon kun gosa qorannoo qulqulleeffataa ta'ee, akkamtaatti dhimma bahuudhaan tooftaa ibsuutiin kan qaacceffameedha. Maddi ragaa qorannichaa qorataan fayyadames madda ragaa tokkoffaafi madda ragaa lammaffaarraa kan argame yommuu ta'u, akka madda ragaa tokkoffaatti manguddoota Oromoo Aanaa Jimmaa Arjoo kallattii addaa addaa irraa dhufanii waa'ee afwalaloo namoota bebbeekamoo aanichaa sirriitti beekaniifi hojjettoota Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Jimmaa Arjooti. Isaanis, gahee hawaasa keessatti qabaniin, beekumsa, umuriifi ogummaa gama aadaafi seenaa irratti qabaniin karaa mala iddatteessuu miti carraa kaayyeffataafi darbaa dabarsaatiin kanneen hawaasa aanichaa keessaa filatamaniidha. Kanaafis, ragaan manguddoolii, beektotaafi hojjetoota Wajjira Aadaafi Turiizimii aanichaarraa argame bifa sagalee, vidiyoofi suuraan akka waraabamee hiikamuufi ibsamu taasifameera. Meeshaan ragaalee ittiin funaannachuuf qorataan itti gargaarame, afgaaffii, marii garee xiyyeeffataati.

Dabalataanis, ragaaleen walitti qabaman kun, qabiyyeefi kaayyoo isaanii irratti hundaa'uun Afwalaloowwan Namoota Bebbeekamoo kanneen akka: Afwalaloo Daannoo Beeraafi maatii isaanii; Afwalaloo Urgeessaa Lataa; Afwalaloo Biinagdee Biinsaa Risaafi kan namoota isaan wajjin walitti hidhata qabanii qoqqoodamuun xiinxalamanii ibsi itti kennameera. Dhuma irratti ammoo, cuunfaa, argannoofi yaboo qorannichaatu gabaabinaan dhiyaatee jira.

Walumaagalatti, ka'umsa qorannichaa bu'uura godhachuudhaan qabxiiwwan boqonnaa shananuu keessatti mata-duree guddaafi xixiqqaatti qooduun qorannicha qindeessuudhaan dhiyeessuun danda'ameera.

## 5.2. Argannoo

Qorannoo kana irraa argannoowwan addaa addaa bira gaa'amaniiru. Haaluma kanaan, qorannoo kana keessatti odeeffannoo maanguddoota, hojjetoota Waajjira Aadaafi Tuuriizimii, akkasumas, beektota biraa irraa funaaname qabiyyee isaatiin qaacceffamuun hiikni itti kennameera. Qaaccessiifi hiikni ragaa argamee kun kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun yaada goolabaarra ga'ameera. Kunis, qorannoo kana keessatti akka argannoo qorannichaatti kan kaa'amu ta'eera. Kanuma bu'ureeffachuudhaan argannoowwan qorannoo kanaa warreen armaan gadiiti.

- ✓ Afwalaloon namoota bebbeekamoo Aanaa Jimmaa Arjoo keessatti argamanii kanneen seenaa addaa addaa qabanii jiraachuun hubatameera.
- ✓ Sirni dur bulchitootaafi uummata Oromoo cabsaa ture aangoon yookiin beekumsaan uummata Oromoo caalee osoo hin ta'in; akkuma mammaaksi Oromoo "Malaan bishaan waadu" jedhu sana, warri 'Nafxanyaas,' malaafi tooftaa addaa addaatti gargaaramuudhaan Oromoo abbaa garaa ta'eefi aangoo saamuu barbaadutti fayyadamanii Saba Oromoo cabsaafi bitaa akka turan barameera.
- ✓ Hawaasa durii keessatti waraanni haala lamaan geggeeffamaa akka ture; innis, waraana walii walii isaanii gidduutti geggeessaa turan yommuu ta'u; Kan biraan ammoo, waraana waliin ta'anii diina isaanii fagoorraa weerara addaa addaaf wayiita dhufu lolaniidha.
- ✓ Afwalaloon namoota bebbeekamoo kun ergaa akkam akkamii akka qaban hubatameera.
- ✓ Faayidaa afwalaloon namoota bobbeekamoo dhaloota ammaafis ta'ee warreen boodaan dhufaniif buusu hubatameera.

## 5.3. Yaboo

Fooklooriin hawaasa tokkoo: duudhaa, aadaafi falaasama uummatichaa ibsa. Fooklooriin uummatichaa dhabame jechuun ammoo: beekumsi, duudhaan, ilaalchiifi muuxannoon hawaasichaa dhabame jechuudha. Kanaafuu, fooklooriin dameelee inni qabu keessaa afoola kan seenaa sabni tokko baroota duriirraa kaasee qabu dhalootaaf dabarsaa ture; ammas dabarsaa kan jiruudha. Haaluma kanaan, Afoola keessaa Afwalaloo namoota bebbeekamoo Oromoo Aanaa Jimmaa Arjoo irratti haala qaaccessi qabiyyee geggeeffamee xiinxala ragaalee taasifameen argannoo argame irratti bu'uureffachuun yaboon qorannichaa haala itti aanuun kaa'ameera.

- Osoo mata duree kana irratti qorataa biraan godinaalee Oromiyaa keessa jiran irratti qorannoo bal'aan taasifamee afwalaloo beektota Oromoo hedduun baramuu danda'a.
- Afwalaloo namootaa ilaalchisuun: ogummaa, muuxannoofi beekumsa hawaasni waliin ijaarratee ittiin walbarsiisuufi walqajeelchuuf itti gargaaramaa ture irratti qaaccessa qorannoo geggeessuuf manguddoonni yookaan namootni odeeffannoo gaafataman eeyyamamoo ta'uun akka dirqama seenaa qaban hubatanii ragaa qulqulluufi barbaachisaa ta'e kennuufi nama biraa dhimmicha irratti isaan caalaa hubannoo kennuu danda'a jedhanii yaadanillee osoo eeranii gaarii ta'a.
- Dhaloonni qubee (ammaa) keessumaa kanneen barreessuufi dubbisuu danda'an seenaarraa baratanii; seenaa qorachuun; seenaa hojjechuuf afwalaloo namoota kanaa barreessuufi dubbisuun gumaacha hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa keessatti qooda osoo fudhatanii barbaachisaadha jedhee amana.
- Waajjirooleen dhimmi kun isaan ilaallatu qaama afwalaloo irratti hojjechuu danda'u wajjin wal ta'uudhaan qorannoo bal'aa gaggeessuuf ga'ee waliif qoodee odeeffannoo funaanuun qorannoo ga'aa ta'e geggeessuudhaan, yoo danda'ame maxxansiisuun, yoo ulfaate immoo bifa mujulaan barreeffamee bakka dubbisuuf mijatu osoo kaa'amee filatamaadha.
- Dhuma irratti qorannoo geggeeffame kana bifa muujuliitiin maxxansiisuudhaan bakka dubbisaa yoo kaa'ame dhaloonni seenaa Saba Oromoo aanichaa irratti waan muraasa hubannoo argachuu ni danda'a yaada jedhu qaba.
- Walumaagalatti, afwalaloo namoota bebbeekamoo Arjoos ta'ee kan naannoo Oromiyaa mara beeksisuufi dhalootaan ga'uuf namniifi qaamni kamiyyuu waan isarraa barbaachisu ga'eesaa osoo ba'ee gaariidha.

## WABIILEE


Abbabech Tamasgeen. (2019). *Xiinxala itti fayyadama Afoolawwan Asoosama Dheeraa Waliif Moo Walirratti.* Waraqaa Qorannoo Ulaaga Digirii Lammaffaa ittiin guuttachuuf qophaa'e: Maxxansa Yuuniversitii Jimmaa.

Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa. Yaadrimee Qorannoo Hujoo. (Concept of Applied Research)*: Finfinnee. Oromiyaa

Addunyaa Barkeessaa. (2014). *Semmoo: Bu'uura barnoota afaaniifi afoola Oromoo.* Finfinnee: Far East Trading PLC.

Alamaayyoo Hayileefi Kanneen biroo. (2006). *Seenaa oromoo hanga jaarraa 16ffaa.* Finfinnee: Komishinii Aadaafi Turizimii Oromiyaatiin kan maxxanfame.

Alamaayyoo Haayilee. (2011). *Sakatta'iinsa Oromoo*: Finfinnee: Mana Maxxansaa Mankuusaa.

Andrzejewski, B.W. (1985). *Literature in Cushitic Languages Other than Somali*: In Literature in African Language. Cambidge: CambridgeUniversity Press.

Asafaa Tafarraa. (2009). *Eela: Seenaa oguma oromoo.* Finfinnee: Far East Trading PLC.

Bascom, W. (1965). *Four Functions of Folklore: The Study of Folklore*. Burkley: printice Hall, Inc.

Ben A. (1975). *Toward a definition of folklore in context (Reading American Folklore).* South Asian Publishers: Ltd. New Dechi.

Biyyanaa Laggasaa. (2008). *Qaaccessa Yoomessaafi Qabiyyeewwan Faaruu Loonii, Ummata Oromoo Godina Baalee Aanaa Laga Hidhaa Keessatti* Waraqaa Qorannoo Ulaaga Digirii Lammaffaa ittiin guuttachuuf qophaa'e: Yuuniversiitii Finfinneetti kan hin maxxanfamne.

Boswell. R. (1962). *Continuity and Change in African Cultures*. Chicago: Chicago University Press.

Brunvand M. (1979). *Reading in American Folklore*. New York: NewYork University Press.

Bukeenya A(1994). *Understanding Oral literature*. Nirobi City University press.

Creswell, J.W. (2003). *Research dasign*. *Qualitative and mixed method approaches*: (2nd). Thousand Oaks, CA.

Dasta D. (2002). *Bu'uura qorannoo*: Yuuniversitii Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

Dastaa D. (2013). *Bu'uura Qorannoo.* Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

Dorson, Rechard M. (1972). *Folklore and Folklife*: An Introduction. Chicago andLondon: The of Chicago press.

Dundes, Alan. (1965). *The Study of Folklore*. Endle Wood Cliffs: N. J. Prentice-Hall, Inc.

Fedhasaa Taaddasaa. (2013*). Subii: Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Mana Maxxansaa Subii.

Fekade Azeze. (1991). *Yesineqal Mamriya*: Institute for International Co Operation of The Jerman Adult Education Association.

Fennegan, R. (1970). *Oral poetry: It is Nature and significance and social context.* Cambaridge: Cambaridge University press.

Fennegan, R. (1976). *Oral Literature in Africa*. Oxford: Oxford University Press. Folklore Society URL.

Fennegan, R. (1977). *Oral poetry: Composition performance and context.* Cambridge: Cambridge University press.

Filee Jaallataa. (2019). *Malleen Qorannoo (Research Methdology &Methods).* Finfinnee, Oromiyaa: ADP Press (www.adppress.com).

Fiqaaduu Birruu. (2007). "*Qacceessa Qabiyyee Mammaaksa Oromoo, Ijoolleefi Ijoollummaa*". MA Thesis Yuunvarsiitii Addis Aababaa (Kan hinmaxxanfamiin).

Getaachoo Rabbirraa. (2006). *Furtuu seerluga Afaan Oromoo*. Addis Ababaa kurraaz

international.

Gonfaa Tuggee. (2008). *Xiinxala Qabiyyeefi Bifiyyee Mammaaksota Oromoo Gorsa Eeyyantaa Namaa Kennuuf Oolan*: Haala Aanaa Qarsaa Maallimaa, Godina Shawaa Kibba Lixaa Yuunivarsiitii Finfinnee: (Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Kan hinmaxxanfamiin).

Michael Zwettler. (1978). *The Oral Tradition of Classical Arabic Poetry*: Its Character and Implications Columbus: Ohio State University Press.

Misgaanuu Gullummaa. (2011). *Dilbii Bu'uura afoola ogafaaniifi Afwalaloo Oromoo*. Finfinnee.

Nagarii Leencoo. (1993*). Wiirtuu (Jii.6): Barruulee Qormaata Waltina Afaan Oromoo.* Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisaa Oromiyaa.

Okpewho. (1999). *African Oral Literature Backgrounds, Characters, and continuity.* Bloomington and Indiana polis: Indiana University press.

Rabbirraa Tafarraa. (2009). *Gadaa*: Finfinnee. Oromiyaa.

Samuel Mamo. (1998). *Admistration of Arjo, South-Eastern Wollega,* 1882- 1936. Addis Ababa Universty (Unpublished).

Simsfi Stephen. (2005). Living Folklore. An Introduction to Study of Peopleand Their tradition. Utah state University Press.USA.

Sumner, Claude. (1996). *Oromo Wisdom Literature.* (Volume. III). Folktales Collections And Analysis. Addis Ababa: Gudina Tumsa Foundations.

Tafarii Nigussie. (2006). Development or Oromo Literature ut to 1991: MA Thesis. Addis Ababa University.

Tesfa Tesema. (2011). *The Role of Warra Bera Among Leka Horda Oromo.* Wollega Univrsity MA Thesis. (Unpublshed).

Tsega Etefa. (2012). *Integration and peace in East Africa*: A history of the Oromo nation.New York: Palgrave Macmillan.

Zawudee Asaffaafi Fireehiwot. (1999). *Barruulee Qormaata Waltina Afaan Oromoo Wiirtuu Jiildii-8*. Finfinnee: APE.

http:/www. Teaching english. org. uk/article/ cognitive theory. INC.New York.

## DABALEEWWAN

**Dabalee 'A'**

**Yuunivarsiitii Jimmaa, Koolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Hiyuumaaniitii Muummee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbaruutti Afgaaffii Maanguddootaaf Dhiyaate**

Kabajamoofi jaallatamoota manguddoota aanaa Jimmaa Arjoo iddattoo qorannoo kan taatan, hojiin koo inni ijoon 'Qabiyyee Afwalaloo namoota bebbeekamoo ta'anii qaaccessuudha. Kanaafuu, galma gahiinsa hojii kanaa keessatti ragaan isin naaf kennitan baay'ee murteessaadha. Kanaafuu, gaaffiin isin gaafadhurratti ibsa akka naaf kennitan kabajaan isin gaafadha. Hunda dura deeggarsa keessaniif guddiseen isin galateeffadha.

Maqaa__________________ Saala_____Umurii___Ganda_______Ga'ee hojii_______

**Gaaffilee Afgaaffiif Dhiyaataan**

1. Namoota bebbeekamoo Aanaa Jimmaa Arjoo eenyufaa beektu?
2. Waa'ee Afwalaloo namoota bebbeekamoo aanaa kanaa ilaalhisee maal faa beektu?
3. Namoonni bebbeekamoon aanaa kanaa jiraattoata aanichaaf bu'aa akkam akkamii buusan?
4. Namoonni bebbeekamoon Aanaa Jimmaa Arjoo hawaasicha keessatti ga'ee akkam akkamii qabu?
5. Hawaasni namoota bebbeekamoo aanaa kanatiif ilaalcha akkamii qaba?
6. Waa'ee afwalaloo Obbo Daannoo Beeraafi maatii isaanii maal beektu?
7. Namoonni beekamoon aanaa kanaa waan addatti ittiin beekaman maalfaa qabu?
8. Qanyaasmaach Biinagdee Biinsaa afwalaloo akkam akkamiin beekama?

**Dabalee 'B'**

Yuunivarsiitii Jimmaa, Koolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Hiyuumaanitiitti Muummee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbaruu

Afgaaffii Marii Garee Maanguddootaafi Hojjetoota Waajjira Aadaafi Tuuriziimiif Dhiyaate

Kabajamoo maanguddoota aanaa Jimmaa Arjoofi ogeeyyii Waajira Aadaafi Turizimii iddattoo qorannoo kanaa taatan hundaa, hojiin koo inni ijoon seenaa Oromoo Godina Wallaggaa Bahaa Aanaa Jimmaa Arjoo keessatti 'Afwalaloo namoota bebbeekamoo Aanaa Jimmaa Arjoo ta'an xiinxaluu irrattidha. Galma gahiinsa hojii kanaa keessatti ragaafi odeeffannoon isin irraa argamu baay'ee murteessaadha. Kanaafuu, gaaffiin isin gaafadhu irratti ibsa barbaachisaa ta'e akka naaf kennitan kabajaanan isin gaafadha. Haaluma kanaan, gumaacha yaadaa isin naaf taassistaniif durseen isin galateeffadha.

Maqaa_____________________Saala____Um____ Ganda________ G/Hojii________

1. Waa'ee Afwalaloo Namoota bebbeekamoo Aanaa Jimmaa Arjoo keessa turanii maalfaa beektu?
2. Waa'ee hundeeffama aanichaan wal qabatee namoota hundeessan irratti ga'ee isaan taphatan ilaalchisee afwalaloo isaanaa irratti hubannoo maalii qabdu?
3. Afwalaloo namoota bebbeekamoo Aanaa Jimmaa Arjoo keessa jiranii dhalootaa dhalootatti dabarsuuf ragaaleen jiran ni jiruu?
4. Dhaloonni sii'anaa afwalaloo namoota bebbeekamoo irraa maal barachuu dandaa'a?
5. Gocha yookiin hojii addaa namoonni bebbeekamoon Aanaa Jimaa Arjoo hawaasa keessatti gama siyaasaan, bulchiinsaan, akkasumas kan biraan beekaman ni jiruu?

**Dabalee ‘C’**

Yuunivarsiitii Jimmaa, Koolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Hiyuumaanitiitti Muummee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbaruu

Gabatee seenaa namoota gaaffilee Afgaaffii Irratti Odeeffannoo kennanii

| **T/L** | **Maqaa** | **Sa** | **Um** | **G/hojii** | **Ganda** | **gaaffii** |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | B/saa.Addunyaa Irranaa | Dhi | 76 | Sooroma ba’an | 01 | 8/8/12 |
| 2 | Ob.Tashoomee Geexee | Dhi | 74 | Ogeess F/horii | 01 | 10/8/12 |
| 3 | Ob. Asaffaa Wiirtuu | Dhi | 60 | Hojjetaa | 01 | 15/8/12 |
| 4 | Ob. Fiixee Dibaabaa | Dhi | 110 | Qo/ Bulaa | J/Garbii | 10/9/12 |
| 5 | Ob. Mootii Nuurfataa | Dhi | 80 | Qo/ Bulaa | H/ Qumbaa | 10/9/12 |
| 6 | Ob. Daadhii Bashaa | Dhi | 88 | Qo/ Bulaa | J/Malkoo | 10/9/12 |
| 8 | Yuba Gadaa Ifaa | Dhi | 76 | Yuba, Qo/b | J/Giroos | 11/10/12 |
| 9 | Ob.Waltajjii Tarfaasaa | Dhi | 60 | I/A/Ab/Gadaa | Haraa Kiikkuu | 11/10/12 |
| 10 | Aadde Tasii Fayisaa | Dub | 90 | Jiraattuu | Hu/ Gud. | 12/11/12 |
| 11 | Aschaalew Taaddasee | Dhi | 30 | O/Fayyaa | 01 | 11/11/12 |
| 12 | Aadde Tsehay Tolaa | Dub | 65 | Sooruma | 02 | 12/12/12 |

**Dabalee 'D'**

Yuunivarsiitii Jimmaa, Koolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Hiyuumaanititti Muummee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbaruu

Gabatee seenaa Odeefkennitoota Marii Garee Xiyyeeffataa irratti hirmaatanii

| T/ L | Maqaa | Saa | Um | G/Hojii | Ganda |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Yuba Gadaa Ifaa | Dhi | 66 | Yuba Q/Bu | J/Giroos |
| 2 | Ob. Waltajjii Tarfaasaa | Dhi | 60 | I/A/Abba Gadaa | H/Kiikku u |
| 3 | B/saa Bulii Lammeessaa | Dhi | 58 | Ho/Aadaa f Tuuri | 02 |
| 4 | Ob. Fiixee Dibaabaa | Dhi | 110 | Qo/ Bulaa | J/ Garbii |
| 5 | Ob. Mootii Nuurfataa | Dhi | 80 | Qo/ Bulaa | H/Qumba a |
| 6 | Ob. Daadhii Bashaa | Dhi | 88 | Qo/ Bulaa | J/ Malkoo |
| 7 | Ob. Baashaa Maariqoos | Dhi | 55 | Abbaa Gadaa | Hundee Guddinaa |

**Dabalee ‘E’**



Fakkii 4. Suuraa Obbo Fiixee Dibaabaa jaarsa umurii 110fi B/saa Adunyaa Irranaafi Obbo Daadhii Bashaa fi Obbo Mootii Nuurfataa wajjin yeroo qorataan gaaffiifi deebii Afgaaffiifi Marii garee geggeessuun waa’ee Sanyii Warra Beeraa irratti odeeffannoo sassaabbateedha.

**Dabalee ‘F’**





Suuraa yeroo qorataan marii garee Abbootii Gadaafi haadholii irraa dhimma hundeeffama Aanaa Jimmaa Arjoo irratti odeeffannoo fudhachaa jiru.